مؤسسة دار الفكر
Dar Al-Fiker Foudation
فنفني- إثيوبيا

# مقاصد الشريعة دليل للمبتدئ

## جاسر عودة

# Qajeelcha Kaayyolee Shri'aa Jalqabaatiif

**Qopheessaan:**

*Jaasir Owdaa*

**Hiikaan:**

*Faawundeeshiinii Daar Al Fikri*

Finfinnee – Itiyoophiyaa 2017 G.C

# مقاصد الشريعة دليل للمبتدئ
# جاسر عودة

# Qajeelcha Kaayyolee Shri'aa Jalqabaatiif

Qopheessaan:
Jaasir Owdaa

**Hiikaan:**

Faawundeeshiinii Daar Al Fikri

*Mirgi maxxansaa Faawundeeshiinii Daar-Al Fikiriitiif Seeraan Eeggamaadha*

**Finfinnee – Itiyoophiyaa 2017 G.C**

**DF-E-TrBs -17/19**

Mirgi maxxansuu fi Raabsuu hundi dhaabbata Islaama addunyaatiif kan laatameedha.kitaaba kana irra deebi’anii baasuun, ykn bakka biraatti garagalchuun, karaa elektiroonksiitiin ta’ee karaa makaanikitiin, akkasumas kooppii godhuu fi waraabuun hin eeyyamamu, haga hayyama harkaan barraaye warra raabsu irraa fidatanitti.
Dhaabbata Ilaalcha Islaama Addunyaa
Handhuura - Ameerikaa
The International Institute of Islamic Thorought
P.O. Box: 669, Herndon, VA 20172. USA
Tel:(1-703)4711133/ Fax:(1-703)4713922
WWW.iiit.org/iiit@iiit.org
Biiroon biyyoota Arabaatiif
Beeyruut – Lubnaan
Bilbila: 009611707361- faaksii: 009611311183
WWW.eiiit.org/info@eiiit. Org

Kitaabonni fi qorannooleen dhaabbanni kun maxxansu, yaada dhaabbatichaa otuu hin taane, yaada qopheessaa yookiin barreessee

**Baafata**


**S**eensa ……………………………………………………..5
Kitaaba Kanaa fi Hiikkaa Isaa IrrattiSeensa Abbaan Kitaabichaa Qopheesse…………………………………….....7
**Boqonnaa Tokkoffaa……………………………………...9**
**Kaayyoowwan Shari'aa Jechuun Maal Jechuudha?**..........9
SadarkaaleeGaaffiiMaaliif? jedhuu……………..…………....9
Yaad-RimeeKaayyoowwaniifi Bu'aawwanii………………...13
Ergaa Kaayyolee Shari'aa Gadi Fageenyaan Ilaaluu………...15
Kaayyoowwan Shari'aa Carraaqqii Sahaabonni Godhan Keessatti……………………………………………………...30
Seenaa Ilaalchota Kaayyoowwanii…………………………...38
**Boqonnaa Lammaffaa…………………………………....46**
**Imaammota Dhimma Kaayyoowwaniitiin Jaarraa 5ffaa-8ffaatti Gumaacha Godhan…………………...46**
Imaam Al-Juweeynii fi Bu'aa Walii Galaa…………………..46
Imaam Al-Gazaalii fi Duraa Duuba Wantoota Dirqamaan Nama Barbaachisanii…………………………………...48
Izzaddiin Bin Abdussalaami fi ErgaaMurtiiwwan Duubaan Jiranii…………………………………………………….....50
Imaam Al-Qarraafi fi Gosoota Hojii Ergamaa Rabbii*(S.A.W)*……………………………………………..…51
Imaam Ibn Al-Qayyimii fi Dhugummaa Seera Islaamaa……..53
Imaam Al-Shaaxibii fiKaayyolee Shari'aa Akka Bu'uuraalee Shari'aatti Ilaaluu…………………………………………..55
**Boqonnaa Sadaffaa………………………………………..58**
**Ga'ee Kaayyoowwan Shari'aa Haaroomsa Islaamummaa Ammayyeessuu Keessatti Qabdu………..58**

Kaayyolee Shari’aa akka Porojektii Misoomaa fi
Mirga Namaatti…………………………………………….59
Bu’uura Kaayyolee Carraaqqii Haaraya Fiduu……..………...71
Tooftaalee fi Galma Gayuu Barbaadan Addaan Baasuu……...87
Kayyolee fi Hiikkaa Qur’aanaa………………….................95
Kayyolee Sunnaa ErgamaaRabbii *(S.A.W)* Qayyabachuu…….99
Sababa Wayii Dhabamsiisuu fi Sababa Wayiitiif Karaa
Banuu…………………………………………………...108
Kaayyoo Addunyaawaa Jedhu Mirkaneessuu……………….116
KaayyoowwanKaraalee *(Mazhaabota)* Amantii Islaamaatiif
Giddu-Gala…………..…………………………….....…120
Amantiiwwan Jiddutti Marii Gaggeessuuf Kaayyoowwan
Bu’uura………….………………………………………..123
Kaayyolee Shari’aa Hojiin Mirkaneessuu…………………...127
Guduunfaa……………………………………………....138

**Seensa**

Dhaabbanni xiinxallaa Islaama Addunyaa yeroo hiikkaa kaayyolee Shari'aa irratti qajeelcha kana isinii dhiyeessu gammachuttu itti dhagayama.Kaayyoowwan kunis, seera Islaamummaa keessatti xiyyoolee ijoo fi bu'uuraati. Qopheessaan kitaabichaa *Doktoor Jaasir Awudaa* jedhama. Dameelee barnootaa hedduu keessatti,nama beekaa ta'ee fi dhimma kaayyolee shari'aa irratti kallattiidhaan kan irratti barateedha.

Mata dureewwan kaayyolee Shari'aatiin wal-qabatee, kitaabban afaan Ingiliffaatiin qophaayan hedduu muraasa waan ta'aniif, dhaabbatichi iddoo duwwaa kana cufuuf kaayyeffatee, kitaabota gara garaa kan mata duree kaayyolee shari'aatiin wal-qabatan irratti humna barbaachisu ramaduun kitaabota akkasii san hiikee raabsuudhaaf murteessee ture.

Sababni dhaabbatichi murtii kana fudhateefis, mata-duree wal-xaxaa ta'e kana dubbistoota afaan Ingiliiziitii dhiyeessuufi.Dhaabbatichi hanga ammaatti kitaabota hedduu qopheessee gara afaan Ingiliffaatti hiikee jira. Kitaabota kanneen keessaa muraasni:

1- Kitaaba*Maqaasid Al-Sharii'a Al-Islaamiyyaa* jedhu, kan*Sheek Muhammad Al-Xaahir Ibnu Aashuur* qopheesse gara afaan Ingiliffaatti hiikee raabsee jira.
2- Kitaaba*Nazariyyat Al-Maqaasid Inda Al-Imaam Ashaaxibiyy* jedhamu kan*Doktoor Ajmad Arreeysuuniin* qopheesses raabsee jira.

3- Kitaaba *Nahwa Taf'iil Al-Maqaasid Al-Sharii'aa* jedhamu, kan Doktoor Jamaaluddiin Axiyyaan qopheesse, dhaabbatichi hiikee raabsee jira,
4- Kitaaba*Maqaasid Al-Sharii'aa –Falsafatun Littashrii Al-Islaamii* jedhamu kan Doktoor Jaasir Awudaan qopheesse raabsee jira. Kitaabchi kunis yeroo ammaa gara Afaan Arabiffaatti hiikkamaa jira.

Sababa mata dureen kunbay'ee xaxamaa fi sammuu namaa irratti cimuun isaa ni mala jedhuuf jecha, kitaabban mata duree kana irratti qophaayan hedduun isaanii beektotaa fi namoota baratan irratti kan fuulleffataniidha.

Biiroon dhaabbata Islaamaa, dameen Landan kitaabota armaan olitti tarreessine moggatti, mata durewwan kaayyolee shari'aa kanaan kan wal-qabtan kitaabota nama qajeelchan kan hedduu sasalphaa ta'anis ni maxxansa. Kitaabota armaan oliitti dabalee tarree kitaabban dhaabbatichi hiikuutti kan dabalaman: Kaayyolee Shari'aa irratti qajeelchaa salphaa ta'e isa jedhu, kan Doktoor Muhammad Haashimii Kamaaliin hiike, kitaaba akka *ilaalcha kaayyolee Shari'aatti mul'ata amantiin Islaamaa misoomaaf qabu* jedhu, qopheessaan kitaabichaa, *Doktoor Muhammad Umar Tashaabiraa* jedhama. Kitaabni kunis gara afaan Arabaatti waan hiikkamee jiruuf yoo Rabbi fedhe yeroo gabaabduu booda akka raabsamu abdii qabna.

***Anas Asheek Alii***

***Dhaabbata Xiinxalla Islaama Addunyaatti, Gorsaa Barnootaa Damee Landan***

***Waxabajjii 2010 A.L.A, Rajab 1431H***

## Kitaaba kanaa fi Hiikkaa Isaa Ilaalchisee Seensa Abbaan Kitaabichaa Qopheesse

Dhaabbanni Xiinxalla Islaama Addumyaa, mata dureewwan kaayyolee shari'aatiin walqabatanitti sirritti yaadda'uun isaa waan yeroo dheeraa duraati.Kunis jaarraa dabre keessaa waggaa saddeettammaffaa keessa akkuma dhaabatichi hundeeffameen kan eegale yoo ta'u, raabsaalee isaa kan gara garaa irraa ifaan ifatti hubachuun ni danda'ama.

Waggoota shanan dabran kana keessa, dhaabbatichi barnoota kaayyolee shari'aa kan afaan Ingiliffaatiin barreessee raabsuu irratti fuulleffatee ture. Kanumaan walqabatee kora marii, siminaarota fi leenjiilee gara garaa biyyoota hedduu keessatti qopheessee, maxxansaalee hedduus raabsee jira.Maxxansaalee isaa kana keessaa: kitaabota afaan Arabiffaatiin qophaayan kan mata duree kanaan walitti hidhata qaban hedduu gara afaan Ingiliffaatti hiikuu fi qorannoowwan afaan Ingiliffaatiin qophaayan fa'a raabsaa ture.

Afaan Ingiliffaatiin qorannoo mata dureen isaa *Kaayyolee Shari'aa Islaamaa- Falaasama seera Islaamummaa: mul'ata roga-qabeessa* jedhu qopheessee dhaabbatichi haa galatoomuu naaf maxxansee raabsee jira. Garuu guddinni kitaabicha saniitii fi sadarkaan afaan inni ittiin qophaa'e, akka dubbistoonni afaanIngiliffaa heddumminaan itti hin fayyadamne godhee ture.San irraa ka'uudhaan, obboleessi kiyya kabajamaan *Doktor Anas Asheek* kan jedhamu, waajjira dhaabbaticha kanaa kan damee Landanitti gorsaa barnootaa kan ture, afaan Ingiliffaatiin kitaaba salphaa takka kan akka qajeelchaatti itti fayyadamamu akka qopheessu na gaafate.

Anis kanuma sammutti qabadhee, kitaaba salphaa Muslimoonni barnoota amantiis sirritti hin beeyne qayyabachuu danda'an, kan namni Muslima hin ta'inis dhimma kaayyolee shari'aa fi dhimma falaasama seera Islaamummaa kana yoo dubbisuu barbaadanakka waan kajeelan san irraa argatanii deemuu danda'anitti qopheesse.

Booda hiikkaa kitaaba sanii kan gara afaan keenya bareedduu kanatti hiikkame yeroo arge, baay'ee itti gammade. Innis kitaaba amma dubbisaa jirru kana, kan hiikes *Doktor Abdullaxiif Kayyaaxi*jedhama. Rabbiin mindaa isaa haa kaffaluufi.Hiikkaa kanas bareechee hiikee, jechoota arabiffaa sasalphaa ta'anitti fayyadamee, keeyyatoota Qur'aanaa fi Hadiisaa, akkasumas jechoota seeraa, falaasamaa fi jechoota shari'aas yeroo hiiku hiikkaa sirrii ta'een bakka buusee jira. Hiikkaan isaa kuni, namoota afaan kana irratti leenjii barnoota muummee isaa hin seeninis hin dadhabsiisu. Barattoota barnoota shari'aa kan mata duree kanatti dhimmamaniif immookitaaba*Fiqh Al-Maqaasid: Nuux Al-Ahkaam Ashar'iyya bimaqaasidihaa* jedhamu akka dubbisan isaan affeera. Kitaabichi kunis kan raabsame, dhaabatichuma kanaani (maxxansa sadaffaa,2008).Akkasumas kitaabotaa fi qorannoolee afaan Arabaatiin namoonni biraa qopheessanii maxxansan akka dubbisan isaaniif dhaama.

Akka Rabbiin namoota dhaabbata gaarii kana tajaajilaniif, mindaa isaanii kaffalu isa kadha.Akkasumas akka Rabbi barnoota dhimma kaayyolee Shari'aa kana ummata biratti afuura itti godhee, diriirsee akka baratan godhun isa kadha.

***Jaasir Awudaa***

***Doohaa, Waxabajjii, 2010A.L.A***

***Rajab, 1431H***

# BOQONNAA TOKKOFFAA
## Kaayyolee jechuun Maali?
## Sadarkaa Gaaffii ‘Maali?’ jedhuu

Yeroo hedduu, ijoolleen daa’imman gaaffii falaasamaa, kan itti yaadaniiti moo osoo itti hin yaadin tasuma mataa keessa yaanaan laata nama jechisiisu gaafatanii nama joorsu. Garuu wanni bareenni gaaffiiwwan daa’immanii kana keessa jiru, yeroo hedduu dhugaa kanaan dura jiru irraa ka’aniitii miti, dhugaa nama biraa irraa baratanis miti, akka jecha manguddootaa yeroo waa jedhan ‘Kuni haaluma uumaa wantootaati’ kan jedhan irraayis ka’aniitii miti.Yeroo hedduu waa’ee kaayyolee Shari’aa irratti barsiisa si’a eegalu; seenaa micayyoo dubraa xinnoo abbaa isii gaaffii gaafattuutiin eegala. Seenaan kunis: “Abbaa koo! Maaliif yeroo hunda bakka mallattoo tiraafikaa diimaa bira yoo geenyu dhaabanna?” jettee abbaa gaafatte, Abbaanis: “Halluun diimaan waan ifeefi, halluun diimaan ife jechuun dhaabbadhu jechuudha” jedhee deebiseef. Daa’imnis itti deebitee“Garuu maaliifi?” jettee gaafatte.Abbaanis “Akka Tiraafikichi na hin adabneefan dhaabbadha” jedheen.Daa’imnis “Warri Tiraafikaa maaliif adabbii namatti muran?” jetteen, Abbaanis “Bareeda, wanni nama adabaniif, halluu diimaa bira kutuun miidhaa waan qaqqabsiisuufi” jedheen.

Daa’imnis gaaffii isii ittuma fufuun “Garuu maaliifi?” jetteen.Yeroo kana Abbaan micayyoo tanaa deebii baratamaa ta’e deebiseefi akkana jedheen “Kuni haaluma uumaa wantootaati” jedhuun deebiseef.Micayyoo isaa tana gar-malee waan jaalatuuf, gaaffiwwan isiin dhiyeessitu hundaa obsaan

irraa fudhachuuf qophii waan tureef “Namoota biraa miidhuun sirrii waan hin ta’iniifi, ati nama midhuu ni jaalattaa?’ jedheenii gaafannaan, “Hin jaaladhu” jettee deebisteef.Abbaanis “Ilmi namaa hunduu akkanuma, akka miidhaan isaan irra gayu hin barbaadan” jedheen.

Ergamaan Rabbii (nagayaa fi tolli Rabbii isaan irratti haa jiraatu) Hadiisa keessatti “waan ofii jaalattu namaan jaaladhu” jedhan jedhee itti himnaan, micayyoonis gaaffii isii ittuma fufuun “maaliif waan ofii jaalannu namaaf jaalanna?” jetteen.Abbaanis xinnoo itti yaadee “Ilmi namaa hundinuu walqixa waan ta’aniifi, yoo maaliif?jettee gaaffii kee ka itti fuftu ta’e, Rabiin walqixxeessaadha, kanumaaf ilma namaa hundas walqixxeessee uume, namni hunduu mirgoota walqixa ta’an qabu.Rabbiin uumaa hawaa kana hunda bifa haqqummaa fi walqixxummaa irratti bu’uureffateen uume” jedhee deebiseef. Gaaffiin maaliif?jedhu, gaaffii kaayyoowwanmaali?jedhuun wal-gita.Qorannoowwan keessattis, gaaffiiwwan sadarka maaliif?jedhuunis wal-gita. Akka beektota Muslimaatti, jechi akkanaa kun jecha falaasamaati. Matammaan isiituu qorannoo sadarkaa kaayyolee shari’aati.

Yeroo qorannoo keenyaa fi hubannaa kaayyolee keessatti sadarkaa gaaffiiwwanmaaliif?jedhu keessa dabarru, inni kun dhimmoota sasalphaa ta’an gadi bu’iinsaan ilaaluu (akka mallattoolee bebeekkamoo, fakkeenyaaf: halluu tiraafikaa diimaa yoo argan dhaabbachuu fa’a,) irraa gara sadarkaa seeraa fi dambii wanta sanii hubachutti nu geessa. Sadarkaan seera dhimma sanii beekuus, gara faaydaa fi bu’aa walii galaatti nu geessa.Fakkeenyaaf: nageenya namoota biraatiif yaaduutti nu

geessa. Dhuma irratti immoo sadarkaa faaydaa fi bu'aawwan waliinii irraa gara sadarkaa seerota bu'uuraa gurguddoo fi sona dhimma sanii bocutti nu geessa. Fakkeenyaaf: bu'uura walqixxummaa, gara- laafinaa fi ibsa Rabbii fa'atti nu geessa.

Kanaafuu, kaayyolee Shari'aa jechuun: damee barnoota Islaamummaa ta'ee kangaaffiiwwan ciccimoo 'Maaliif?' jedhuuf deebii quubsaa ta'e kennuudha. Nutis gaaffiiwwan kanneen keessaa muraasa akka armaan gadiitti tarreessina:

- Zakaa baasuun maaliif utubaalee Islaamaa keessaa tokko ta'e?
- Ollaa ofiitti tola ooluun maaliif dirqama Isalaamummaa irraa ta'e?
- Maaliif nagaya walgaafannaan Muslimtootaa jecha' Assalaam
  jedhuta'e?
- Maliif Muslimoonni guyyatti yeroo shan salataan?
- Maaliif baatii Ramadaanaa soomuun utubaa Islaamaa keessaa tokko ta'e?
- Maaliif Muslimoonni yeroo hundaa Rabbiin faarfatan?
- Maaliif hanga muraasas ta'ee guddisaniis dhuguun amantii Islaamaa keessatti cubbuu guddaa ta'e?
- Shari'aaIslaamaa keessatti nama nama ajjeese yookiin kan eega fuudhee booda sagaagalummaa raawwateajjeesuun maaliif dirqama ta'e?

Kanaafuu, kaayyoon (ergaan) Shari'aa tun, faayidaan murtiiwwan Rabbi Murteesse tokko boodaan jiran maal akka ta'an nuuf ibsiti. Fakkeenyaaf: Zakaa baasuun, ollaa ofiitti tola ooluu fi jecha 'nagaya- Assalaam' jedhuun nagaya

walgaafachuun karaa kan godhameef, hariiroo hawaasummaa cimsuufi.

Ammas Rabbiin wantoota hedduu karaa/dirqama godhe keesaa tokko: dirqama Salaata shanan salatuu, qabeenya ofii irraa zakaa rakkataaf laachuu fi baatii Ramadaanaa soomuudha.Faaydaan ykn bu'aan Rabbiin wantoota kana dirqama godheefis akka namni Sodaa isaa qabaatuufi.

Kaayyoowwan Shari'aa safuudhan Rabbiin nama uumee fi qayyabannaa uumama Rabbii kan seerri amantii Islaamaa irratti bu'uureffameedha.kanneen keessaa bu'uura wal-qixxummaa, kabaja ilma namaa, fedhii bilisaa, namummaa, of gadi qabiinsa, ilma namaatiif waa laaffisu fi wal gargaariinsa hawaasummaa fa'a. Qayyabannoo fi kaayyoowwan akkanaa kun, riqicha jidduu seera Islaamummaa fi qayyabannoo yeroo ammaa hawaasa keessa faffaca'anii jiranii kan akka: mirga namummaa, misooma fi walqixxummaa hawaasaa fa'a walitti hidha.

Kaayyoowwan kunis gaaffiiwwan muraasa armaan gadiitiif deebii kennuu danda'u. Isaanis:

- ✓ Tooftaan irra caalaanQur'aanaafi sunnaa baratanii, hiikkaa isaa haala dhugaa yeroo ammaa addunyaa keessa jiruun walqabsiisanii ittiin hiikan maali?
- ✓ Qayyabannaan amantiinIslaamaabilisummaa fi haqqummaaf qabu maali?
- ✓ Qayyabannoo ammayyaa irratti qabxiiwwan walitti dhufeenya jidduumirga namummaa fi seeraIslaamaa jiran maali?

- ✓ Seerri Islaamaa bifa kamiin misooma, amala gaarii fi walqixxummaa hawaasummaa mirkaneessuu keessatti gumaacha godhuu danda'a?

Kanatti aansinee jechoota/himoota muraasa fi barnoota waa'ee kaayyolee shari'aa kana gadi buunee bal'inaan ilaalla.

### Yaad-Rimee Kaayyoowwanii fi Bu'aawwanii

Jechi kaayyoowwan *(maqaasida)* jedhu heddumminna (plural form of 'kaayyoo") jecha kaayyoo *(maqsada)* jedhuuti.Innis kaayyoo, ergaa, barbaadama fi galma gayamuu qabanitti akeeka.Akka afaan Ingiliffaatti, jecha End (dhuma) (1) jedhutti akeeka, *atteyloosatteyloo sakka* afaan Yoonaaniitti, *alfiinaaliitiyyaa* akka afaan Farnsiffaatti, *zifeek*akka afaan Jarmanootaatti. (2) Sharii'aa Islaamaa keessatti ammo maqaasidajechuun kaayyoo, ergaa yookiin wanta murtiiwwan shari'aa Islaamaa irraa barbaadamujechuudha (.3) .

Hayyoonni Islaamaa (fuqahaa'onni) gariin, jechi (jechan) kaayyolee jedhu, jecha faaydaa jedhuun wal-gita jedhu. Hayyuun *Abdul malik*Aljuweeyniin jedhamu, kan bara

---

1- Muhammad Axxaahir Ibni Aashuur , Ibni Aashuur maqaasid asharii'a Al -Islaamiyyaa , kan hike: Muhammad Axxaahir Al-miisaawii (Landan , Ameerikaa, alma'ahad al'aalamii lilifikr al-Islaamii (2006), lakk.2

2 - Roodelf Foon Yariing, seerri tooftaa kaayottiin gayan (Der Zweck im Recht), kan hike: LIizaak Huuseek, maxxansaa lammaffaa (niyoojersii : zaa loobook iiykstasheenj) maxxansaa duraa kan waggaa 1913 boosxan bool kombaanii) 2001, lakk.35

3 - Ibni Aashuur, maqaasida Sharii'aa Al-Islaamiyyaa, gulaalaan, Axxaahir Almiisaawii (kawaalaa laamboor: Al-fajr, 1999 lakk.183.

478H/1185A.L.Atti du’e, hayyoota dhimma guddina kaayyolee keessatti gumaacha godhan kessaa isa tokko kan ture, jecha kaayyolee (*maqaasida*) jedhu, jecha faaydaawwan (*masaaliha*) jedhu akka jechoota hiika tokko qabaniitti itti fayyadamaa ture[(4)]. Isa boodaAbu Haamid*Al-Gazaaliitu* dhufe.Innis bara505H/ 1111A.L.Atti du’e, qoqqoodama kaayyolee irratti gochuma Aljuweeyniin raggaasisuun faayidaa gadi dhiifamtuu (*mursalaa)* jedhu jala galche [(5).]Isattis aanee *Fakruddiin Al-Raazitu* dhufe, kan bara606H/1209A.L.A tti du’e, isa boodaAamudiitu dhufe, innisbara 631H/1234 A.L.A tti du’e. Isaan lameenuu jechootafayyadaman keessatti isa Al-Gazaalii san hordofaa turan[(6)].

Isaan kanaan booda beekaan *Najmuddiin Al-Xuufiyyi*jedhamu, kan bara1316 A.L.A/716Htti du’etu dhufe. Innis jecha faaydaa jedhu sababa waan seera tumatti (Rabbii fi ergamaa isaatti) nama geessuuti jedhee hiike [(7)].Hayyuun *Al-Qarraafiyyi*jedhamu, kan bara 1285H/1868A.L.Atti du’e, seera akkana jedhu lafa kaaye: “Seerri kamiyyuu yoo ergaan isaa sirrii

---

[4] - Abdul malik Aljuweeynii, Giyaas al-umam fii tayyaas al-zulaam, gulaalaan: Abdulaziim Adiib (Kuwaatar: Ministeera dhimma amantii, 1400H, lakk.253.

[5] - Abuu Haamid Al-Gazaalii, Al-Mustasfaa fii ilmil Al-usuul, gulaalaan: Muhammad Abdussalaam Abdushaafi’ii, maxxansa duraa (Beeyruut: daar al-kutubu al-ilmiyyaa, 1413H), kutaa duraa, lakk. 172.

[6] - Abuu Bakr Al-Maalikii Ibn Al-Arabii , Al-Mahsuul fi Usuu Al-fiqhi, gulaalaan: huseen alii albadrii wa sa’iid foodaa , maxxansa duraa( ummaan “ daaral bayaariq 1999) kutaa shanafaa lakk 222, aamidiyyi , alii abul hasan 1404h lakk 286

[7] - Najmaddiin Axxuufii , atta’ayiin fii sharhi al-arba’iin ( Beeyruut:: daaru arrayyaan (1419h) lakk. 239

hin ta'in, faaydaatti kan nama geessu yoo hin taane, yookii badii nama irraa kan deebisu yoo hin taane, gonkumaa kaayyoo Shari'aati jedhamee hin fudhatamu" [8]. Kana jechuun kaayyoowwan kamiyyuu akkuma armaan olitti jenne wanta nama irraa barbaadamu, wanta itti gayamuuf hamilamu, kaayyoo yookiin galma gayamuuf of duratti ilaalamu kan faaydaa ilma namaatiif jecha seera Islaamaa keessatti karaa godhame jechuudha.Kuni bu'uura waan sammuun itti amantuu kan ilaalcha kaayyolee shari'aatiin walqabate namaaf ibsa.

**Ergaa Kaayyolee Shari'aa Gadi Fageenyaan Ilaaluu**

Kaayyoowwan seera Islaamummaa bocaa fi qoqqoodama hedduu keessa dabarte, sadarkaan qoqqoodamni Kun keessa dabres:

1- Sadarkaa Dirqamoota namaaf barbaachisanii, kuni gosa qoqqooddaa aadaa keessa tokko;
2- Sadarkaalee murtii shari'aa kaneen ergaa isaa fiixa baasuu irratti xiyyeeffatan;
3- Gosoota namootaa kan kaayyoowwan kun isaan of keessatti hammatu fi;
4- Sadarkaa waa of keessatti hammachuu danda'uu.

Kaayyolee irratti gosoonni qoqqoodama aadaa sadarkaalee dirqamootaa saditti qoodamu.Isaanis:

1- Wantoota dirqamaan Nama barbaachisan.
2- Wantoota jireenya namaatiif guuttamuu qaban.
3- Wantoota jireenya namaa bareechuuf barbaachisan.

---

[8] - Shihaab Al-Diin Al-Qarraafiyy, Azzakhiiraa (Beeyruut:: daar Al-Arab, 1994) Kutaa shanaffaa lakk. 478

Beektonni Islaamaa wantoota dirqamaan namaaf guuttamuu qaban kana bakka shanitti qoodan; isanis: Amantii Islaamaa *(Diinii)* tiiksuu, lubbuu tiksuu, qabeenya tiksuu, sammuu tiksuu fi sanyii/hortee namaa tiksuu [(9)]. Hayyoonni Islaamaa gariin qoodashanan kana irratti qooda biraa Kan gurra namaa tiksuu (maqaa namaa xureessuu dhabuu) jedhu irratti dabalan [(10)]. Dirqamoonnishaman (yookii jahan) armaan olitti tarreessine kun dirqamoota jireenya yookiin du'a ilma namaatiif guutamuu qabaniidha.

Yoo sammuun namaa balaa wa'iitiif saaxilamte, jireenyi namaas akkasuma balaaf saaxilama.Kana irraa ka'eeti amantiin Islaamaa wantoota sammuu namaa hadoochan hunda fudhachuu irraa wanni inni cimsee dhoowweef.Akkasumas yoo lubbuun namaa tun dhibee adda addaa irraa hin eegamin, yoo qilleensi isaanii faalama irraa hin eegamne jireenyi namaa balaaf saaxilama. Kanuma irraa kaanee, maaliif ergamaan Rabbii *(nagayaafi rahmanni Rabbii isaan irratti haa jiraatu)* akka nama miidhuu haraama godhan qayyabachuu dandeenna, bira dabree ilma namaatii miti bineensotayyuu miidhuu irraa nu dhoorganii jiru.
Akkasumas yeroo gaaga'amni diinagdee argamu, jireenyi namaa balaa adda addaatiif saaxilama. Kanaafuu amantiin Islaamaa

---

9 - Al-Gazaalii, Al-Mustasfaa, alkutaal awwal , lakk 172, wa Ibnu Al-Arabii, Almahasuul fii usuul Al-fiqh alkutaal khaamis lakk.222, Al-Aamudii , al ihkaam, alkutaa arraabi'I, lakk, 287.

10 - Al-Gazaalii, Al-Mustasfaa, alkutaal awwal, lakk 172, fi Ibraahim Al-Garnaaxii Ashaaxibii, Al-Muwaafaqaat fii usuuli asharii'a, gulaalaan: Abdallaa Darraaz, (Beeyruut:: daar Al- ma'aarif, Bara maxxansaatiin ala) Kutaa sadaffaa, lakk 47.

dhala fudhachuu, olkaayachuu[11], malaammaltummaa fi nama gowwoomsuu irraa nama dhoorge.Kanaafuuamantiin Islaamaa hortee/sanyii ilma namaa eeguudhaaf bakka guddaa wanni inni kenneef akka hanga danda'ameen daa'immanii fi maatii keenyatti dhimmamuu fi barsiisuu irratti xiyyeeffannuufi.

Dhuma irratti diinii (amantii) tiksuun dhimma bu'uura ilma namaati, keessattuu jiruu isaanii Kan aakiraatiif bu'uura jalqabaati. Wanti kana jenneef, amantiin Islaamaa jiruu tana akka imalaatti ilaala. Imala kana keessaa hangi baay'ee xinnaa ta'e as ganda duniyaa kanatti deemama yoo ta'ukan hafe immoo ganda aakiraatti.Akkasumas ulamoota (beektota amantii) biratti bu'uuraalee dubbanne kana hunda tiksuun amantiiwwan samii irraa bu'an hundaafuu bu'uura [12].Bu'uura amantii Islaamaa qofaa miti jechuu keenya.

Wantoota jireenya namaatiif guuttamuu qaban Kan jennuun sadarkaan barbaachisummaan isaa qabxii isa jalqabaa irraa gadi. Fakkeenyi isaas gaa'ila raawwachuu, daldaladaa fi maloota geejjibaa fa'a. Amantiin Islaamaa fedhiiwwan barbaachisoo kanneen guutachuu ni deeggara, dhimmoota isiin walqabataa ta'es ni soneessa. Garuu faaydaawwankana argachuu dhabuun dhimma sadarkaa du'aa yookiin jiruu ta'ee hin ilaalamu, keessattuu sadarkaa nam dhuunfaatti. Fakkeenyaaf: jireenyi ilma namaa sababa namoonni gariin gaa'ila raawwachuu didaniif

---

[11] - Olkayyachuu jechuun meeshaa wayii (keessattuu gosa midhaan nyaataa)yeroo inni gabaa irraa qaala'e bitanii, booda yeroo inni gabaa irraa dhabamee (caalaatti qaala'e), namni akka malee itti dhimme, beelayee harka kennate booda, gatii isaa gar malee ol fuudhanii gurgurachuu jechuudha.

[12] - Ashaaxibiyyu, Al-Muwaafaqaat, kutaa 3ffaa, fuula 5.

jecha balaaf hin saaxilamu.Aakkasumas waan namoonni gariin daldala keessatti hirmaachuu didaniif jecha balaaf hin saaxilamtu.

Garuu dhimmoonni kunniin sadarkaa gareetti/hawaasaatti fiixa namaaf bayuu baannaan, sadarkaan barbaachisummaa isii gara wantoota dirqamaan jireenya namaatiif barbaachisaniitti ol ka'a. Kana iraa ka'uudhaani beektonni fiqhii seera "*faaydaan wayii yoo kan walii galaa taate, gara sadrkaa wantoota dirqamaan barbaachisaniitti ol siiyxi*" jedhu kan lafa kaayataniif. Kana jechuun wantoonni barbaachisan kamiyyuu namoota hedduu qixxisa taanaan gara sadarkaa wantoota dirqamaan namaaf barbaachisaniitti ol fuudhama jechuudha.


Wantoota jireenya namaa bareechuuf barbaachisan kan jennuun kan akka: urgooftuu, uffata nama hawwatu, manneen bareeda ijaarachuu fa'a. Faayidaa akkanaa kana seerri Islaamaa ni deeggara, tolaa fi qananiiwwan Rabbiin namatti oole keessaa isa muraasa jedhee fudhata. Garuu amantiin Islaamaa akka namoonni dhimmoota kanaaf dursa jireenyaa hin kennineef isa irraa barbaada.Dursa kennuufi kan qabu, kaayyolee armaan olitti ibsineedha.

Hariiroo fi walitti dhufeenya cimaatu jidduu kaayyolee kanniinii jira.Isa kana kan Imaam Al-Shaaxibiin hubates (waa'ee isaa kana gadi bu'iinsaan ilaalla)[13].Fakkeenyaaf: gaa'ilaa fi daldalli sadarkaa wantoota namaaf barbaachisanii keessatti ramadamu. Sanyii/hortee eeguu fi qabeenyaa tiksuuf gargaaru.Dhimmoota kanneen lamaankana irratti hariiroo baaay'ee cimaa ta'e waliin qabu.

---

[13] - Maddumadabre kana, Boqonnaa tokkoffaa, lakk 151.

Kanaafuu, wantoota barbaachisan kana keessaa tokko irraa hir'inni hedduuun yoo argame, sadarkaa barbaachisummaa isaa gara oliitti ol kaasa.Akkuma yeroo gaaga'ama diinagdee addunyaa argame san, daldalli tokko yoo bu'aan isaa dadhabaa dhufe, dalagaa daldalaa kana sadarkaa barbaachisummaa irraa gara sadarkaa dirqamaatti ol siqsa. Kanaafuu beektonni Islaamaa wantoota dirqamaan barbaachisan sanneen akka geengoowwan naannayaa fi walkeessa seenaatti fudhatu [14]




***Sadarkaawwan caaseffama duraa duuba Kaayyolee Shari'aa***

Sadrkaaleen caaaseffamma dirqamootaa kun, caaseffama piraamidii Abrahaam Maasloo kan inni walakkeessa jaarraa 20ffaa keessa boce na yaadachiise. Caaseffama isaa san keessatti bu'aalee fi kaka'uumsa namaa fa'a keessatti ibsee kortoo

---

14 - Jamaal Al-Addiin Axiyyaa, nahwi taf'iil maqaasid al-sharii'aa (Ummaan: alma'ahadil aalamii lilfikril Islaamii 2001), lakk 45.

barbaachisan jedhee moggaase.[15]Akka ilaalcha Maaslootti, wantoonni ilma namaatiif barbaachisan kuniin, fedhiiwwan qaamaa, fedhii nageenya, fedhii jaalalaa, fedhii kabajaa, dhuma irratti fedhii eenyummaa ofii mirkaneeffachuutti qoqqoodama. Bara 1947 A.LAtti Maasloon sadrkaalee fedhiiwwan namaaf barbaachisanii shantarreesseeture. Bara 1970tti immoo yaada isaas geeddaree, piraamidii isaa kan fedhiiwwan torba qabutti qoode [16].Wanta miira namaa harkisu keessaa, sadarkaalee kaayyoo ilaalchisee qoqqoodamni Al-Shaaxibii fi yaad-diddi (theory) Maasloo walitti galuu isaati.

Yaad-diddi (theory) Maasloo inni dhuma irra sirraayee baye kun, yaaddidda kaayyolee shari'aa fakkaata.Innis gama turtee waliin jijjiirama kan fudhatu ta'uu isaatiin. Kaayyoowwan Shari'aa kun waggoota hedduu keessa jijjiiramni fi sirreeffamni adda addaa irratti taasifamee jira, keessattuu jaarraa 20ffaa keessa.Beektonni ammayyaa kan damee barnoota *Usuulaa* haala qoqqooddaa wantoota barbaachisanii san irratti qeeqa kaasaniituran. Sababaan isaan qeeqaisaanii iratti dhiyeeffatanis waa hedduudha.Sana keessaa muraasa akka armaan gadiittindubbadha :[17]

1- Qoqqooddaan yaad-didiinsi (theory) aadaa sun dimshaashummaa kayyolee Shari'aa Islaamummaa dubbata. Garuu kutaalee addaa kaayyolee kana tasa

---

[15] - Abrahaam Maasloo, "Yaad-didda kaka'uumsa namaa" psychological Review, lakkofsa 50, (1943): 50 fuula 96-370.

[16] - E H maasloo, "Si'aa'inaa fi namoomuu (motivation and personality)", maxxansa lammataa (niyork: haarbar waroo, 1970).

[17] - Walmarii afaanii kan sheek Hasan Atturaabii waliin taasifame, (Kaartuum –Suudaan- Hagayya 2006).

malee hin dubbattu. Akkasumas qoqqooddaan aadaa kan kallattii sarara isii gubbatti dubbannee kun; gaaffiiwwan addaan bayaa ta'an kan akka armaan olitti dubbannee kanaaf deebii gahaa hin kennan; keessattuu gaaffiiwwan maaliif? Jedhanii eegalan saniif deebii hin laatu.

2- Qoqqooddaan yaad-didiinsa (theory) aadaa sun dhuunfaa irratti malee maatii, hawaasa, yookiin dhala namaa walii gala irratti xiyyeeffannaa guddaa hin kennitu. Kun immoo akka waan Shari'aan Islaamaa jiruu nama dhuunfaa, qabeenyaa fi dhageettii gurra isaa qofatti xiyyeeffattuu fakkeessa. Akka waan nageenyummaa lubbuu hawaasaa, yookii dhageettii fi kabaja hawaasaa, yookiin diinagdee fi qabdeenya ummataatti akka waan hin dhimmamnee fakkeessa. Shari'aan immoo kana hundatti xiyyeeffatti.

3- Qoqqooddaan yaad-didiinsi (theory) aadaa sun sadarkaalee dirqamootaa irrati qorannoo taasisuu waliinuu, garuu bu'uura dirqamoota kanaa kan ta'an kan akka: wal-qixxummaa fi bilisummaa fa'a hin dubbanne.

4- Kaayyoowwankun kan fudhataman hambaalee *fiqhii* beektonni Islaamaa (*Fuqahaa'onni*) lafa kaayanii deeman irraayi malee bu'uuraalee qabsiifannaa kan ta'an Qur'aanaa fi Sunnaa irraayii miti. Qorannooleedhimma kaayolee kana irratti qophaa'an muraasa yoo dubbisnu, maddeen wabii isaa yeroo hundaa murtiiwwan fiqhii Islaamaa kan gareewwan (mazaahibni) fiqhii irra gayan, aayaa yookiin keeyyata Qur'aanaa kamiyyuu kan isaan irraa qabsiifatan hin mul'atu.

Beektonni ammayyaa kallattii hir'inaa dubbatame kana guutuuf yaalii godhanii turan.Yaaliin kunis qayyabannoolee fi qoqqoodama kaayyolee Shari'aa kanaaf gadi fageenya kallattii hunda qixxisu dhiyeessuudhaani. Hanga murtiin of keessatti hammatuu danda'uu irraa ka'uudhaan, hayyoonni ammayyaa kaayyolee kana sadarkaalee saditti qoodan :[18]

1- **Kaayyolee*Waliigalaa***: Isiin tun kaayyolee boqonnaalee kitaaba shari'aa hunda keessatti mul'atan hammatti, kan akka: dirqamootaa fi barbaachistoota armaan olitti dubbannee fi akkasumas, kaayyolee ammayyaa kan akka wal-qixxummaa hawaasaa, addunyaawummaa fi waa laaffisuu fa'as ni qabatti.
2- **Kaayyolee Addaa**: inni kun kutaalee yookiin mata dureewwan damee kitaabota waa'ee shari'aa garii jalatti kan dubbatamee jiru of keessatti hammata. Fakkeenyaaf: seerota addaa maatii keessatti faayidaa daa'immanii eeguu, seerota yakkaa keessatti yakka raawwattoota akka isaan deebi'anii badii san hin hojjanne doorsisuu, seerota maallaqaa keessatti olkaayannaa nama miidhu irraa seeruu fi kkf fa'a.
3- **Kaayyolee *Gar-tokkee***: gosti kaayyolee tun ergaa murtii yookiin keeyyanni Qur'aanaa fi Hadiisaa tokko ibsuu barbaadan irratti xiyyeeffatti. Fakkeenyi isaa: shari'aan dhimma wayii irratti ragoota lakkoofsaan hagana jedhu

18 - Na'imaan Jagiim, xuruq al- kashf an maqaasidi Al-shari'aa (aljaami'a al Islaamiyyaa al aalamiyyaa, Maaliziyaa, maxxansa daara nafaa'is 2002) fuula: 26-35.

wayii maaliif akka daangessee kaaye qorachuu, ergaan nama dhukkubsateef baatii Ramadaanaa keessa sooma hiikee akka nyaatu laafifameef maali?, kaayyoon harka qalleeyyotaaf wanta isaan sooratan laatuu fi yookiin yeroo ayyaanaa foon isaanii qooduu, yookiin kaayyoo foon yeroo ayyaana Arafaa qalame *(Ud-hiyyaa)* kuufachuun haraama ta'uu fi kkf. of keessatti qabata.

Kanaafuu, hanqinoota wantoota beektonni ammayyaa dhimmoota dhuunfaa qofa irratti xiyyeeffachuun walqabatan kana furuu ilaalchisee, geengoo kaayyolee kana babal'isuu irratti xiyyeeffatanii akka kaayyolee maatii, hawaasummaa, namummaa fi kanneen biraas akka of keessatti hammatu taasisan. Fakkeenyaaf: *Ibn Aashuur*, kaayyolee ummata guutuu qixxistu, kan dursa ummataaf kennitu (dhuunfaaf osoo hin taane) irratti xiyyeeffata. Akkasumas hayyuun *Rashiid Al-Ridaa* jedhamu kaayyolee shari'aa jedhee barreesse keessatti haaromsa, mirga dubartii fi kkf irratti barreesse.Akkasumas *Yuusuf Al-Qardaawiinis* kaayyolee shari'aa irratti yeroo barreessu sonoota akka kabaja ilma namaa fi mirgoota namummaa fa'a irratti barreessee jira.

Kallattiiwwan kaayyoowwan kunniin irratti xiyyeeffatan babal'isaa deemuun kun,akka isiin dhimmoota ammayyaa hunda qixxisuu dandeettu godhee jira. Akkasumas akka beektonni ergaan murtii tokko duuba jiru maali jechuu irraa eegalanii karoora hojitti geeddaramuu danda'u kan haaroomsaa fi ammayyummaa qabatu irratti akka xiyyeeffatan isaan gargaara.

Kanuma irraa ka'uudhaan beektonni Islaamaa (*fuqahaa'onni*) hedduun, kaayyolee Shari'aa isaanii kana babal'isaa

dhufuudhaan akka isiin of keessatti wantoota hedduu kan akka: lammummaa, wal-guutummaa fi mirga namummaa hawasa Muslima hagoo kanneen hawaasa amantii biraa baay'atan waliin jiraataniis akka of keessatti hammatu godhanii jiru.

Dhuma irratti, hayyoonni Islaamotaa ammayyaa yaada kaayyolee shari'aa addunyoomsuu jedhutti ol-siqsuun qorannoo isaanii itti fufan. Addunyoomsuu kanas kan fudhatan kitaabota *fiqhii* karaa (*mazhaba*) tokko qofa hammatu irraa otuu hin taane, kallattiidhaan keeyyatoota Qur'aanaa fi Hadiisaa irraa fudhataniiti.

Wantoota karaa kana adda taasisan keessaa tokko: rakkina fatwaadhaan yeroo muraasa qofaan wal-qabatanii furuu keessatti shoora guddaa qabaachuu isaati. Armaan gaditti fakkeenyota muraasa kaayyolee Shari'aa isa walii gala qabatan kanneen kallattiidhaan keeyyatoota Qur'aanaa fi Hadiisaa irraa fudhataman ilaalla.

1- *Rashiid Ridaa*- kan bara 1354H/1935 A.L.Atti du'e - Qur'aana kabajamaa keessa dhimma kaayyoowwan wal-qabatu qorachuudhaan; akka inni utubaa amantii haaroomsuu, dhimma ergama nabiyyii irratti wantoota namni hin beeyne ifa godhuu, amantiin Islaamaa amantii namni irratti uumame, kan sammuun fudhattu fi kan barnootaa fi beekkumsatti amanu ta'uu, amantii bilisuummaa, of danda'iinsaa fi ragaa dhiyeeffachutti amanuu ta'uu, amantii haaroomsa hawaasummaa, namummaa fi siyaasaa qabatu, amantii dirqamoota nama irra kaayaman kan akka Rabbiin gabbaruu, wantoota fokkisiisaa irraa dhowwamuutti nama ajaju, amantii hariiroo addunyaa

hunda waliin qabaachuu qoratu, amantii seera mallaqaa fi diinagdee haaroomsuu qabatu, kan badii nama irraa deebisu, kan mirga dubartootaa eeguu fi kan gabroota bilisa baasutti ajaju ta'uu isaa irra ga'ee jira.[19]

2- Hayyuun *Axxaahir Ibni Aashuur* jedhamukanbara (1325H/1907A.L.A tti du'e) yaada kaayyoowwan addunyaawaa seera Islaamummaa, seera jireenya ummataa, wal-qixxummaa, walabummaa, wal-danda'iinsa fi uumama eeguu[20]. Wanti asitti hubatamuu qabu kaayyoon bilisummaa kan Ibnu Aashuur fi beektonni ammayyaa hedduun dubbatan kun, yaada bilisuummaa kan kitaabota fuqahaa'ota duraanii keessatti dhufe kan gabra bilisoomsuu jedhu saniin addaani21. Garuu jechi hayyoonni durii itti fayyadaman kan fedhii jedhamu yaada yeroo ammaa bilisummaa, mirga walabummmaa jedhuun gama hedduun walfakkaata. Fakkeenyaaf: mirga bilisaan amantii fudhachuu jedhu Qur'aanni akkanatti ibsa:

**29 : سورة الكهف** فَمَن شَآءَ فَلۡيُؤۡمِن وَمَن شَآءَ فَلۡيَكۡفُرۡ ﴿٢٩﴾

"Namni (amanuu) fedhe haa amanu, kan (kafaruu) fedhe ammo haa kafaruu"

---

[19] - Muhammad Rashiid Ridaa, alwahyi almuhammadii: subuut Al-nubuwwaa bi Al- qur'aan (Kaayroo: mua'asasaa izzaddiin, barri barreeffamaa hin jiru), fuula 100.

[20] - Ibnu Aashuur, maqaasid asharii'a al Islaamiyyaa, fuula: 183.

[21] - Kamaaladdiin Asuwaasii, Hiikkaa fathul qadiir, maxxansaa lammaffaa (Beeyruut:: daar al-fikr, bara maxxansaatiin alatti) kutaa afraffaa, fuula 513.

Gama jechootaatiin immoo jechi bilisummaa/ walabummaa jedhu jechoota (terminology) Islaamaa keessa dhiyeenya seente. Kan nama dinqu/raaju keessaa Ibnu Aashuur galata kan galchuuf kitaabota waa'ee warraaqsa Faransaayotaa dubbataniifi, keessattuu kitaabota afaan Faransaayotaa irraa gara afaan Arabootaattii jaarraa 19ffaa keesssa hiikkaman[22]. Garuu Ibni Aashuur ilaalcha Islaamummaan mirga yaaduu, mirga amantii fedhan hordofuu, mirga bilisaan yaada ofii ibsachuu fi mirga hojii kan jedhaman kunniin kaayyolee shari'aa keessaa qaama tokkoo jechuudhaan gadi bu'iinsaan ibsee jira.[23]

3- Hayyuun Muhammad Al-Gazaalii jedhamu kan bara (1416H/1996A.L.Atti du'e), seenaa Islaamummaa kan jaarrota kudha-afran dabranii irraa barnoota fudhachuu qabna jechuun labsii kenne. Kanuma irraa ka'uudhaan haqqummaa fi bilisummaa akka kaayyolee shari'aa keessaa sadarkaa wantoota dirqamaan namaaf barbaachisanii keessa galchee jira.[24] Gumaachota gurgudoo Al-Gazaaliin kaayyolee shari'aatiif gumaacha keessaa tokko gosa hojii hayyoonni Islaamaa hedduun itti daban mormuudha[25]. Namni Kitaabota Al-Gazaalii kana gadi bu'iinsaan ilaale

---

[22] - Muhammad Axxaahir Ibni Ashuuraa'I, usuul Al-Nizaam al-ijtimaa'ii fil Islaam, gulaalaan: Muhammad Axxaahir Almiisaawi (Ommaan: Daaru al-nafaa'is, 2001), fuula 256-268.

[23] - Kitaabuma dabre kana, fuula: 270-281.

[24] - Jamaal Axiyyaa, Nahwa taf'iil maqaasidi Al-sharii'aa, (Ommaan: alma'ahadal aalamii lilfikral Islaamii, 2001), fuula 49.

[25] - Moowil Izzaddiin, alqaanun al Islaamii: min usuul attariikiyyaa ilala mumaarasal Islaamiyyaa, Islamic law: from storical fauondation to contemporary practice, fuula 131-132.

yaanni isaa hundi kaayyoolee Shari'aairratti akka bu'uureffatte hubachuu danda'a. Fakkeenyaaf: haasaya inni walqixxummaa fi haqqummaa hawaasaa irratti taasise. Bu'uurota lamaan kana irratti hundaa'eeti yaada isaa kan ammayyaa hunda kan fiqhii Dubartootaa fi kan biro keessatti kan barreesseef.

4- Haaluma kanaan Yuusuf Al-qardaawiinis (bara dhalate 1345H/1926A.L.Atti dhalate) Qur'aan sirritti gadi bu'ee ilaaluun kaayyoleearmaan gadii kana keessaa cuunfuu danda'ee jira:

-Ilaalcha namoonni amantii keessatti yaada Rabbummaaf qaban, ergaa amantii fi mindaa dalagaa namaatiif kennamu irratti qaban sirreessuu.

- Mirgootaa fi kabaja ilma namaa raggaasisuu;
- Gara Rabbii tokkicha kophaa isaatti isa gabbaruu;
- Lubbuu namaa tana badii irraa qulqulleessuu fi naamusa sirreessuu;
- Maatii gaarii horachuu;
- Mirga dubartootaa eeguu;
- Ummata ilma namaatti raga taatu ijaaruu;
- Addunyaa hunda gama walgargaarsaafi waliin hojjachuutti yaamuu[26]

Garuu Al-Qardaawiin[27] akka jedhutti yaaliin ilaalcha kaayyoo Shari'aa isa waliigalaa tokko kaayuuf godhamu hunduu

---

[26] - Yuusuf Al-Qardaawii, keeyfa nata'aamal ma'a Al -Qur'aan Al –kariim, Maxxansaa duraa (Kaayroo: Daar Ashuruuq, 1999).

[27] - Marii afaaniin taasifame, Landan, Yuunaayitid Kiingdom, maaris, 2005 Wasaariifoo, Alboosnaa, may, 2007.

beekkumsaa fi muxannoo gahaa Qur’aanaa fi sunnaa irratti qabaachuun dursamuun dirqama jedha.

5-Hayyuun Xaahaa Al-Ulwaanii jedhamus (Bara 1354H/1935A.L.Atti kan dhalate), Qur’aana keessaa kaayyolee Shari’aa gurguddoo ta’an cuunfee baasuuf jecha tattaaffii godheen, kaayyolee tokkichmmaa Rabbii, lubbuu ofii badii irraa qulqulleessuu fi addunyaa tana ijaaruu yaada jedhutti gaye[28].Yeroo ammaa kanatti Al-Ulwaaniin qorannoowwan of danda’an tokkoo tokkoo kaayyolee sadan amma jennee kanaaf qapheessaa jira[29].


Kaayyoowwan armaan olitti tarreeffaman kunniin hunduu yaaddan haaroomsaa fi ammayyeessa sammuu beektota Islaamaa ammayyaa keessa yaa’eedha. Garuu namni kamiyyuu qoqqoodamni fi caaseffamni duriis ta’ee kan ammayyaa kamiyyuu wanta Ijoo Rabbiin ergaa Shari’aa irraa barbaaduuti jedhee jala sararee dubbachuu hin danda’u. Gara uumaa Rabbiin uumee kanatti otuu deebinee ilaallee, boca gara garaa kan akka piraamidii, rog-afreewwanii, reektaangilootaa fi geengolee akka armaan gaditti jiruu kana kan beektonni Kaayyolee kana ibsuuf itti fayyadaman kana arguu hin dandeennu.Haallan caaseffamaa fi bocaa kanneen saayinsii hawaasaa fi uumamaa keessatti mul’atan hunduu wanta ilmi namaa ofumaa boceedha, boca kana irraa kan barbaadame abbaan boce sun ofiifis ta’ee namoota

---

[28] - Xaahaa Jaabir Al-Alwaanii, maqaasid asharii’aa maxxansa duraa (Beeyruut:: alma’ahadal aalamii lilfikral Islaamii wa Daaral haadii, 2001), fuula 25.

[29] - Wal marii afaanii, Kaayroo,Misri, Ebla, 2007.

boca san dubbisaniif dhimmicha san haala salphaa ta'een ibsuufii waan barbaadeefi.
Kanaafuu boca kaayyoleef kaayaman kana ilaalchisee wanni guddaan jedhamu yoo jiraate, bocni kunniin boca waa heddu mul'isan, kallattiiwwan akka sadarkaalee wantoota namaaf barbaachisanii, murtiiwwan, gosoota dirqamaa fi bakkeewwan wanta tokko waan hunda irratti qixxisan (generalization) kun hunduu kallattiiwwan sirrii ta'aniidha. Hayyuun Islaamaa tokkos kallattiiwwan kanneen keessaa tokko filachuun yaadaa fi ergaa isaa gama saniin dabarfata.
Yaadota jaarraa 20ffaa keessa mul'atan irraa wanti ifa nuu tahe – muraasa isaanii armaan olitti kaasuuf yaalii goonee turre-kaayyoowwan Islaamaa tuni kan isiin dhugumatti bakka buutu, yaadaa fi ilaalcha beekaan Islaamaa tokko haaroomsaa fi ammayyeessa Islaamaatiif qabu mul'isuudha. Garuu kan sammuu keessatti qabachuu qabnu, maddi kaayyolee Shari'aa kun hundinuu Qur'aanaa fi Sunnaadha. Jidduu waan keeyyatoota Qur'aanaa fi Hadiisaa keessatti dhufanii fi dhimmoota ammayyaa argaman kanniin walitti qabuun; kaayyolee Shari'aa kanaaf bakkee guddaa kennuufi mul'isa.




**Kaayyoowwan Shari'aa Carraaqqiiwwan Sahaabonni Godhan Keessatti**

Seenaan Qur'aanaa fi Hadiisa irraa ka'anii dhimma wayii qoratuu, yookiin kaayyoo wayii qoratuu kun gadaa wahiloota ergamaa Rabbii irraa kaasee jira (hunda isaaniituu Rabbi waan dalagan irraa haa jaalatu). Kunis kan ifa nuu ta'uun argamoota muraasa yeroo sanii hordofuudhaani. Kan akka Hadiisa kabajamaa salaata Asrii ganda *Banii Qureeyzaatti* salaataa jedhu, kan karaa fi akkaataa adda addaatiin odeffame: sunis ergamaan Rabbii(nagayaa fi tolli Rabbii isaan irratti haa jiraatu) waahillan isaanii gara ganda *Banii Qureeyzaa* akka[30], salaata

[30]- Hijraa irraa naannoo waggaa torbaati, bakkeen sun Madiinaa irraa miilii muraasa fagaata.

Asrii haga ganda san gayanitti akka hin salaanne[31].Otuu sahaabonni ganda *Banii Qureeyzaa* hin ga'in yeroon salaata Asrii jalaa kutuuf dhiyaate. Yeroo kana gara yaada lamaatti addaan qoodaman: Gareen tokko hanga ganda *Banii Qureeyzaa* gayutti salaata Asrii hin salaannu osoo yeroon isaas ka dabru ta'ee jedha, gareen lammataa immoo osoo ganda *Banii Qureeyzaa* hin gayin akka yeroon salaata Asrii jalaa hin dabrineef dursee salaate.

Ragaan garee jalqabaa: ajajni ergamaa Rabbii ifa galaadha, namni kamiyyuu hanga ganda *Banii Qureeyzaa* gayutti akka hin salaanne ajajan kan jedhu yoo ta'u, ragaan garee lammataa immoo ergamaan Rabbii (nagayaa fi tolli Rabbii isaan irratti haa jiraatu) akka nuti ariitiidhaan dafnee achi gayuu qabnu ibsuuf jedhan malee salaata Asrii yeroo isii irraa dabarsaa jechuu hin barbaanne jedha. Abbaan Hadiisa kana odeesse akka himetti, ergamaan Rabbii (nagayaa fi tolli Rabbii isaan irratti haa jiraatu)[32]garee kanneen lachenuu hin komanne.

Kana jechuun akkuma beektota Islaamaa biratti beekkamutti nabiyyiin garee lamaanuu iraa cal'isuun yaanni garee lamaanituu fudhatama qabaachuu agarsiisa.

Garuu beekaan IslaamaaIbu Hazmi Al-Zaahirii jedhamu yaada garee lamaanii keessaa kan garee otuu bakka deemuuf hin gayin

---

[31] - Muhammad Al-Bukaarii, Assahiih, maxxansaa sadaffaa (Beeyruut: Daar ibni kasiir 1986) kutaa tokkoffaa, fuula 321 fi Abu Al Huseen Muslim, Sahiiha Muslim, (Beeyruut:: Daar ihiyaa'i turaas al arabii,bara maxxansaatiin ala) kutaa sadaffaa, fuula 1391.

[32] - Abdullaah Ibnu Umar gabaase akkuma Bukhaariilleen baase kutaa (Qabee) duraa keessatti, fuula321 fi Muslimis Qabee sadaffaa,fuula 1391.

karaa irratti salaatan san hin deeggarre.Sahaabota*Banii Qureeyzaa* osoo hin gayin obsuu dhabanii karaa irratti salaataniif akkana jedhee barreesse;Isaan haga *Banii Qureeyzaa*gahanitti salatuu hin qaban eeguu qaban ture,kana wanti nabiyyiin Rabbii (s.w.a) itti isaan ajaje.[33]osoo walakkaa halkanii boodallee gahuu baataniillee obsuu qaban jedha.

Ammas taateen biraa kan jiru, ajaja ergamaa Rabbii (nagayaa fi tola ooliinsi Rabbii isaan irratti haa jiraatu) gadi bu'anii qayyabannaa kaayyoo irratti xiyyeeffate qayyabachuun sirritti akka barbaachisu nuuf ibsa.Argamyeen kunis dhimma ardiilee banan irratti yeroo gadaa Umar Ibnu Al-Kaxxaab argame ilaalchiseeti Sadarkaan guddaan Umar qabuu fiyeroo baay'ee nama hedduu waliin amala marii gaggeessuu qabaachuun isaa bu'aan carraaqqii inni taasisuu kun akka firii addaa qabu isa taasisa. Dhimma argame kan dubbachuuf jennuu kana keessatti, Sahaabonni (waahiloonni ergamaa Rabbii [SAW]) Umariin laffeen biyyoota too'annaa bulchiinsa Muslimaa jala oolan kan akka Iraaq fi Gibxii keessaa laffeen isaanii akka boojuutti waan ilaalamuuf nuuf qoodi jedhanii gaafataniin.

Ragaan isaan dhiyeeffatan, Keeyyata Qur'aana kabajamaa keessa aayaan namoota lola irratti hirmaataniif wanta booji'ame san qoodaa jedhu ifatti dubbatamee jira isa jedhuudha.[34]Umar garuu magaalotaa fi naannolee biyyoota qabamanii kanniin

---

[33] - Aliyyi iIbni Hazm Al-Muhallaa, maxxansaa duraa (Beeyruut: Daar al-aafaaq, Bara itti maxxanfameen alatti) Qabee sadaffaa, fuula 291.

[34] - Ya'aquub Abuu Yuusuf al-karraaj (Kaayroo: mana maxxansaa amiiriyyaa, 1303H), fuula14, 18 fi Yahyaa Ibni Aadam: alkarraaj (Laahoor, Paakistaan, Al-Maktaba ilmiyya1974), fuula110.

hundayyuuu Sahaabotaaf qooduu dide. Ragaan inni dhiyeeffate immoo keeyyata Qur'aanaa kan bifa dimshaashaatiin dubbatamte irratti hundaa'eeti. Keeyyanni kunis Rabbiin maaliif zakaa baafachuu akka dirqama godhe ibsiti, isiinis akkana jette;

كَيۡ لَا يَكُونَ دُولَةَۢ بَيۡنَ ٱلۡأَغۡنِيَآءِ مِنكُمۡ ... ﴿٧﴾ سورة الحشر: 7

*"Akka (qabeennyi kun)jidduu dureeyyii isin irraa ta'anii jiddutti hin naannoyneefi".( Al-hashr:7)*
*Kana jechuun akka dureeyyonni qabeenyaa fi diinagdee hunda kophaa isaanii hin kuufanneefi.*
Kanaafuu Umarii fi Sahaabonni isa waliin jiran gariin yaada keeyyata kanaa kan lafaa fi boojuu waraanaa loltoota lola san irratti hirmaataniif qoodaa jedhu akki isaan itti qayyabatan gama addaatiin ilaalaniiti. Gamni isaan ilaalaniin kunis, Rabbiin akkas kan jedheef garaagarummaa jidduu sadarkaa jiraattotaa/ hawaasaa jiru (kan gama diinagdeetiin jiru) hir'isuufi jedhanii qayyabatan.
Akkasumas, taateen biraa kan ergaalee/kaayyoowwan murtiiwwan wayii duubaan jiran gadi bu'iinsaan ibsan keessaa tokko, Umar Ibnu Al-Kaxxaab adabbii nama waa hatetti murtaa'u (harka muruu), bara beelli Madiinaa mudate san keessa hojii irra oolchuu dhaabuu isaati.[35]Kunis kan ta'eef Umar Ibnu Al-Kaxxaab murtii Qur'aanni kabajamaan dubbate (harka muruu) kana yeroo beelaan namni dhumee, rakkatee hanga qabeenya namaa hatuutti gaye kana keessa itti murteesse hojii irra oolchuun ergaa/kaayyoo adabbiin amantii Islaamaa keessatti

[35] - Muhammad Baltaajii "Manhaj ibnal Khaxxaab fi Attashrii'I" maxxansaa duraa (Kaayroo : Daaru assalaam, 2002), fuula 190.

lafa kaayamteef fiixaan hin baasu jedhee waan amanuufi. Ergaan amantiin adabbii kana lafa keetteefis nama hatu kana jiilchuu fi haqqummaa miirkaneessuufi waan ta'eefi. Kanaafuu Umar sonootaa fi ergaalee bu'uuraa kan adabbiin lafa kaayamteef san mirkaneessutu, murtii addaa kana hojii irra oolchuu caala jedhee waan hubateefi.

Fakkeenyi sadaffaan kan beekkumsa Umar nuu ibsanirraa;hiikkaa gubbaa kan Hadiisa kabajamaa keessatti dhimma Boojuutiin walqabatee dhufe hojii irra oolchuu dhabuu isaati. Ergaan Hadiisichaa; namni waraana keessa jiru tokko yoo diina irraa nama wayii ajjeese, qabeenya (boojuu) nama ajjeesee san isatu fudhata jedha. Umar kan murteesse, yoo gatiin boojuu kanaa baay'ee ol ka'aa fi mi'aawaa ta'e tokko shanaffaa (1/5) qabeenya sanii qofatu loltootaaf kennama yaada jedhu ture. Ergaan guddaan murtii Umar kana duubaan jiru, walqixxummaa jidduu loltootaatti uumuu fi qosannaa qabeenyaa kana cimsuudhaan hawaasichaaf yeroo rakkinaatiif qabeenya isaanii kuusuuf ture.

Ergaa/ kaayyolee Shari'aa kana gadi bu'iinsaan qayyabachuuf, beekkumsa Umar keessaa akka fakkeenya afraffaatti yoo ka fudhannu taane; Umar Faradoon gosa qabeenyaa kan *Zakaa* keessaa baasuun dirqama irratti ta'an keessa seenuu qabdi yaada jedhu murteesse. Garuu ergamaan Rabbii (nagayaa fi tola ooliinsi Rabbii isaan irratti haa jiraatu) Hadiisa kabajamaa keessatti Faradoon gosa qabeenya zakaan irraa bayu keessa akka hin galle ifatti dubbatanii jiru.

Ragaan Umar dhiyeeffate, yoo Faradoon tun baay'attee gatiin isii dabalee gatii Gaalli zakaan keessaa bafamtuu san gaye (kan

ergamaan Rabbii [SAW] gala hagana keessaa zakaa baasaa jedhan san yoo gaye); Faradoo irraa'is zakaa kennuu qabna kan jedhu ture.[36]

karaa biraatiin Umar ergaa/ kaayyoo zakaa kennachuun karaa godhamteef irraa wanti inni qayyabate;gargaarsa hawaasaaf dhiyeeffamu jechutti hubate.Gargaarsi kunis dureeyyota/ abbootii qabeenya qaban irraa fuudhamee harka qalleeyyiif kennama. Ergaan kun immoo gosa qabeenyaa, gosa mallaqaa fi gosa meeshaaergamaan Rabbii [SAW] hadiisota waa'ee zakaa dubbatanii keessatti ibsan, kan namoonni akkuma jirutti fudhatan san qofa irratti hin xiyyeeffatu.[37]

Wanti asitti hubatamuu qabuu karaaleen (mazhabban) fiqhii hunduu, mazhaba hanafii malee, gosoota qabeenyaa fi mallaqa zakaan irraa baafamuu qabuu kana babal'isuu yaada jedhu ni mormu. Kuni immoo kan mul'isu barnoota fiqhii duraanii keessatti qayyabannoon ergaa gubbaa keeyyata Qur'aanaa fi Hadiisaa qofa irratti xiyyeeffatuu akka babal'atee jiru mul'isa.

Hayyuun Ibnu Hazmi jedhamu, beektota ergaa gubbaa (Zaahiriyyaa) qofa irratti xiyyeeffatan keessaa adda durummaan kan dubbatamanu; qabeenya keessaa zakaan gosa saddeet irraa malee hin baafamtu jedha. Qabeenyi saddeettan kunis: Ziqaya,

---

[36] - Assawwaasii, kamaal Addiin, sharhi Fathul-Qadiir, Qabee lammaffaa, lakk 192 fi Abuu Umar ibni Abdul bar, Al-Tamhiid, (Morookoo: Wizaaraa umuum alwaqf, 1387H) Qabee afraffaa, fuula 216.

[37] - Yuusuf Al-Qaradaawi, Fiqhu zakaa (qorannoo digrii 3ffaa argachuuf barraaye, Yunivarsitii Al-Azhar, Misri, qorannoon kunis maxxanfamee rabsamee jira, maxxanfama kudha shanaffaa 1985), Qabee tokkoffaa, fuula 229.

Meetii, Garbuu, Qamadii, Tamira, Gaala, Horii fi busaa'ee (Hoolaa fi Re'ee) qofa…Hadiisa keessatti kan dubbataman kana qofa… jechuun ibse.

Kana jechuun wantoota facaafaman, kuduraa fi muduraa, faradoo, gabroota, damma fi meeshaalee daldalaaf dhiyaatan keessaa zakaan hin baafamu jechuudha[38]. Wanti ifa galaan asitti namuu hubatuu danda'u, yaanni akkanaa kun dhaabbilee zakaa funaanuu irratti bobba'an, ga'ee haqqummaa fi walgargaarsa hawaasa jiddutti cimsuu argamsiisuu keessatti shoora isaan taphachuu qaban kan dhabamsiisu ta'uu isaati.

Adeemsa/tooftaa ergaa murtiiwwan shari'aa hunda duubaan jiran qayyabchuu jedhu irraa ka'ee, sheek Yuusuf Al-Qardaawiin, yaada beektonni mazhaba sadanii kan mazhaba Hanifiyyaatiin ala jiran dhimma zakaa irratti itti walii galan san mormee jira.Kitaaba isaa Fiqhu Azzakaat jedhu keessatti mata duree kana irratti gadi fageenyaan qorannoo godhee akkana jechuun barreesse:

Mallaqni/qabeenyi dagaagu hunduu zakaan irraa baafama… zakaan kan karaa godhamteef rakkattoota, nama liqiin namaa irra jiru fi kara deemaa gargaaruufi. Akkasumas namoota reef amantii Islaamaa seenan ofitti hawachuu fi faayidaa ummataa kabachisiisuuf (fakkeenyaaf rabbiif jecha duuluu) fa'aaf haala mijeessuufi zakaa baasuun kan barbaachiseef… wanti fudhatama hin qabne yaada amantiin zakaa karaa kan goodheef, nama Gaala shan qabu yookiin kan Re'ee afurtama qabu yookiin

[38] - Ilaalcha jabinaan argame, Aliyyi ibni Hazmii biratti, Al-Muhallaa, maxxansaa duraa (Beeyruut: Daaral Aafaaq, Bara maxxansaatiin ala), Al-Muhallaa, fuula 209.

nama midhaan kooboo shan qabu qofa irratti dirqama godhee, abbootii qabeenyaa kanneen kaappitaala guddaan sosochoo’an, kanneen warshaalee gurguddoo qaban, gamoolee jajjaboo qaban, ogeeyyota fayyaa, abbootii alangaa, namoota dalagaa dhuunfaa isaanii hojjatan, kanneen guyyatti waan abbaan Gaala shan qabu yookiin waan namni kooboo shan qabu waggatti argatu caalaa argatan irraa zakaa hin fuudhinaa jechuudha[39].
Fakkeenyota hedduu ergaa keenya nuuf qaqqabsiisuu danda’an armaan olitti dubbannee jirra. Ergaan sunis sadarkaa guddinna kaayyoowwan/ergaa shari’aa keessa dabran ibsuudha.Garuu wanti guddaan asitti hubachuu qabnu, yaanni ergaa murtiiwwan shari’aa hunda duubaan jiran qayyabchuun murtii kennuu jedhu sun murtiiwwan shari’aa hunda irratti hojii irra hin oolfamu, keessattuu dhimmoota Rabbiin gabbaruun walqabatan keessatti.
Bukaariin Umariin irraa akka nuuf odeessetti, yeroo bulchiinsa isaa keessa Umar akkana jedhe:“Maaliifsuksukuu fi ceekuu qullaatti mul’isuun barbaachise,Rabbiin diinii isaa jabeessee kufriifi warra kufrii dhabamsiisee jiraa?” kana kan jedheef ergaa cirracha guuruu duubaan jiru beekuufi, sunis gaafa Baniinsa Makkaa (yeroo Muslimoonni Makkaan cabsanii harka Qureeyshotaa irraa fudhatuuf deeman) kuffaartonni Makkaa, Muslimtoota Busaan Madiinaa dadhabsiiftee jirti oduu jedhu facaasuu eegalan. Yeroo kana ergamaan Rabbii suksukutti Sahaabota isaanii ajajan, akka humna Sahaabotaa kuffaartonni arganiif jecha. Garuu Umar booda irra yaada yoo kennu akkana jedhe: “Waan yeroo ergamaan Rabbii jiran hojjannu kamiyyuu

[39] - Al-Qaradaawii, “Fiqhu al-zakaa” Qabee, tokkoffaa, fuula 146-148.

hojjachuu hin dhiifnu”.[40]Haala kanaan Umar garaa garummaa jidduu dalagaa Rabbiin gabbaruu *(Ibaadaa)* fi jidduu nama waliin jireenyaa *(Mu’aamalaat)* jiru addaan baase.

Imaam Al-Shaxibiin dhufee jennaan,dhimmoota lamaan kana adda baasee ilaaluun akkana jedhe: “Gochoota Rabbiin gabbaruu (Ibaadaan) walqabatan keessatti hundeen jiru, osoo hiikkaa hin ilaalin Rabbuma gabbaruu, hanga hayyama hiikkaa ibaadaa hubachuu kana argatutti, kunis kan godhameef dhimmoota Ibaadaan walqabatan keessa kalaqa sammuu galchuun waan hin jirreefi. Dhimmoota nama wajjiin jireenyaan (Mu’aamalaat) walqabatan keessatti immoo,Yoo wanti qorannoo san irraa dhoorgu dhufe maleehundeen dubbii hiika wantichaa fi ergaa isaa qorachuudha.[41].

Kanaafuu, seeronni bu’uuraa kan beektonni irratti waliigalan akkana jedha: gochoonni Ibaadaan walqabatan hunduu wanta dhaabbataa hin jijjiiramne kan Muslimoonni akkuma ergamaan Rabbii [SAW] yookiin waahillan isaanii hojjatanitti hojii irra ooluu qaba. Garuu dhimmoota waliin jireenyaa *(Mu’aamalaat)* irratti kan isaan nu barsiisan, akkeessaa gogaa jijjiirama ofitti hin fudhanne akkeessuunii akka hin qabneedha, yeroo raawwii dhimmoota kanaan walqabatanii raawwannu ergaa fi kaayyoo raawwii sanii sammuu keessatti qabachuu qabna.

## Seenaa Ilaalcha Kaayyoowwanii

Ilalchi fi qoqqoodamni kaayyowwan shari’aa kan guddatuu jalqabee,gadaa sahaabotaatiin booda. Haa ta’u malee

---

[40] - Al-Bukaarii, Assahiih, Kitaab Al- hajj, Boqonnaa arramli.

[41] -Al-Shaaxibii “Al-Muwaafaqaat, Qabee lammaffaa, fuula 6.

kaayyoowwan kunniin bifaa fi boca amma nu beeynuun kana kan qabatte Hijraa irraa jarraa shanaffaa hanga saddeettaffaa jidduttiture. Isa kana boqonnaa itti aanutti gadi fageenyaan waan ilaalluuf deemnu ta'a.

Garuu wanti beekuu qabnu, naannoo jaarraalee sadan jalqabaa keessayaanni kaayyoo *(maqaasida)* jedhamu kun mul'achuu eegale. Haa ta'u garuu beektota yeroo sanii biratti maqaa adda addaatiin yaamama ture kan akka: *Hikam, Ilal, Munaasabaat, Agraad* fi kkf. Kana keessaa fakkeenyaaf: ergaa jiru tokko wanta biraa kan isa fakkaatuun wal bira qabanii *(Al-qiyaas)* beekuu fa'a. Garuu kaayyoowwan shari'aa akka mata duree of danda'aa qorannoo of danda'aa qabuutti hin barroofne, hanga dhuma jaarraa sadaffaatti itti yaadda'iinsas hin arganne ture.

Sana booda ilaalchi *sadarkaalee dhimmoota dirqamaan nama barbaachisanii* jedhu, gama hayyuu Al-Imaam Al-Juweeynii (bara 478H/1085A.L.Atti du'e) jedhamuutiin dhufe, kana jechuun jaarraa shanaffaa keessa jechuudha. Mee gabaabinumaan sadarkaa guddinni kaayyolee shari'aa jidduu jaarraa sadaffaa fi shanaffaa keessa dabran kana ilaaluuf haa yaallu.

1- **Al-Tirmiiziyyi Al-Hakiim**(bara 296H/908A.L.Atti du'e) kitaabni isaa*[Salaataa fi kaayyolee isii]* kan jedhu[42], kitaaba yeroo jalqabaatiif dhimma kaayyolee irratti qophaa'e yoo ta'u, mata durema kitaabichaa irraa jecha kaayyoo *[maqaasida]* jedhu agarra.Kitaabni kun ergaa fi iccitiiwwan

[42] - Ilaalcha kaayyolee Imaam Al-shaaxibii birati, maxxansaa duraa (Heerandan, Varjiinaa, dhaabbata xiinxallaa Islaamaa kan addunyaa, 1992).

afuuraa kan salaata raawwachuun qabdu ibsa. San keessaa akka fakkeenyaatti bifa suufiyyummaan walfakkaatuun yeroo ibsu akkana jedha: “Gochoonni salaataa nama irraa gara nama biraatti addaani; yeroo salaataaf kaatee dhaabbattu Rabbiin irraa dheessuukeessaa baata, yeroo kallattii salaataatti (qiblatti) fuula deebitu Rabbitti dugda gargaluu keessaa baata, yeroo *Allaahu Akbar* jettee salaatatti seentu booniinsa keessaa baata, yeroo Rabbiin faarsutti seentu ceem’aa keessaa baata, yeroojilba qabattu gogiinsa keessaa baata, yeroo sujuuda buutu (kallachaan lafa tuuyxu) cubbuu dalagde keessaa baata…”. Attirmiziin kitaaba biraa kan kanumaan walfakkaatu *Hajjii* irratti maqaa *Hajjii fi Iccitii* isaa jedhuun barreessee qaba[43].

2- **Abuu Zeeyd Al-Balakiyyi**[bara322H/933A.L.Atti du’e], kitaabni isaa kan*“Al -ibaana an ilali Addiyaanaa”*jedhu kitaaba yeroo jalqabaatiif ergaashari’aan waliin jireenya *(mu’aamalaat)* irratti qabdu ibsuuf qophaa’eedha. Kitaaba kana keessatti ergaa shari’aa kan mata duree kana keessatti dhokatanii jiran tarreessee jira. Al-Balakiin mata durema kaayyolee shari’aa irratti kitaaba biraa kan*Masaalih Al-abdaan wa Annufuus* jedhamus barreessee.Isa keessattis akkamitti amalotagaggaariin Islaamummaa fi murtii isaa fayyummaa namaa fooyyessuu keessatti gumaacha akka

[43]- Maqaasid Al-asharii’aa Al-Islaamiyya: qorannoo wa’ee adeemsaa fi sadarkaa isaan hojii irra itti oolan (Kaayroo, Mua’assasat Al-Furqaan li Atturaas Al-Islaami, jiddu gala barnoota kaayyolee 2006), fuula 181.

qaban dubbate, fayyummaa lubbuu/afuuraas ta'ee fayyummaa qaamaas eeguu keessatti.[44]

3- **Al-Qaffaal Al-kabiir Al- Shaashii** (Bara365H/975A.L.A tii du'e). Barreeffama harkaan barraa'e kan inni qopheesse mana kitaabaa *Daar al-Kutub Al-Masriyyaa* jedhamu keessatti arge. Barreeffamni kunis kitaaba *Mahaasin Al-sharii'aa* jedhamuudha.[45]Al-Qaffaal kitaaba isaa kana kan eegaleen seensa fuula diigdamaatiini, sanitti aansee kitaaba isaa kana boqonnaa boqonnaan gar-gar qoodee kaaye, boqonnaa qulqulleeffannaatiin eegalee isatti boqonnaa wuduu'aa aansee, booda salaata itti aansee hanga dhumaatti bifuma kanaan itti fufe. Haalli qoqqooddaa boqonnaalee isaa kun duraa duuba kitaabota fiqhii duraanii kan eege.

Murtiin shari'aa dura gabaabinaan dubbatama eegas booda hiikni baldhinaan isiin itti qajeelchitu kennama, barreeffamni waa'ee kanaa baayyee ifa gala fi gara fuula 400 kan tahu yoo tahu, fuula dhumaa iratti yeroo barreeffama kitaabichaa itti xumurettu argama. Guyyaan sunis akka lakk. Hijraa 11Rabii'ul awwal, 358(7 January 969 A.L.A)

- Muhammad Kamaal Imam "Addaliil Al-Irshaadii, maqaasid [44] dan markaz diraasaata almaqaasid, asharii'aa al Islaamiyya, (lan 2007), fuula 3.

[45] - Waa'ee kitaaba kanaa kan beekuu danda'e haasawa afaanii Piroofeesar Ahmad Al-reysuuni waliin jiddatti taasise irratti, ibriil 2006 maykroofilmii makxuuxaataa argadhee jira gargaarsa ustaaz Doktor Ayman Fu'aadiin jaami'aa Qaahiraa keessatti tammuuz/ yuuliyoo 2006) qaffaal ashaashii, "Mahaasinusharii'aa" barreeffama fiqhii ashaafi'ii lakk.263 (Kaayroo , daaral kutub :358H/969A.L.A).

Murtiiwwan fiqhii kitaabni kun of keesstti qabatu baayyeedha. Haa ta'u maleekitaabichi murtii gonkumaa wol- hin fakkaannee fi yaada walii gala shari'aatiin osoo walitti hin hidhin fudhate. Kanumaa waliinuu kitaabni kun dabaliinsaa fi guddina yaada shari'aa keessatti ga'ee guddaa qaba.

Beekaan Abdunnaasir AL-Lugaaniyyi jedhamu cinaa kitaaba kanaa barruulee kitaaba Al-Qaffaalqopheesse kan*Mahaasinu Al-sharii'aa*jedhamu iraa qoratee calalee ture.Kun qorannoo inni digrii 3ffaa fudhatuufYunivarsitii Weelz Yuunaaytid Isteetitti bara2004 A.L.A godheedha.[46]

Hayyuun Mow'iil izzaddiin, qajeelchaan qorannoo kanaa barbaachisummaa barruu harkaa fi hirmaannaa Al-Shashiin beekumsa Isalaamaa kana keessatti taasise ilaalchisee akkana jedhan:-

Irra barbaachisaan ajaja shari'aa akka Al-Shaashiyyiin ilaalutti gara hiika isiitti deebiti,kan shri'aan yeroo heduu ifa godhu.Fkn: waan nama macheessu dhuguu irraa dhoorguu. Sababni shari'aan alkoolii dhuguu dhoorgituuf; dhugaatiin sun tooftaa*sheyxaanni* ittiin jidduu namaatti diinummaafi karaa Rabbiitii fi salaata iraa ittiin namaittisu waan taateef…Garuu hayyuun Al-Shaashiyyiin karaa (mazhaba) isaa kan Shaafi'iyyaa gabbisuuf jecha ilaalcha fiqhii hedduu qopheessuuf akka tattaafataa jiru mamii tokko malee hima.[47]

---

[46] - AL-llagaaniyyi, Abdunnaasir , "Diraasaa naqdiyyaa gulaalaan:, Qabee tokkoffaa, kitaaba *Mahaasinu sharii'aa* lil-Qaffaali ashaashii" (risaalaa doktooraa University Maanchister 2004)

[47] - Izzaddiin, Usuul attashrii'I al Islaamii fuula 106.

Haala kanaan; hiikkaa fi sababni Al-Qaffaaliin bu'uura beekumsaa taasisuun fudhatekun; yaada ilaalcha shari'aatiif akka yaada duraatti ilaalama, akka dameetti yaanni kun karaa ImaamAl-Shaafi'ii keessatti jalqabee haa jiraatullee. Gudinni Al-Shaashiyyin beekumsawontoota akka shari'aatti beekuun dirqama namarrati tahan irattii fi ilaalcha siyaasa isii irratti taasisee dabaltii bayyee bu'a qabeessaa fi beektota akka Al-Juweeynii, Al-Gazaaliitiifi karaa (mazhaba) Al-Shaafi'iyyii keessattii fi ilaacha yaada shri'aa keesstti hirmaannaa baay'eef haala mijeesseef.Sunis karaalee armaan dura dubbanneefi kan booda takka takkaan dubbatuuf deemnu kanatti dhimma bayuuni.

4- **Ibnu Baabuweeyh Al-Qammiyii** (Bara 381H/ 991 A.L.A tti du'e) akka qorattoonni gariin yaadanitti, hanga jaarraa 20ffaattiqorannoon ilaalcha shari'aa karaalee *(mazhaboota)* beekumsa fiqhii sunnaa irratti kan gabaabbate qofa ture[48]jedha. Garuu qorannoo qabatamaa ilaalacha shari'aa irraa bifa guutuun yeroo jalqabaatiif namni barreesse *Ibnu BaabaweeAL- sadduuqiyyi AL-Qummiyyi* nama jedhamuudha.Inni beekaa karaa shii'aa hordofu ta'ee, Hijraa irraa jaarraa 4ffaa keessa nama beekamaa fi guddaadha ture.Mata duree kana irratti kitaabota boqonnaa 335 qabu

---

[48] - *Hasn jaabir*, "Al-Maqaasid fi Al-Madrasat AL-Shii'iyyaa: diraasaatu fi qadaaya al-manaahij wa majaalaat attaxbiiq, gulaalaan: Muhammad saliim al-Awwaa (diraasaat fii falsafat attashrii'I al Islaamii: annazariyyaa wattaxbiiq) maxxansaa duraa (Al-Qaahira: mu'asasaa furqaan litturaas al Islaamii, markaz diraasaat almaqaasid 2006) fuula 325 akkasuma san: wal marii afaanii mawduu'a keessatti Iskandariyatti, Misri/Hagayya, 2006.

maxxanse[49].Kitaabichi mata duree “Ilal Al-Sharii’aa”jedhuun dhufe. Mata dureen isaa kun kan itti xiyyeeffatuRabbitti amanuu, nabiyyootatti amanuu, waan nama irraa fagaate (geybaa)tti amanuu fi kan kana fakkaatan irratti hiikkaa sammuun itti amantu, kan sammuun fudhattu dhiyeessuudha. Akkasumas ergaawwan dhokattuu kan akka salaataa, soomaa, Hajjii, sadaqaa, hadhaa fi abbatti tola ooluu fi dalagaadirqama biraa keessatti namaaf ifa hin ta’in ibsu[50].

5- **AL-AamiriyyiAl-Fiilsoof** (Bara 381H/ 991 A.L.A tti du’e). Haala qoqqooddaa ilaalcha kaayyoo shari’aa irratti kitaabni jalqaba barraa’e, kan*Al-Aamiriyyi* mata duree *Al-I’ilaam Bimanaaqib Al-Islaam* jedhuun qopheessedha[51].Kitaabicha kana keesssatti waa’ee, lubbuu namaa ajjeesuun dhoorgaa tahuu … qabeenya namaa saamuun dhoorgaa tahuu... iccitii namaa facaasuun dhoorgaa tahuu… gurra(maqaa) namaa balleessun dhoorgaa tahuu…amantaa gadi dhiisuun dhoorgaa tahuu…fa’a bal’inaan barreesse. Garuu qoqqoddaan *AL-Aamiriyyii*kun adabbiiyakkaairratti

[49] - Akkuma jedhe ustazni Doktooraa Muhammad kamaal imam, kulliyaa huquuqaa jaami’aa Iskandariyyaa keessaa wal marii afaaniiti Al-Qaahiraa, Misri / Hagayya, 2006.

[50] - Ibni Baabyhi assaduuq alqummii, *Ilalu ashari’aa,*gulaalaan: Muhammad Saadiq Baharal uluum (Annajaf: Daaral balaagaa, 1966).

[51] - Doktoor Ahmad Arreysuuniin, wal marii afaanii keessatti, Jidda, Sadaasa, 2006. Dr. Arresuuniin akka kitaaba Abu Al-Hasan Al-Feeylasoof Al-Aamirii dubbisu na gorsan. Kitaabichis *Al I’ilaam Bi Maqaasid Al-Isalaam* kan jedhutti, gulaalaan: Ahmad Guraab (Kaayroo : Daaru Al-kitaab Al-Arabii 1967).

xiyyeeffata, keessattuu adabbiiwwan (Huduuda) amantii Islaamaa keessatti jiru irratti xiyyeeffannaa kenna.

Haala kanaan, hanaga Hijraa irraa jalqaba jaarraa 5ffaatti, qooqqodiinsi ilaalchaa akka sadarkaa barbaachisumaa isaatti hin guddanne ture. Jaarra saddeetaffaa keessa yaani ilaacha shari'aakun baayyee bilchaatee mul'ate (guddina jaarraa 20ffaa A.L.A keessa dhufe qofa yoo isa irraa foone).

# BOQONNAA LAMMAFFAA

## Hoogantoota /Imaamman Ergaawwan Shari'aa Hijjraa Irraa Jaarraa 5ffaa Hanga 8ffaa

Jaarraa shanaffaa keessa akka *Abdallaa Ibnu Bayyaa* moggaaseetti Falaasama seera Islaamummaa isa jedhutu dhalate[52].Seensa yeroo sanii irratti tooftaaleen wanta akkuma jirutti fudhatanii irratti cichuu fi mul'ata gubbaa fatwa qofa irratti xiyyeeffatuun, qaroomina xaxaa yeroo ammaa kana ummanni irra ga'e waliin deemuuf gahaa ta'ee hin argamne.

Kanaaf dhimmoota haarawa dhufan wajjiin deemuuf yaanni *faaydaa gadi dhiifamtuu* jedhu mul'ate.Yaannikunis faaydaa fi bu'aawwan ilmi namaa itti dhimma ba'uu barbaadu, garuu kan kallattiidhaan Qur'aanaa fi Sunnaa keessattis dhimma isiin wal-qabate hin arganne kan ibsu jechuudha. Yaanni kunbakka duwwaa/hanqina ilaalcha kaayyolee duraanii keessatti akka bakka duwwaatti muldhatu guutee argame, gamasumaanuu gara kaayyolee Shari'aa Islaamaatti geessa.Namoota beektota fiqhii jaarraa 5ffaa fi 8ffaa giddutti, guddina ilaalcha kayyoolee keessatti gumaacha guddaa gumaachan keessaa muraasni:- AbuAl-Ma'aalii Al-Juweeniyyi, Abu Haamid Al-Gazaaliyyi, Al-izzi Ibnu Abdussalaam, Shihaabuddiin Al-Qarraafii, fi Shamsuddiin Ibnu AL-Qayyim, fa'a. Garuukan dhimma kana keessatti caalaatti itti dhimmame Abii Is-haaq Al-Shaaxibii jedhama.

### Imaama AL-Juweeynii fi dhimmoota walii galaa

Abu AL-Ma'aaliin Bara (478H /1085A.L.A)kan du'e yoo ta'u, kitaaba*Al-Burhaan fi Usuul Al-Fiqhi*kan jedhu barreessee ture.

---

[52] - Wal marii afaanii, sheek Ibni Bayyaa waliin magaalaa Makkaatti taasifame, Ebla, 2006.

Kitaabni isaa kunis qorannoo isa jalqabaa dhimma sadarkaawontoota dirqamaajedhu irratti bifa isa ammayyaa kanaan walfakkaatuun dhiyeessee ture.

AL-juweniin dirqamota kana akka sadarkaa armaan gadiitiin bakka shaniitti kaa'e:-

- Wontoota dirqamaan tiikfamuu qaban, kan akka haloo ba'achuu (qisaasaa);
- wontoota dhimma walii galaatiin walqabatan fknwaa wal irraa kireeffachuu fi walii kireessuu;
- Amaloota gaggaariin himamuu fi wantoota gadhee irraa fagaatuu, fkn kan akka qulqullina ofii eeggachuu fa'a;
- Qoqqooddaan Afraffaan wantota Sunnaa ta'anu keessattti kan qabatu yoo ta'u;
- Qoonni shanaffaan immoodhimmoota rakkinni isaa ifa galaa hin ta'in fi kan ergaan isaa hin murtaa'in irraa hin mudhanne. Qoqoonni kun garuu baay'ee hin mul'atu.[53]

Yaada inni maddisiise irraa kaayyoon shari'aa Islaamaa amantaa namaa eeguu, onnee namaaeeguu, sammuu namaaeeguu, maqaa (gurra) namaaeeguu fi qabeenya namaae eguudha[54].

Kitaabni AL-juweynii kan*Giyaas Al-Umama*jedhamu xiyyeeffannaan isaa guddaan waa'ee siyaasa shari'aa ta'uu wajjinuu dabaltii baayyee barbaachiftuu taate ilaalcha kaayyolee shari'aatiif qaba jedhee yaada.Kitaaba san keessatti warrooonni

---

[53] Al-Juwwyniy Abdul Malik; Alburhaan fi Usuul Al-fiqhi, gulaalaan: Abdul Aziim Addib, maxansaa afraffaa (Al-Mansuuraa: alwafaa, 1418H/1998A.L.A),Qabee lammaffaa, fuula 621, 622, 747.

[54] - Madduma gubbaa kana.

shari'aan deemanii fi *mazhaba* (karaa) wal-irraa dhaalan, guyyaa wayii ni dhokatu jechudhaansoda qabuqabu ibsate.

Boqonnaa dhumaa kitaaba isaa kana keessatti, yoo namoonni Shari'aa walii daddabarsan dhokatan haa jennu tilmaama jedhu dhi'eessa, tilmaama kana irraa ka'uudhaan Al-Huweeyniin akka ibsutti murtiiwwan shari'aa kanneen dhimma fiqhii gara garaa irratti kennaman bu'uurota jala sararamanii fi murtiiwwan shakkiin itti hin seenne fi kan karaan inni itti hiikamu hedduu hin ta'initti dhimma baana jedha akka yaada isaatti.

Al-Huweeyniin murtiiwwan yeroo akkanaa irratti irkannu kana yoo ibsu, isiin kaayylee *(maqaasida)* boqonnaalee fiqhiikan akka: bittaa fi gurgurtaa keessatti wal-irraa jaalachuu, boqonnaa zakaa keessatti namoota rakkatan irraa rakkoo baasuu, boqonnaa kaayyoo wantoota qulqullina namaa dhabsiisanii keessatti namaaf laaffisuu jedhu fi kkf.[55]

Kanaafuu kitaabni Al-Huweeynii kan*giyaasu Al-umama* jedhu kun, akka yaada mataa kiyyaatti, yaada haaroomsaa dimshaashaa fi kaayylee irratti hundaa'uudhaan beekkumsa *(fiqhii)* Islaamummaa irra deebi'ee bocuuf kan karoorfate jedhee amana.

## Imaam Al-Gazaalii fi Duraa Duuba Wantoota Dirqamaan Nama Barbaachistootaa

Baratаa Al-Huweeynii kan ture Abu Haamid Al-Gazaaliin (Bara (505H/111A.L.Atti du'e), ilaalcha/yaada Ustaaza isaa san fooyyessee kaaye. Akkuma kitaaba isaa Al-*Mustasfaa* jedhamu keessatti ibsetti, wantoota dirqamaan namaaf barbaachisan kan

[55] - Madduma gubbaa san fuula 446, 473, 494.

Al-Huweeyniin tarreesse kana irra deebi'ee duraa duuba isaa eegee akkanatti kaaye: amantii, lubbuu, sammuu, fira/sanyii namaa fi qabeenya.[56]

Al-Gazaaliin jalqaba nama jecha tiksuu/eeguu *(Al-Hifz)* jedhu kana dirqamoota shanan kana keessatti dhimma itti ba'eeti. Dirqamoota shanan kana sirritti addaan baasee barreessuu waliinuu, ergaa kanniiniif ragaalee wayiituu hin dhiyeeffanne. [57] Sababaan Al-Gazaaliin akkas godheef immoo, kaayyoowwan shari'aa kun keeyyoowwan Qur'aanaa keessaa cuunfamanii ba'an malee, kallattiidhaan keeyyata ifatti isa ibsan irratti hin hundooyne waan ta'eefi. Kunis akkuma fakkeenyota biro kan ragawwan shari'aa Islaamaa kan keeyyatoota irraa cuunfamanii dhimma itti ba'amaniiti.

Kanuma waliinuu, Al-Gazaaliin kaayyolee kanniin akka bu'uura murtiiwwan shari'aa irratti bu'ureffamtuutti ifaan ifatti ibse. Fakkeenyaaf kan inni barreesse keessaa muraasni akkana jedha; faaydaan/bu'aan raga shari'aatiin bakka saditti qoodamti: qooda shari'aan isii bakkee kenne, qooda shari'aan irraa dhoorge fi qooda shari'aan bakkees hin kenniniif kan ittis hin ajajini.

Qoonni Shari'aan bakkee kenneef sun ragaadha, argamni isaas *qiyaasa* irraa dhufe.*Qiyaasa* jechuun murtii tokko ergaa keeyyatoota Qur'aanaa fi Hadiisaa irraa cuunfanii fudhachuu fi murtiiwwan beektonni Islaamaa irratti walii galan irraa qabsiifachuu jechuudha. Fakkeenyi isaa wanti nyaatamu yookiin dhugamu kan nama macheessu hunduu haraama, murtii kanas

[56]Algazaalii,Al-Mustasfaa, fuula 258.

[57]- Madduma san 172.

kan fudhanne Farsoo dhuguun haraama isa jedhu irraayyi. Sababni isaas farson kan dhoorgamteef sammuu namaa tiksuufi.
Ergaan Rabbiin uumaa kana uumeef waa shani.Isaanis: amantii isaanii, lubbuu isaanii, sammuu isaanii, fira/hortee isaanii fi qabeenya isaanii tiksuu/eeguufi. Wanti dirqamoota shanan kana nuu tiiksu hunduu bu’aadha. Wanti dirqamota kana nama jalaa balleessu hunduu wanta waa balleessu waan ta’eef isa dhabamsiisuunis bu’aadha[58].
Al-Gazaaliin seera bu’uurri isaa sadarkaa dirqamoota shananii kana eegee deemu lafa kaayee ture. Seerri kunis; dirqamoota kanniin keessaa dursi kan kennamuufii qabu, dirqamoota kana keessaa kan irra barbaachisaa ta’eefi, booda isa itti aanu, boodas kan itti aanu … jedhaa itti fufuu qaba; kunis kan ta’u yoo dirqamoonni lamaan yeroo hojii irra oolchuuf deeman ergaa wal-faallessan kan kennan ta’e jedha.[59]

## Izzaddiin Abdussalaam fi Ergaa Murtiiwwan Duubaan Jiran

Izzaddiin Abdussalaam kan(Bara 660H/1209A.L.Atti du’e) yoo ta’u kitaabota xixiqqaa lama kan ergaa shari’aatiin walqabatan barreesse. Kitaabban lamaan kunis:*Maqaasid Assalaat* fi *Maqaasid Assowmi* jedhama.[60] Garuu qabatamaan gumaachi guddaan inni yaada kaayyolee irratti godhe kan mul’atu, kitaaba

[58] - Madduma sani 174.
[59] - Madduma sani, 265.
[60] - Al-Izz Ibni Abdussalaam, Maqasid Assowm, gulaalaan: Iyaad Axxibaa’I, maxxansaa lammaffaa (Beeyruut: Daaru al-fikr, 1995).

isaa *Qawaa'id Al-Ahkaam fi Masaalih Al-Anaam* jedhamu keessatti.

Wantoota Izzaddiin Bin Abdussalaam hojjate keessaa; murtiiwwan shari'aa kana ergaa/kaayyoo isiin deemtuuniin walitti hidhe. Kana irratti yaada inni barreesse keessaa:

" Namni ergaashari'aa kan bu'aawwan namaaf fidanii fi kan miidhaa nama irraa deebisan kana duuka bu'ee hordofe, yaada bu'aawwan kunniin akka salphatti ilaalamuu hin qaban, yookiin miidhaawwan kanniin itti dhiyaachuu hin qabnu, otuu keeyyanni Qur'aanaa fi Hadiisaa, yookiin yaanni beektonni irratti walii galan *(Ijmaa'a)*, yookiin otuu wanti isa fakkaatu kan keeyyanni kallattiin ibsite kan murtii isaa irra dhaabatanii murtii tilmaamaa biraa fudhatan *(Qiyaas)* jiraachuu baatellee,yaada jedhu irra ga'a" jedha.[61]

## Imaam Al-Qarraafii fi Gosoota Dalagaawwan Nabi Muhammad (S.A.W)

Gumaachi hayyuun Shihaab Addiin Al-Qarraafiin (Bara 684H/1285A.L.Atti du'e) ergaa shari'aa keessatti qabu kan mul'atu, yeroo inni dalagaawwangara garaa kan ergamaan Rabbii (nagayaa fi tolli Rabbii isaan irratti haa jiraatu) dalagan waan isaan yaadan irratti hundaa'ee gar gar qoodeedha. Al-Qarraafiin kitaaba isaa *Al-Furuuq* jedhamu keessatti akkana jedha:

[61] - Al-Izzi Ibnu Abdussalaam, Qawaa'id Al-Ahkaam fii Masaalih Al-Anaam (Beeyruut: Daar annashr, Bara maxxansaatiin ala,) boqonnaa lammaffaa, fuula 160.

“Gochi ergamaan Rabbii (nagayaa fi tolli Rabbii isaan irratti haa jiraatu) akka abbaa murtiitti dalaganii fi gochi isaan akka nama amaanaa itti kennamte geessuutitti dalagan addaan jira… faanti(timni) gochoota bifa kanaan dhufaniis shari’aa keessatti addaani…wanti isaan akka nama ergaa geessuutti himan yookiin gochaan mul’isan hunduu akka murtii walii galaatti fudhatama… waraana bobbaasuun isaanii, mallaqa kuusaa Muslimootaa keessa jiru qaama sirri/haqa godhatutti qooduun isaanii, hooggantummaa fi abbaa murtii ta’uun, boojii argamte namaaf raabsuun isaanii, walii galtee mallatteessuun fi kkf akka gocha nama hogganaatti ilaalama malee waan akka biraatti fudhatamuu hin qabu”[62].

Bifa kanaan Al-Qarraafiin hiikkaa kaayyolee/ergaa Shari’aa kana babal’isuun wanti itti fedhame yookiin wanta ergamaan Rabbii (nagayaa fi tolli Rabbii isaan irratti haa jiraatu) gocha san irraa barbaadaniin walitti hidhe. Hayyuun Ibnu Aashuur (Bara 1976 A.L.Atti du’e), kitaaba Al-Furuuq kan Al-Farraaqii kana akka gar-tokkee hiikkaa ergaa Shari’aatti itti fayyadame *(fuul-duratti ni ibsina).*[63]

Al-Qarraafiin mata duree *Fathu Azzaraa’i’i li tahqiiq Al-Masaalih* jedhu irrattis barreessee jira.Kuni immoo yaada kaayylee Shari’aatiif babal’inna guddaa godhee jira. Isa keessatti akkana jechuun barreesse: *“Tooftaaleen bu’atti nama geessan banamuu qabu, tooftaaleen miidhatti nama geessan*

---

[62] - Shihaab Addiin Al-Qarrafii, Al-Furuuq, (Beeyruut:: Daar al -kutub al- ilmiyyaa 1998), maxxansa duraa, fuula 357.
[63]- Ibnu Aashuur, “Maqaasid Asharii’aa Al-Islaamiyyaa, fuula 100.

*immoo cufamuu qabu''*[64]. Bifa kanaan Al-Qarraafiin akkuma fuul-duratti ilaaluuf deemnu, gama miidhaa qofa irratti hin xiyyeeffanne.

**Imaama Ibnu Al-Qayyimii fi Dhugummaa Seera Islaamaa**

Shamsuddiin Bin Al-Qayyim (Bara 748H/1347A.L.Atti du'e), barataa sheeka Islaamaa Ahmad Ibnu Teeymiyyaa (Kan bara728H/1328A.L.Atti du'anii) ture. Gumaacha inni kaayyolee Shari'aa keessatti godhe yooilaalle yaada *Al-hiyal Al-Fiqhiyyaa*(Tooftaawwan Fiqhii) jedhamu irratti nama yeroo jalqabaatiif qorannoo gadi bu'iinsaan taasiseedha. Tooftaawwan/maloota tunniin dhugumatti yoo ilaalle ergaa/kaayylee shari'aatiin wal-faallessiti.

Tooftaan walii galtee haraamaa kan akka dhala nyaachuu, beenyaa fudhachuu fa'a, osoo bocni isii kan gubbaa kunis seera-qabeessa fakkaatullee isiin haraamuma, fakkeenyaaf boca bittaa gurgurtaa, boca kennaa walii kennuu yookiin boca biraa fa'a qabaachuu dandeetti. Kana irratti Ibnu Al-Qayyim akkana jechuun barreesse:

"Tooftaan gariin haraama ta'uu wanta ibsu keessaa, Rabbiin ol'aanaan wanti inni dirqamota dirqama godhee wantoota dhoorgaman irraa nama dhoorgeef, jiruu fi jireenya ilama namaatiif bu'aa waan fiduufi… yoo gabrichi waan Rabbiin irraa dhoorge halaala godhate, waan Rabbi dirqama godhe kuffisee, waan Rabbi karaa godhe hojiin ala taasisuu keessatti tooftaa

[64] - Al-Qarrafii, Azzakhiiraa, boqonnaa tokkoffaa, fuula 153. Al-Qarrafii Al-Furqaan, boqonnaa lammaffaa fuula 60.

fayyadame, inni amantii *(diin)* Rabbii kana gama hedduun balleessaa jira:

Gamni tokko, ogummaa Rabbiin wanta tokko lafa kaayeef dhabamsiisuu, ogummaa/bu'aa san faallessuu fi mormuudha. Inni lammataa, dhimmi inni tooftaa irratti fayyadamu sun isa dhugaatii miti, ergaan isaas isa inni itti geeddare sanii miti, gubbaa dubbii waan karaa godhameeti malee.Ka barbaadame immoo wanti karaa godhame sanii miti, wanta haraama godhame sani malee.Fakkeenyaaf wanni jecha dhala jedhutti fedhame, dhala haraama ta'e san ibsuufi malee gosoota bittaa gurgurtaa halaala ta'anii san itti hin feene (keessa hin seenu).

Akkasumas mala namni tokko zakaa qabeenya ofii irraa baasuu diddaaf malatu; qabeenya ofii fuudhee nama dur qarshii takka hin kennineefi kenna, ergaan isaa guddaan zakaa baasuu diddaaf, garuu irri gocha kanaa immoo kennaa seera-qabeessa fakkeessuudha, namichi immoo yeroo qabeenya dabrsee kennu kana, kennaa ittii in feene, zakaa dhorgachuu fedheeti malee… Shari'aan tun lubbuudhaaf akka nyaataa fi qorsi qaamaaf barbaachisutti barbaachifti.Kana kan jenneef immoo dhugaa jiru irraa kaaneeti malee, maqaa fi boca isii irraa kaaneetii miti" jedha.

Ibnua Al-Qayyim karaa isaa kan Fiqhii kana gabaabsee yoo kaayu akkana jedha "Isiin kan irratti bu'uureffamte bu'aa fi hikmaa irratti". Kanas ibsa isaa cimaa armaan gadii kana irraa hubachuu dandeenya:

"Sharii'aan ijaarsi isii kan bu'uuraa ogummaa fi faaydaa gabrootaa irratti kan hundaa'eedha.Shari'aan cufti isiituu haqqummaadha, mararfannaadha, cufti wanni isa keessatti

dhufee ogummaadha, bu’aadha.Dhimmi sarara haqqummaa gadi dhiisee gara nama miidhuutti, kan mararfannaa irraa gara faallaa isaatti dabe, bu’aa irraa gara midhaatti, ogummaa irraa gara taphaatti dabe hunduu Shari’aa miti, osoo fakkeessanii keessa seensisaniillee”[65].

Akka ilaalcha kiyyaatti, keeyyanni armaan olii kun seera bu’uuraa kan haala/uumama seera Islaamummaa beekuuf nama gargaaruudha.Keeyyata kana keessatti kaayyoowwan Shari’aa, akka bu’uura ijaarsaatti yeroo fudhatamtu bakaa isiin malu qabattee jirti.Haala kanaan jechoota ifa galaa fi jechoota jajjabotti fayyadamuun ibsa godhe imam Al-Shaaxibiin.

## Imaam Al-Shaaxibii fi Kaayyoo Shari’aa Akka Bu’uuraalee Shari’aatti Ilaaluu

Jechoonni kaayyowwan Shari’aatiin wal-qabatan kan Abu Ishaaq Al-Shaaxibiin (Bara 790H/1388A.L.Atti du’e) dhimma itti baye, bifa walii galaatiin yoo ilaallu jechoota Al-Juweeynii fi barataan isaa Al-Gazaaliin itti fayyadameen tokkuma.Garuu akka ani yaadutti, kitaabni isaa kan*Al-Muwaafaqaat fi Usuul Asharii’ati* jedhu keessatti, dhimmoota sadi ciccimoo barreessee jira:

## Tokkoffaa: Faayidaa*Mursalaa* (gadidhiifamtuu) irraa gara Bu’uura Shari’aatti

Kaayyoowwan Shari’aa, otuu *Al-Shaaxibiin* kitaaba isaa *Al-Muwaafaqaat* jedhamu hin barreessin dura akka garee

[65] - Shamsuddiin Ibnu Al-Qayyim, I’ilaam al-Uuwaqqi’iin (Beeyruut:: daaral jiil, 1973) Qabee jalqabaa, fuula 333.

faaydaalee gadi dhiifamtuutti ilaalamti turte.Kophaa isaatti akka bu'uura of danda'eetti hin fudhatamtu ture.*Al-Shaaxibiin* kitaaba isaa *Al-Muwaafaqaat* jedhamu, jalqaba isaa keeyyatota Qur'aanaakan kaayyolee shari'aatiin walitti hidhama qabdutti gargaarsifachuun eegale.Keeyyatoonni kunis kan Rabbiin uumaa isaa kana ergaa inni uumeef ibsan, kan sababaa inni ergamtoota ergeef ibsan, kan sababaa Rabbiin dhimma wayii karaa godheef ibsanitti fayyadame.[66]Dhuma irratti immoo Kaayyoo shari'aa kana akka bu'uura amantitti, seera shari'aatti fi ergaa dimshaasha walii galaa kan waan hunda of keessatti hammattuutti fudhate.[67]

## Lammaffaa: Ergaa Murtiiwwan Boodaan jiran Irraa Gara Seera Murtiiwwantti

Al-Shaaxibiin yaada duraa duuba ergaa Shari'aa jedhu irratti hundaa'uun gara yaada dimshaashni keessattuu wantoonni dirqamaan nama barbaachisan, murtiiwwan gar-tokkee yookiin dame kaayyoo fudhachuu hin danda'an jedhu irra gaye.[68]

Bu'uurri kun immoo hundeelee durii irraa kutannaan buqaa'uu mul'isa, mazhabuma *Maalikii* Kan silaa Al-Shaaxibiin hordofus geeddaruu mul'isa. Wanti kana jenneef Mazhabni *Shaafi'ii*kun yeroo hundaa ragaa dhuunfaatiif (gar-tokkee qabxiilee qofa irratti xiyyeeffatuuf) dursa kenna, isa ragaa walii galaa

[66] - Ashaaxibii, Al-Muwaafaqaat, Qabee lammaffaa, fuula 6.
[67] - Madduma san, Qabee lammaffaa, fuula 25.
[68] - Madduma san, Qabee lammaffaa, fuula 61.

caalaa.[69]Inumayyuu ergaa shari'aa beekuun carraaqqii sadarkaa kamiituu gaggeessuuf dirqama ta'a jedhe Al-Shaaxibiin.[70]

## Sadaffaa: Ragaalee Hiika Shakkii Qaban Irraa Gara Hiika Jala Muramaatti

Al-Shaaxibiin, bakkee guddaa kaayyoowwan Shari'aa argatan kana deeggaree, kitaaba isaa kan waa'ee kaayyolee kana irratti qophaa'e jalqaba seensa isaa irratti ragaa qorannoolee murtii jala muramanii fiduudhaan eegale. Adeemsi kun immoo, adeemsa inni yeroma jalqabaatuu kaayyoo/ergaa shari'aa yaada jedhamutti ga'uuf hordofaa tureedha. Kunis ragaalee hedduu ta'anitti gargaarsifachuuni.[71]

Kunis adeemsa jijjiirraa kan adeemsa armaan olitti dubbanne kan falaasama Girikootaa irratti bu'uureffame irraa adda ta'eedha. Bu'uurri falaasama Girikootaa ka'umsa godhate kunis yeroo hedduu ragaalee shakkii qaban/kan jala hin muraminitti dhimma ba'u.

Hanga jalqaba jaarraa 20ffaatti, kitaabni Al-Shaaxibii kun beektota biratti akka madda wabii kaayyoo shari'aatti fayyadaa ture. Garuu yaanni Al-Shaaxibii kankaayyoowwan Shari'aa kun bu'uura seera Shari'aa ta'uu qaban jedhu qofti fudhatama gahaa hin arganne malee.

---

69 - Arreysuunii, Nazariyyat Al-Maqaasid, fuula 169.
70 - Ashaaxibii, Al-Muwaafaqaat, Qabee afraffaa, fuula 229.
71 - Madduma san, Qabee lammaffaa, fuula 6.

# BOQONNAA SADAFFAA

## Ga’ee Kaayyoowwan Shari’aa Haaroomsa Islaamummaa Ammayyeessuu Keessatti Qabdu

Kaayyoowwan/ergaaleen Shari’aa kun yeroo ammaatti, tooftaalee ciccimoo xiinxalla Islaamummaa kan haaroomsaa fi hammayyeessaaf onnate irratti bu’uureffamu ta’ee jira.Dhimmi shakkii tokkos hin qabne, yeroo ammaa kanatti yaalii miidiyaan ifa baasuuf tattaafatutu jira; keessattuu miidiyaan biyyoota dhihaa yaalii yaaddessaadha.

Yaaliin kunis yaada faallaa ta’e, bu’uura godhachuun seera Islaamummaa haaroomsuuf kaayeffame. Haaroomsi kun immoo hawaasa Muslimaas ta’ee ummata hagoo Islaamaas kan qixxisuudha.Garuu yaaliiwwan tun yeroo baay’ee amantii Islaamaa fi Muslimtoota madaqsanii akka isaan seera sammuu, hawaasummaa fi siyaasaatiin walfudhatan godhuun dhimma itti bayu ture.Kuni immoo amantii Islaamaa fi faaydaa Muslimaa irraa wanta baay’ee 2fagoo ta’edha.

Kanaafuu, ga’een kaayyoowwan Shari’aan Islaamaa dhimmoota kanaan walfakkaatan irratti qabdu ga’ee bareeda. Innis ga’ee falaasama seeraa kan haaroomsaaf bu’uura ta’uu danda’uudha. Garuu falaasamni kunis kan guddate barnootuma saayinsii Islaamaa waliini. Qayyabannaan argama/ hawaa kanaa fi jireenyaa, naannoo sammuu Islaamaa fi dhugaa sammmuun fudhattu jidduu naannaya. Dhimma kana irratti maal jechuu akka barbaanne, qabxiilee armaan gadii irrattii kan mata dureewwan kana kallattii gara garaatiin ilaalanirratti ibsuuf yaalla.

Jalqaba irratti kan dursinu, gama kaayyoowwan wal-qabatee xiinxala Islaamummaa ammayyaa kan akka jechoota haaraya amaatti akka porojektii misoomaa fi miraga ilma namaatti ibsamu. Isatti aansuudhaan kaayyolee shari'aa kana damee fiqhii Islaamummaa keessatti akka adeeemsa haaroomsaa faarfamaa fi barbaadamaatti fudhachuun dhiyeessina; keessattuu dhimma garaa garummaa jidduu galma gayamuu barbaadamuu fi tooftaale isa keessatti hordofamanii jiran ibsuu irratti xiyyeeffanna.
Sadaffaa irratti immoo barbaachisummaa kaayyoowwan kun qayyabannaa Qur'aanaa fi Sunnaa daangessuu keessatti qabdu ilaalla. Isatti aansuun immoo damee waa carraaqqii kan rakkinoota banuu irratti hundaa'e faallaa ejjannoo durii kan rakkinoota deebisuu qofa irratti gabaabbatuu kan ta'e dhiyeessina. Afraffaa fi qabxiin dhumaa karaalee *(mazhaboota)* fiqhii Islaamaa adda addaa jiddutti, kaayyoowwan shari'aa kun qabxii irratti walii galamaa ta'uu isaa dhiyeessina. Akkasumas kaayyoleeen kun marii jidduu amantiiwwan gaggeeffamu keeessatti akka bu'uura mariitti fudhatamuu isaa ilaalla.

## Kaayyolee Shari'aa akka Porojektii Misoomaa fi Mirga Namaatti

Gumaacha walii gala beektotaa fi xiinxaltoonni Islaamaa kanneen ammayyaa gumaachan keessaa, kaayyolee shari'aa ibsuu keessatti jechoota *(terminology)* ammayyaa fayyadamuu isaaniiti.Haa ta'u maleen beektonni Islaamaa Muraasni jechoota

kaayyolee shari’aa kana ammayyeessuu ni mormu[72]. Mee qabxiilee armaan gadii kana keessatti gumaacha isaanii muraasa ibsuuf haa yaallu:

Qorannoo durii kan waa’ee kaayyolee ibsan sanyii/hortee ilma namaa eeguu kana dirqamoota shari’aan tiiksitu keeessaa isa tokko jechuun fudhtu turan. Kunis kan mul’ate; yaalii jalqabaa kan Aamiriin yeroo waa’ee adabbii seera Islaamaa keessa jiru ibsuuf yaaluun waa’ee maqaa namaa balleessuu irraa dhoorguu keessatti yeroo inni haasayetti ture.[73]

Isa booda immoo Al-Huweeynitu dhufe, innis yaada namoota isa dura dhufanii kan maqaa namaa xureessuun wal-qabate san fooyyessuun gara ilaalcha waa tiksuu/eeguutii geeddare, kana jechuun lubbuu fi qabeenya tiksuu jechuudha

Al-Kuweeynii biratti, adabbiin nama naamusa fixataa ta’ee mata duree qaama saalaa tiksuu jedhu jala gala.[74]Jecha sanyii dhala namaa tiksuu jedhu immoo Imaam Al-Gazaalitu itti fayyadame.Sanyii tiksuu kanas akka kaayyolee shari’aatti, sadarkaalee dirqamoota namaaf barbaachisanii keessatti ramade[75]. Akkuma kana dura dabarsine Al-Shaaxibiin immoo yaada sanyii namaa tiksuu jedhu kan Imaam Al-Gazaaliin fide kana mirkaneessee ture.

Dhimmi ijoon, jaarraa diigdammaffaa keeessa beektota Islaamaa keessaa kanneen dhimma kaayyolee shari’aatti dhimmaman

---

72 - Fakkeenyaaf: shekni Alii Jum’aa, muftiin diyaar al-Mmasrii wajjiin wal marii afaanii waliin godhame, Kaayroo, Muddee 2005.

73 - Al-Aamiriyyi, Al-I’ilaam, fuula 125.

74 - Al-juweeynii, Al-Burhaan, Qabee lammaffaa, fuula 747.

75 - Al-Gazaalii, Al-mustasfaa, fuula 258.

jecha sanyii namaa tiksuu jedhu kana fooyyessanii, akka gar-tokkee tika maatii ta'u godhanii jiru. Akka fakkeenyaatti hayyuu *Ibnu Aashuuriin* yoo fudhanne, kitaaba isaa *Maqaasid Al-Shari'aa Al-Islaamiyyaa* jedhu keessatti boqonnaa addaa kan kaayyolee maatii jedhu kaayee ture.
Qorattoonni gariin gumaacha Ibnu Aashuur kana gara jecha tika maatii jedhu san sirreessee kaayuutti fudhatu, gariin immoo akka ilaalcha haaraya bakka ilaalcha durrii bu'uutti fudhatu.Kanas ta'ee sanis; gumaachi Ibnu Aashuur godhe beektota isa boodaan dhufaniif akka isaan kaayyolee shari'aa kana bifa addaatiin irratti hojjataniif karaa saaqee jira.
Beektota Ibnu Aashuur karaa saaqeef keessa *Sheek Al-Qardaawiin* adda durummaan dubbatama, innis yaada *maatii gaarii hundeessuu* jedhu gara kaayyolee shari'aatti dabale.Jechan kun immoo yaada maatiin bu'uura ijaarsa hawaasaati jedhu hawaasa keessatti calaqqisiise. Kana jechuun immoo yaada maqaa namaa xureessuu yookiin sanyii namaa eeguu yookiin qaama saalaa ofii badii irraa eeguu jedhu san hambisuu jechuu osoo hin taane, bu'aalee dhuunfaa fi hawaasaa kana hunda galmaan ga'uuf bu'uurri maatii ijaaruu ta'uu qofa mul'isuufi.
Dursa maatii ijaaruuf kennuun kun immoo akka mirga dubartoota Muslimaa fi mirga daa'imman abdii boruu ta'anii sirritti cimsuun isaa shakkii hin qabu. Akkasumas miidhaa fi hubaatii gara garaa irraa isaan tiiysa.Jechoota kaayyolee shari'aatiin wal-qabatan kanaaf karra bananii olii gadi geeddaruun kun immoo akka shari'aan dhimmoota ammayyaa kan ummataa irratti xiyyeeffanaan hojjatu isa godha.

Kallattiin kaayyolee Shari'aa Ibnu Aashuuriin boodaa kallattii Al-Aamirii kan bu'aa ummata mirkaneessuun geengoo adabbii jala galchuun addaani, akkasumas qayyabannoo Al-Gazaalii kan miidhaa irraa of tiksuu jedhuunis adda. Kallattiin ilaalcha ammayyaa inni haarofni gara safuudhanii fi dhaabbileetti xiyyeeffataa jira. Jechoonni lamaan kun immoo jechoota Ibnu Aashuuri[76].
Garuu beektonni Islaamaa ammayyaa gariin, jechoota haaraya haqqummaa fi bilisummaa/walabummaa kana kaayyolee shari'aa keessa galchuu ni mormu. Isaan kan itti mul'atu jechoonni ammayyaa kunniin yaaduma durii san keessatti walitti qabamee isa jala haa galu yaada jedhu dhiyeessu.[77]Ani garuu jechoota barnoota kanaan wal-qabatan fooyyessuu fi ammayyeessuun rakkina wayiituu waan qabu natti hin fakkaatu, akkuma gosa barnoota biraa keessatti jechoonni fooyyeffamanii ammayyeeffaman sani.
Dhimmi sammuu namaa eeguu jedhus hanga yeroo dhiyootti, kan amantiin Islaamaa wantoota nama macheessan irraa dhoorge qofa irratti gababbata ture. Garuu yeroo ammaa kana jechi kun gar-malee babal'atee, beekkumsa barbaaduuf imala deemuu, faffaca'iinsa beekkumsa saayinsii, hawaasa Islaamaa keessaa

[76]- Ibni Aashuur, Axxahir, Usuul Annizaam al- ijtimaa'I fi Al-Islaam, (Ummaan, Daaru Annafaa'is, 2001) fuula 206.
[77] - Fakkeenyaaf: Shekni Alii Jum'aa, muftiin Diyaar al-Mmasrii wajjiin wal marii afaanii waliin godhame, Kaayroo , Muddee 2005.

sammmuun nama baratee godaanuu ittisuu fi kkf of keessatti hammatuu danda'ee jira.[78]

Akkasuma, dhimmi maqaa namaa tiksuu fi lubbuu tiksuus guddataa dhufanii jiru. Al-Shaaxibii fi Al-Gazaalii biratti jechoonni lamaan kun sadarkaal wantoota barbaachisanii keessatti ramadaman. Hayyoota kanneen lamaaniin dura, adabbii namamaqaa namaa xureessee jecha Al-aamirii keessatti ibsinee jirra.Al-Juweeyniinis jecha lubbuu eeguu jedhutti fayyadamee jira. Garuu jechi lubbuu eeguu jedhu kun Araboota biratti otuu amantiin Islaamaa hin dhufin durayyu beekkamaa ture. Walaleessaan beekamaan Intazaa jedhamu, walaloo isaa tana keessatti, maqaa isaa eeggachuuf jecha ilmaan Damdamaa lamaaniin yeroo wal-lolu ibsa:

*Nin du'aa sodaadheen jira*
*Lolli dabareedha ilmaan Dadamdamiif*
*Kan maqaa kiyya naxureessaniif*
*Osoo ani isaan hin arrabsin*
*Arguuf jiru yoo hin argin dhiiga kiyya*

Sahaabaan Aliyyi Ibni Abii Xaalib Rabbi isa irraa haa jaalatu akkana jedhe:

*Qabeenya kiyya nama isa barbaada dhufeef nin kenna*
*Kennaa/waqfii godha bifa liqii fi dirqamaatiin*
*Kan qabeenya kana barbaadu yookii nama gaarii maqaa isaa ittiin tiksuuf ta'a*
*Yookii nama abaaramaa ta'ee ani maqaa kiyyan ittiin of tiiksa*

78- Jaasir Awudaa, Fiqhul maqaasid: Inaaxatu al-ahkaam ashar'iyyaa bi maqaasidihaa (Verjiinaa, Al-Ma'ahadal aalamii li Al-fikr Al-Islaamii, 2006) fuula 20.

Dhimmuma kana irratti Hassaan Ibni Saabitis Rabbi isa irraa haa jaalatu akkana jedhe:
*Maqaa kiyya mallaqa kenneen eeggadha of jalaa hin balleessu Rabbi barakaa (faa'idaa) itti hin godhini qabeenyaeega maqaan nama bade boodaa.*
Ergamaan Rabbii (nagayaa fi tola oolli Rabbii isaan irratti haa jiraatu) akkana jedhan*: "Dhiiga Muslimaa dhangalaasuun, Qabeenya Muslimaa balleessuun fi maqaa muslimaa xureessuun Muslimoota hunda irratti haraama"*[79].
Garuu jechi maqaa/dhageettii namaa tiksuu jedhu kun qorannoo kaayyolee ammayyaa keessatti jecha kabaja ilma namaa eeguu fi mirga namummaa eeguu jedhuun bakka buufamee jira jedhu akka hayyoonni ammayyaa gariin ibsanitti. Kana jechuun jechootumti bakka buufaman kunniinuu matummaan isaaniituu ergaa shari'aa Islaamaa keessaa tokko ta'uu isaanii mul'isa jechuudha.[80]
Sadarkaa qorattoota Muslimaatii fi Muslimaa hin ta'iniitti, dhimmi mirgi namummaa amantii Islaamaa waliin akka walii galu kan mirkaneessu qorannoo heddutu jiru.[81]Bara 1981

[79] - Al-Bukaarii, Asahiih, Qabee tokkoffaa, fuula 37.
[80] - Yuusuf Al-Qaradaawii, madkal liddiraasa Asharii'a al-Islaamiyya (Kaayroo : wahiba 1997), fuula 101, Axiyyaa, nahwa tafi''il maqaasid asharii'aa fuula 170, Ahmad Arreeysuunii , Muhammad azuheeylii, Muhammad Ashabiir, maqaasid asharii'aa mihar huquuqul insaan kitaabul umma, lakk. 87, (2002) Muhammad Alawwaa Al-fiqhi al-Islaamii fi xariiq attajdiid (Kaayroo: almaktab al Islaamii 1998), fuula 195.
[81] - Muhammad Usmaan Saalih, Amantiin Islaamaa, seera walii gala kan mirga namummaa tiiksuu fi jajjabeessu,qorannoo konfaransii

A.l.Atti labsiin mirga namummaa Islaama addunyaa labsame. Labsii kanas kan labsan hayyoota Islaamaa kanneen karaa adda addaa bakka bu'anii argamani. Labsichis kan labsame gama dhaabbata Yuuniiskootiini.

Labsiin kunis kan bu'uureffame keeyyatoota Qur'aanaa fi Hadiisaa irratti hundaa'eeti. Mirga labsame kana bifa walii galaatiin yoo ilaalle, mirgoota labsii mirga namummaa addunyaa keessatti labsame hunda of keessatti qabata, mirgoonni sunis: mirga jiruu, mirga walabummaa/bilisummaa, mirga haqqummaa, mirga wal-qixxummaa, mirga murtii haqaa argachuu, nama miidhuu dhoorguu, mirga baqattummaa, mirga bilisaan yaada ofii ibsachuu, mirga amantii, mirga walitti qabamuu/ gurmaayuu, mirga barumsa argachuu fi mirga bilisaan bakkaa bakkatti socho'uuti.[82]

Garuu dhaabbata mootummoota gamtoomaniitti, miseensonni komishinii mirga namummaa addunyaa muraasni qeeqa labsii mirga namummaa Islaamaa labsame kan irratti qaban ibsatanii jiru. Akka isaan jedhanitti labsiin kun jechoonni isa keessatti fayyadaman jechoota labsii mirga namummaa addunyaa kan

---

addunyaa kan Islaamaatii fi kan mirga namummaa irratti qophaaye, Kaartuum, 2006.

[82] - Universitii Torantoo, mana kitaaba Mirgootaa, Booraa laaskin, ittisa addunyaa kan mirga namummaa 2004 Amajjii 2005, interneeti irra galuun link kana jala jira: http://www.law.unchr.cah/Huridocda/Huridoca.nsf/(sybol)/ E.CN.4.sub.2.2003.NGO.15.En.

aadaalee hedduu of jalatti hammatuu saniin adda jechuun qeeqan.[83]

Garuu miseensonni gariin immoo labsiin mirga namummaa Islaamaa kun dhimmoota haaraya bareeda mirga namummaatiif dabalee jira jedhu. Sababni isaas labsiin mirga namummaa Islaama addumyaa kun mirgoota labse kana gama Rabbiitiin waan walitti hidhuu fi safuulee of keessatti waan hammatuufi.Kun immoo faallaa labsii mirga namummaa addunyaati jedhu.[84]

Adeemsi kallattii mirgi namummaa yeroo ammaa itti adeemaa jiru kun immoo, labsii mirga namummaa Islaama addunyaa kanaan wal-gita, qeeqama garee miseensa komishinii mirga namummaa addunyaa sanis ilaalcha keessa ni galcha, keessattuu yoo jechoota kaayyoo mirga namaa eeguu kun akka ammayyoomu barbaanne fi yoo seera addunyaa keessatti akka hidda godhatu barbaanne.

Dhimma mata duree hariiroo jidduu mirga namummaa fi kaayyolee sharii'aa jedhu kun qorannoo ciccimoo gadi fageenyaan qorataman hedduu gaggeessuu barbaaachisa. Kunis qabxiiwwan qorattoonni yeroo hariiroo mirga namummaa fi kaayyolee shari'aa jidduu jiran kana gara hojiitti jijjiiramu

[83] - Koree mootummoota gamtoomanii kan mirga namummaa, waa'ee mirga ilma namaa irratti dhimmoota muraasa, Gurraandhala 2005, intarneet irratti link kana irratti argattu: http://www.unhchr/cah/huridoca.nsf/(symbol)/E.C.N.4.sub.2.2003.NGO.15.En.

[84] - Madduma sani.

waldhabbii guddaa mul'isa jedhan kun hanga furamutti qorannoon itti fufuu qaba.[85]
Jechi (Jechan) amantii eeguu jedhu kan Al-Gazaalii fi Al-Shaaxibiin itti fayyadamanis hiddi isaa kan bu'uuraa haasaya Al-Aamiriin dhimma adabbii nama amantii sirrii keessaa bayeetiin wal-qabsiisee dubbate irraayyi.[86]Garuu yeroo ammaa kanatti yaaduma san bifa guutummaan guututti ka duraaniitiin waldhabuun irra deebifamee qayyabatame.Yeroo ammaa kana jecha mirga waan fedhanitti amanuu jedhutu jira, kunis jecha Ibnu Aashuuri[87] itti fayyadame yookiin akka qorattoota ammayyaatti mirga amantii jedhamuun beekkama[88].
Hayyoonni mirga amantii fedhan hordofuu deggaran, ragaan isaan fidatan keeyyata Qur'aana armaan gadii kana:

لَآ إِكۡرَاهَ فِي ٱلدِّينِۖ سورة البقرة: 256

*[Amantii keessatti (nama) dirquun hin jiru]*(Al-Baqarah: 256).
Sababni isaan ragaa kana akka mirga amantii fedhan filachuutti dhiyeeffataniif, isa kanatu qayyabannoo *adabbii nama amantii gadi dhiisee* jedhu; kan fiqhii durii keessatti amantii tiksuu jalatti dhufisan caalaa sona guddaa fi cimaa ta'e waan qabuufi. Gama seenaatiin yoo ilaallu, adabbiin nama amantii gadi dhiise

85 - Saalih, amantiin Islaamaa seera dimshaashawaa mirga namummaa tiksuu fi eeguu of keessatti qabatuudha, Muraad hofmaan, Al-Islaamaam alfeeyn, maxxansaa duraa (Kaayroo: Shuruuqa, 1995) fuula 56.
86 - Al-Aamiriyyii, Al- I'ilaam, fuula 125.
87- Inbni Aashuur, Maqaasidu Asharii'aa Al-Islaamiyyaa, fuula 292.
88 - Axiyyaa, Nahawa taf'iil maqaasidi sharii'aa, fuula 171, Arreysuunii Azzoheeylii washabiir, "Huquuqul insaan mihwar maqaasid asharii'aa."

irratti raawwatamu kun itti fayyadamamni isaa sirrii hin turre; dhimmoota siyaasaan wal-qabatanii fi fedhii abbaa irrummaa guutuu irratti yeroo hojii irra oolfamu agarra.

Tariitii yeroo ammaa kana, sababa kaayyoole Shari'aa kanaaf jecha murtii yookiin adabbii nama amantii keessaa bayee san qayyabannoo isa jalqabaa ka amantii keessatti nama dirquun hin jiru jedhuun bakka buufna.Garuu dhimmichi shakkii tokko malee qorannoo barbaada.

Dhuma irratti jechi qabeenya tiksuu jedhu kun akka Al-Gazaalii biratti dhufetti, jecha Al-Aamirii kan qabeenya namaa saamuu irraa dhoowwuu yookiin adabbii hannaa jedhu fi haasaya Al-Juweeynii kan qabeenya tiksuu jedhuun wal-gita. Garuu jechoonnikunniin hunduu fooyyeffamanii akka jechoota ammayyaa kan dameelee diinagdee fi hawaasummaa ammaa waliin deeman taasifamanii jiru.

Fakeenyaaf: barruulee kaayyolee Islaamaa irratti barraayan irraa wanti agarru jechoota akka waldanda'uu, wal-qixxummaa, jidduu jireenya hawaasaa wallitti dhiyeessuu fa'a. Gama qabeenya namaa tiksuutiin immoo jechoota akka: dhala haraama godhuu, saamicha, dallansuu fa'a agarra. Kuni hunduu qayyabannaa isa bu'uuraati.[89]

Guddinni/fooya'iinsi akkanaa kun immoo akka kaayyoowwan shari'aa tun guddina diinagdee fi hawaasummaatti kakaasuuf carraa banaaf. Kun immoo dhimma cimaa yeroo ammaa biyyoonni Muslimoonni keessatti baay'atan hedduu itti hajamaniidha. Akkasumas kutaalee Invastimantiitiin wal-

[89] - Quxxub Saanoo, qiraa'aa ma'arifiyyaa fil fikr al-usuulii, maxxansaa duraa (Kawaalaa lamboor: Daar attajdiid 2005), fuula 157.

qabatee akka kaayyoowwankun invastimantii shari'aa hin faallessine addunyaaf gumaachaniif gargaara. Kun immoo yeroo ammaa kanatti hedduu beeksisa argatee, biyyoota namoonni Muslima hin ta'in keessatti gar-malee baay'atinittuu fudhatama guddaa argataa dhufee jira; Keessattuu gaaga'ama diinagdee addunyaa isa dhumaa kanaan wal-qabatee.
Humna namaa Misoomsuun immoo qayyabannaa misoomaa kan mootummoonni gamtooman mirkaneessaniidha. Yaad-rimeen isaa kan misooma diinagdee mallaqaa jedhu caalaa bal'aa fi waa heddu of keessatti hammata. Akka gabaasa mootummoota gamtoomanii kan dhumaatti, biyyoonni jiraattonni keessatti harka hedduu ta'an tartiibni isaanii kan biyyoota guddataniitii gadi akka gabaasniakeektuu misooma namaatti.
Akeektuun kun bu'uurri isaa akeektuu dhibba lamaa ol irraa fudhatame. San keessaa: madaallii hirmaannaa siyaasaa, dhibbeentaan namoota hin baratinii xiqqaachuu, dhibbeentaan namoota mana barumsaa fi dhaabbileen barnootaa ol'aanoo jiranii, jiddu-galeessa umrii namni tokko ni jiraata jedhamee eeggamuu, bishaan qulqulluun argamuu, dhibbeentaan hoji-dhabdootaa xiqqaachuu, sadarkaa haal jireenyaa fi madaallan haqqummaan hawaasummaa ittiin madaalaman fa'a qabata.
Garuu biyyoonni biroo kaneen baay'inni ummata Muslimaa keessatti baay'atu, keessattuu biyyoonni boba'aan durooman, haga tokko garaa garummaan jidduu isaaniitti ni mul'ata. Akkuma gabaasa mootummoota wal-ta'anii kan dubbatame san irraa hubatamutti, jidduu sadarkaa galii biyyoolessaatii fi madaallii haqqummaa hawaasaa jidduu garaa garummaan akka jiru ibsa. Garaa garummaan jiru kunis kan baay'atu keessattuu

dubartoonni dhimmoota walii gala irratti hirmaachuu fi hirmaannaa diinagdee irratti.
Gama biraatiin Muslimoonni hagoon biyyoota gugurdatan keessa jiraatan, biyyoonni gariin kan dhibbeentaan Muslimaa keessatti bay’ee ta’e, sadarkaan guddina isaanii kan madaalame, garee biyyoota misoomaan gugurdatanii keessatti. Biyyoota sanniin keessaa, Biruunaay, Kuwaatar, fi Arab Imireeti. Garuu gareen amma dubbanne kun ida’amni walii gala ummata isii dhibbeentaa tokkoo gadi baay’ina dhibbeentaa Muslimoota addunyaa biratti.
Akkasumas akeektuun misooma namaa gadi aanaanis biyyootuma Muslimaa keessatti argama, innis biyyoota akka Yaman, Naayjeeriyaa, Muriitaaniyaa, Jibuutii, Gaambiyaa, Senegaal, Giinii, Ivoorii Koost, Maalii fi Niijar fa’a. Ida’amni baay’ina ummata Muslima biyyoota kanniinii, baay’ina Muslimoota addunyaa keessaa naannoo dhibbeentaa kudhanii bakka bu’a.
Madaallii misooma namaa kanatti, akka shari’aan gama waliin jireenyaatiin madaallii kanaaf sadarkaa bareeda irra gayutti, madaallii *‘Bu’aa waliigalaa mirkaneessuu’* jedhu dabaluu qabna. Ergaa murtiiwwan shari’aa kanaaf qayyabannoo akkanaa qabaachuun, tarii fiixa ba’iinsa isaas bifa saayinsaawaa ta’een madaalliiwwan saayinsaawaatti dhimma ba’uunmadaaluun ni danda’ama. Akkuma dhimma mirga dubartootaa irratti kaafnetti, dame misooma namaa kana keessattis qorannoo baay’ee kan ergaalee shari’aatiin wal-simatu nu barbaachisa.
Garuu wanti nu asitti jechuu barbaanne, yaad-rimee ergaalee seera Islaamummaa jedhu kana guddifnee akka inni kaayyolee

misooma namaa ergaalee shari'aatiin wal-gitu of keessatti hammatu godhuun, ummata Muslimaa duubee ummata qaroomanii ta'uu fi maxxantuu isaanii ta'uu irraa gara dammaqiinsa addunyaa Islaamaatiif bu'uura ijaaruutti jijjiira[90].

## Kaayyooleen/Ergaan Shari'aa Bu'uura Carraaqqii Haarayaati

Fiqhii Islaamaa keessatti wal dhabbii fi waldiiguu keeyyatoota hadiisaa fi Qur'aanaa jidduu garaa garummatu jira. Waldiiguu jechuun bu'aa amansiisaa jidduu kijibaa fi dhugaa, sirrii fi dharaa dhimma tokko keessatti jiru ta'ee kan furmaata sadaffaa hin qabneedha.[91]

Waldhabiinsa jidduu ragaalee jechuun, waldidiinsa sammuu nama waa carraaquu keessatti argamu malee dhimma irratti wal-dhaban sanii miti. Kana jechuun nama carraaqu ragaan lama (Qur'aanaa fi Sunnaa) wal-bira yoo itti dhufanii gubbaa irraan kan waldhaban fakkaatanis, ragaan kunniin lamaan wal-hin faallessan.

Tarii waldhabiinsi kun hubannoo beektotaa ta'utu mala, ragaan lamaan kun akka waan jijjiirama ofitti hin fudhanneetti itti mul'atu. Garuu carraan biraa hedduun otuu jiru inni hubannoo isaa kallattii tokko qofa irratti gabaabse. Sababni isaas hanqina odeeffannoo Hadiisa keessatti jiru kan akka: yeroo, bakkaa fi

[90] - Muhammad Shaakir Ashariif, Haqiiqat Addimoqraaxiyyaa (Riyaad: Daaru al-waxan, 1992), fuula 3, Muhammad Alii Muftii, Naqdu al-juzuur al-fikriyyaa liddimoqraaxiyyaa al-garbiyya(Riyaad: Majallat al-bayaan:2002), fuula 91.

[91] - Al-Gazaalii, maqaasid Al-Falaasifaa (Kaayroo: Daar-Ma'aarif), fuula 62.

haallan Hadiisni kuni keessatti dhufe addaan baasanii hubachuu dhabuudha.

Taateewwan armaan olitti dubbanne kunniin qayyabannoo fi hojii irra oolchuu keessatti dhiibbaa guddaa qabu.[92] Waldhabbii Hadiisaa kana dhugumatti gadi qabnee yoo ilaalle, hadiisa lamaan kana keessaa tokko karaa sirriitiin hin odeeffamne. Rakkoo kana hiikuuf Hadiisa sirrii ta'e tokko qofa qabachuu qabna.Furmaata kana beektonni Hadiisaa irra filatamaa jedhanii fudhatu.

Hadiisa irra filatamaa ta'e caalchisuu keessa taateewwan garee jiran keessaa garee isa tokko deeggarrutu jira. Fakkeenyaaf: Hadiisa Abuu Hureeyraa kan Ahmad Abuu Hasaaniin irraa odeesse keessatti namni lamaa Aayishatti dhufanii akkana jedhaniin: "Abu Hureeyraan ergamaan Rabbii akkana jedhan jedhee nutti hime: 'waa sadi keessatti milkii laallachuun ni gaya, dubartii, yaabbii fi mana' "[93].

Garuu Aa'ishaan Rabbi irraa haa jaalatuu akkan ajette: " Rabbii Qur'aana Abbaa qaasim irratti buusetti kakadhee, ergamaan Rabbii (nagayaa fi tolli Rabbii isaan irratti haa jiraatu) akkas hin jenne, garuu ka isaan jedhanii turan, warri gadaa Islaamummaatiin dura jiran akkana jedhan waa sadi keessatti milkii laallachuun ni gaya, dubartii, yaabbii fi mana[94]. Hadiisni lamaan armaan olitti dubbanne kuni Hadiisa sirrii wal-faallessu fakkaata.Garuu warroonni hadiisa hiikan hedduun, Hadiisa

[92] - Ibu Teeymiyyaa, Kutub wa rasaa'il wa fataawaa, Qabee 19ffaa, fuula 131.

[93]- Abdulaziiz Al-Bukaarii, Kashf Al-Asraar, Qabee 3ffaa, fuula 77.

[94] - Madduma dabre san.

Aa’ishaa fudhachuu didan. Kana jechuun Hadiisoonni biroo kan ijjannoo isaanii kana deeggarantu jira jechuu mul’isa.
Fakkeenyaaf hadiisa Mu’aawiyaa Ibnu Hakiim abbeeraa isaa irraa odeesse keessatti akkana jedhe: “Ergamaa Rabbii (nagayaa fi tolli Rabbii isaan irratti haa jiraatu) isaanii akkana jedhan dhagaye, teeda (milkii)ilaallachuun hin gayu jedhan.Aa’ishaan raga keeyyattoota Qur’aanaa, suura Hadiida fidattus irraa hin fuudhamne:

مَآ أَصَابَ مِن مُّصِيبَةٍ فِى ٱلْأَرْضِ وَلَا فِىٓ أَنفُسِكُمْ إِلَّا فِى كِتَٰبٍ مِّن قَبْلِ أَن نَّبْرَأَهَآ ۚ إِنَّ ذَٰلِكَ عَلَى ٱللَّهِ يَسِيرٌ ﴿٢٢﴾ **الحديد: ٢٢**

*“Rakkinoonni dachii fi lubbuu keessan irratti isin huban hunduu, otuu isii hin uumin dura galmee (Rabbiin biraa) keessatti (ibsamu) malee hin hafu, kuni immoo Rabbiif salphaadha.”(Al-Hadiid: 22).*
Garuu Al-Joowziin akkana jechuun yaada itti kenne: “Kuni deebii oduu ifaa namoonni amanamoon odeessaniif deebi’e”, odummaan kunuu matammaan isaatuu Hadiisa sahiiha namoonni amanamoon odeessani, akkasi miti?
Abuu Bakri bin Al-Arabiin wanti inni itti komatamu, jecha Aa’ishaan (Rabbi isii irraa haa jalatuu) jette kana jecha kufaa jechuunii isaati. Imaama akka isaa kana irraa jecha akkanaa haadha Mu’imintootaatiin jedhuun isa irraa hin deemu![95].Sababaan nuti fakkeenyota akkanaa asitti finneef, wal-didiinsa jidduu keeyyatootaa kana dhabamsiisuu irratti

[95] - Abuu Bakri Al-Maaliki Al-Arabii, Aaridat Al-Ahwuza (Kaayroo :Daar-alwahyi Al-Muhammadiyyi, bara maxxansaatiin ala), Qabee kurnaffaa, fuula 264.

namoonni gara yaada dhuunfaa ofii itti amananiitti akka daban mul’isuufi.

Garuu yeroo baay’ee gosoota waldhabiinsa jidduu beektotaatti argaman keessaa kan heddumminaan mul’atu, aayaan lamaan takka yookiin hadiisni lamaan waldhaban tokko keessaa inni biraa haqamee (Naski ta’ee) jira yaada jedhuudha, haqamuu aayaa/hadiisa kanaa kan ittiin isaan mirkaneeffatan keeyyatoota lamaan keessaa tokko dursee argame waan jedhu.

Kanaafuu wal-diddaan jidduu keeyyatoota lamaa kun kan hambifamuun yaanni booda irra dhufe sun isa jalqabaa haqa/dhabamsiisa jedhu. Kana jechuun yoo aayaan/keeyyanni Qur’aanaa lama wal-faallesse, haala duraa duuba buufama keeyyatoota sanii irratti hundoofnee keeyyanni booda irra buufame haqaa/dhabamsiisaa yoo ta’u inni jalqaba dhufe immoo haqamaa/dhabamsiifamaa jedhama.

Hadiisa keessattis haaluma kanaan itti fufa.Namni beekaan tokko Hadiisota lamaan wal-faallessan kana yeroo inni itti jedhame yoo beeke, hadiisni booda irra dhufe haqaa/dhabamsiisaa waan isa faallessuu hundaati. Kanaafuu ragaan hedduunkan karaan isaan ittiin odeeffamanii fi akkaataan ibsa jechoota isaaniis ifa gala rakkina hin qabne ta’e, akka ragaatti dhimma itti ba’uun hafee jira.

Haasayuma ergamaa Rabbii keessa (nagayaa fi tolli Rabbii isaan irratti haa jiraatu) wanti ilaalcha haqamuu/dhabmsiifamuu keeyyataa kana deeggaru hin jiru. Hundee fi maxxantuuwwan jecha *Naski* jedhuu kana argachuuf qorannoo gabaabduu takka kitaabban Hadiisaa kan akka: *Al-Bukaarii, Muslim, Attirmiziyyi, Annasaa’iyyi, Ibnu Maajah, Abii Daawuud, Ahmad,Maalik,*

*Addaarimiyyu, Al-Mustadrak,Ibnu Hibbaan, Ibnu fi Abdurrazzaaqiin* irratti gaggeessee, Hadiisuma tokkicha kan sirrii yookiin bareeda ta’ee marsaan odeeffama isaa ergamaa Rabbiitti (nagayaa fi tolli Rabbii isaan irratti haa jiraatu) geeffamee ka jedhe; hundee fi maxxantuu jecha kanaas kan qabu hin agarre.

Wanti ani irra gaye, kitaabban kanneen keessatti naannoo dhimmoota/ haallan Afurtaman arge. Haallan kun hundi isaaniituu, keeyyata Hadiisa kabajamaa irratti hundaa’ee osoo hin taane; yaada odeessitoota hadiisaa garii yookiin hiiktota hadiisaa muraasa kan waldhabbii argaman kana hiikuuf ittiin ibsanitti deebi’a.

Dhimmi *Naskii*kun yaada Sahaabonni fi namoonni biroo Hadiisicha irratti kennan irratti ifa galaadha, garuu yaanni kunniin heddumminaan kan dhufu bifa *addummeessuu/adda godhuu (Taksiis)* jedhuuni. Kana jechuun isaan wal-dhabiinsa jidduu keeyyatoota Hadiisaa lamaanii jiru yeroo hiikan, Hadiisni tokko bifti inni dubbatameen bifa addaati, bifa hadiisa kaaniitiin adda jechuun ibsu malee, jecha *Naskii* jedhu hiikkaa hadiisni sun haqamee jira jedhuun dhimma itti hin bayan.

Bifuma kanaan kitaabban hiikkaa Qur’aanaa *(Tafsiir)*kan yeroo durii hedduunis, yaada haqiinsa (*Naski*) jedhamu kana hin raggaasisan. Kana jechuun murtiiwwan jalqaba dhufan kan booda irra dhufaniin haquu yaada jedhu kana hin deeggaran. Wanti kana jenneef keeyyatoonni muraasni yaanni geeddaramuu

isii irratti kaafaman hedduun jidduu beektotaatti yaada waldhabiinsaatiin marfamte.[96]

Keeyyanni Qur’aanaa asiin gadii tun, *aayatu Asseeyfi* jedhamuun beekamti.Isiin keeyyata shanaffaa suuraa Toobaa keessatti argamti. Keeyyanni kun haqamiinsi keeyyataa kun ragaan alatti ta’uu mul’isa. Keeyyanni Qur’aanaa kunis akkana jedha:

فَإِذَا ٱنسَلَخَ ٱلۡأَشۡهُرُ ٱلۡحُرُمُ فَٱقۡتُلُواْ ٱلۡمُشۡرِكِينَ حَيۡثُ وَجَدتُّمُوهُمۡ وَخُذُوهُمۡ وَٱحۡصُرُوهُمۡ وَٱقۡعُدُواْ لَهُمۡ

كُلَّ مَرۡصَدٖ ... ﴿٥﴾ التوبة: ٥

*“Yoo baatiin afran (lola dhaabuun itti waliigaltan sun) dhumatte, Mushrikoota bakka argitanitti lolaanii, isaan qabaatii too’adhaa, karaa fi xurree hunda irratti eegaanii adamsaa, garuu yoo isaan toowbatanii salaata dhaaban (salaatan), zakaa kennatan billisa baasaa. (*Al-Twbaa: 5).

Gara sababa bu’iinsa keeyyata kanaa yoo deebine, keeyyanni kun Hijraa irraa waggaa saglaffaa keessa buufamte, sunis yeroo Muslimtootaa fi Kaafirtoota Makkaa jiddutti lolli ka’e sani. Keeyyatoonni keeyyata kana duraa fi duubaan marsanii jiran hunduu dhimma lola kanaatiin wal-qabatu, suurammaanuu waa’ee lola kanaa irratti kan xiyyeeffateedha.

---

[96] - Namni dubbisuu barbaadu, kitaaba Attafsiir Al-Kabiir jedhu kan Al-Raaziin qopheesse(Beeyruut:, Daar al-kutub al-ilmiyyaa, 2000), Qabee 3ffaa, fuula 204 ilaali. Akkasumas Fadli Ibnu Hasan, Majma’u Al-Bayaan fi Tafsiir Al-Qur’aan (Beeyruut:, Daaru al-uluum, 2005), Qabee 1ffaa, fuula 406 ilaali, ammas Muhammad Nadaa, Annasku fi Al-Qur’aan (Kaayroo : Addaaru Al-Arabiyyaa li Al-kutub,1996), fuula 25 ilaali.

Garuu hiikni keeyyatichaa yoo keeyyatoota isa duraa waliin walitti qabsiisuu baatanii fi yeroo lolaa kan keeyyanni kun keessa buufamte saniin wal-qabsiisuu dhiisnee kophama isaa qofa kan hiiknu yoo ta’e; bakkaa fi yeroo hundattuu, haala kamiyyuu keessatti hariiroon jidduu Muslimootaa fi kaafiraa akkana ta’uu qaba waan jedhu kenna.

Kana irraa ka’uudhaan namoonni bifa kanaan ilaalan keeyyanni tun gara keeyyatoota dhibba lamaa olii *naskii* gootee jirti jedhanii akka waan murteessaniiti. Keeyyatoonni Qur’aana kabajamaa dhibbi lamaa ol gara waliin marii, mirga waan fedhanitti amanuu, irra waliif dabruu, obsuu fi nagayaan waliin jiraachutti nama yaamti.

Filannoon tokkichi jiru kan beektonni hiikkaa Qur’aanaa wal-dhabiinsa jidduu keeyyatootaa kana furuuf itti deebi’an, keeyyanni tun tan dhuma jireenya ergamaa Rabbii (nagayaa fi tolli Rabbii isaan irratti haa jiraatu) irratti buufamte tun, keeyyatoota isii faallessan kan isii dura dhufan hundaa hayxee jirti yaada jedhu.

Kanaafuu, namoonni akkanaa, keeyyatoonni armaan gadii kanniin hundayyuu akka keeyyatoota haqamaniitti ilaalu, fakkeenyaaf:

لَآ إِكۡرَاهَ فِي ٱلدِّينِۖ ...﴿٢٥٦﴾ البقرة: 256

***“Amantii keessatti nama dirquun hin jiru” (Al-Baqarah:256)***

فَٱعۡفُ عَنۡهُمۡ وَٱصۡفَحۡۚ إِنَّ ٱللَّهَ يُحِبُّ ٱلۡمُحۡسِنِينَ ﴿١٣﴾ المائدة: 13

***“Dhiifama godhiif, garaa bal’adhu, Rabbiin nama tola namatti oolu jaalata”*** *(Al-Maa’idaa:13).*

ٱدۡفَعۡ بِٱلَّتِي هِيَ أَحۡسَنُ ٱلسَّيِّئَةَۚ نَحۡنُ أَعۡلَمُ بِمَا يَصِفُونَ ﴿٩٦﴾ المؤمنون: 96

*“(Jecha) isiiirra gaariin deebisi (yoo namni tokko jechaan yookiin gochaan si miidhe, deebii badaa itti hin deebisin). Nuti waan isaan jedhan (Rabbii fi ergamaa isaa ittiin ibsan) ni beekna”] (Al-Mu’iminuun:96).*

فَٱصۡبِرۡ إِنَّ وَعۡدَ ٱللَّهِ حَقّٞۖ ... ﴿٦٠﴾ الروم: 60

*“Obsi (miidhaa si qunnamu hunda irratti) beellamni Rabbii dhugaadha (waadaa nama oobseef gale ni guuta)”. (Al-Ruum:60).*

وَلَا تُجَٰدِلُوٓاْ أَهۡلَ ٱلۡكِتَٰبِ إِلَّا بِٱلَّتِي هِيَ أَحۡسَنُ... ﴿٤٦﴾ العنكبوت: *46*

*“Warroota kitaabaa (yahuudaa fi Kiristaanota) jecha gaariin malee hin morminaanii” (Al-Ankabuut: 46).*

لَكُمۡ دِينُكُمۡ وَلِيَ دِينِ ﴿٦﴾ الكافرون: ٦

*“Isiniifis amantiin keessantu isiniif jira, anis amantii kiyyatu naaf jira”] (Al-Kaafiruun: 6).*

Keeyyatoonni biros kan ergaan isaanii kana fakkaatan heddutu jiru[97].

Bifuma wal-fakkaatuun, namoonni kunniin ragaa tokko malee Hadiisota hedduu; kan namoota amantii fi aadaa biroo qaban waliin nagayaa fi waldanda’iinsaan jiraadhaa jedhus haqanii jiru. Hadiisota kanneen keessaa tokko akka fakkeenyaatti yoo kaafne, walii galtee magaalaa Madiinaati.Walii galtee kana

---

[97] -Keeyyatoota suuraa Baqaraa, keeyyata 256; suuraa An’aam, keeyyata 13, suuraa Al-Mu’iminuun, keeyyata 96, suuraa Al-Ruum, keeyyata 60, suuraa Fussilat, keeyyata46 fi suuraa Al-Kaafiruun, keeyyata 6, wal-duraa duubaan.

keessatti ergamaan Rabbii (nagayaa fi tolli Rabbii isaan irratti haa jiraatu) Yahuudaa magaalaa Yasrib (Madiinaa) keessa jiraatan wajjiin walii galtee waliif mallatteessan. Walii galteen tunis Yahuudaa fi Muslimoonni ummata tokko, Muslimoonni amantii mataa ofii qabu, yahuudaanis amantii isaanii qabu [98]jedha.

Garuu namoonni gariin, keeyyata armaan olitti eerra tan keeyyata seeyfii jedhamuun beekamtu sanii fi fakkaattota isii tanneen waa'ee lolaa dubbattutti gargaarsifachuun, walii-galteen sun haqamtee jirti (mansuuka) jedhu[99].

Namni tokko yoo keeyyatoota Qur'aana kabajamoo muraasaa fi Hadiisowwaan garii kanneen waa'ee lolaa fi waa'ee nagayaa fi nageenyummaa dubbatan argu; walitti bu'iinsa qaba jedhee hubachuun isaa ni mala. Garuu wanti naa galuu dide, maaliif namni jidduu nagaya yeroo maraa fi lola yeroo maraa, bakka hundattuu, yeroo marayyuu, bifa kamiinuu addaan filata?

Rakkinoota haqamiinsaa *(Naski)* kana waan cimsaa dhufe keessaa baay'inni dhimmoota haqamanii kanneen namoonni gadaa sahaabotaa booda dhufan (Taabi'oonni) murteessan, baay'ina keeyyatoota naskii ta'anii kan Sahaabonni (waahillan) ergamaa Rabbii (nagayaa fi tolliRabbii isaan irratti haa jiraatu) murteessan caaluu isaati[100].

---

[98] -Burhaan Zariiq, Assahiifaa: Tumata ergamaa Rabbii (SAW), maxxansa jalqabaa (Damaskas, daar Annumeeyri fi Daar Al-Ma'ad, 1996), fuula 353.

[99] - Madduma kana, fuula 216.

[100] - Kitaabota armaan duratti qorannoo irratti gaggeesse jedhee tarreesse san irratti hundaa'uun.

Wanti namni tokko kana irraa xiinxallu, akkuma jarraan jalqabaa dabraa dhufeen, hordoftoonni karaa *(Mazhaba)* adda addaa haallan haqamiinsaa *(naski)* kana itti daddabalaa dhufuu isaaniiti. Haallan/dhimmoonni isaan itti dabalan kun immoo kan namoonni Sahaabotatti aananii dhufanis hin dubbatini. Kuni immoo akka waan haqiinsi kun tooftaa aalimni tokko nama mazhaba isaa hin hordofne ittiin of irraa deebisuu tokkotti fudhatame.
Fakkeenyaaf: beekaan Abu Al-Hasan Al-Karkii (Bara 951tti du'e) jedhamu akkana jechuun barreesse: "Seerri bu'uuraa keenya, keeyyanni Qur'aanaa kamiyyuu kan yaada waahillan keenyaa faallessitu tarii hiika isiitu gara malee hiikkame, yookii immoo keeyyanni sun haqamtee waan jirtuufi"[101] jechuun barreesse.
Kanaafuu kitaabota fiqhii garii keessatti keeyyata murtii isa duraa tokko haqu mazhaba wayii keessatti arguun, keeyyata murtii wayiitiin haqame mazhaba kaan keessatti arguun waan nama ajaa'ibsiisuu miti. Maaliif yoo jenne, beektota garii kanneen gadaa as dhiyoo keessatti dhufan biratti, haqiinsi keeyyataa (naski) kuni akka waan seera wayiituu hin qabnee ta'ee waan argameefi.
ga'een ergaalee shari'aa hubachuu wanti barbaachiseef kana irraa ka'eeti. Ergaalee shari'aa hubachuun kun, rakkinoota keeyyatoota waldhabiinsa qabanii kanaaf furmaata samuun itti amantu namaaf dhiyeessa. Kuni kan ifa ta'uun, fakkeenya

[101]- Xaahaa Jaabir Al-Alwaanii, Maqaasid Asharii'aa (Damaskas, Daar al-fikri, 2001), fuula 89.

armaan gadii kan keeyyata waldhabiinsa qabaniin walitti dhiyaatu gama hubannoo ilaalchaatiin.

1- Karaalee Rabbiin ittiin gabbaranii fi mallattoo amantii ibsuu keessaatti ragaan ergamaa Rabbiis (nagayaa fi tolli Rabbii isaan irratti haa jiraatu) irraa karaa sirriin raggaasifamanii kan wal-faallessanii fi wal-dhaban hedduutu jiru. Garuu ragaan wal-faalleessaan kuni muslimootaa jiddutti rakoo hedduu uumtee jirti. Akkasuma *Misjiidota* isaanii keessatti wal-mormuu fi falmii dheeraaf sababa ta'ee jira.

Garuu Keeyyatoota sanniin kallattii ergaa shari'aatiin yoo ilaallu; ergamaan Rabbii (nagayaa fi tolli Rabbii isaan irratti haa jiraatu) karaalee adda addaatiin ibaadaa hojjachuun isaanii sun laaffisiisa amntii Islaamaa keessa jiru nu agarsiisa. Kun immoo yeroo akkaataa gabbariinsi itti raawwatu san yoo ilaalan, amntiin kun tooftaawwan laafinaa hedduu qabaachuu mul'isa[102].Mallattoolee sanniin keessaa tokko yeroo salaatan karaa hedduun harka qoma irra kaayyachuu, sochiilee salaata keessaa gara garaa[103], haala*tashahuda* ittiin dubbisan kan gara garaa[104], haala sujuuda daguu ittiin bu'an[105], akkaataa *Takbiiraa*

---

[102]- Xaahaa Jaabir Al-Alwaanii, Maqqaasid Assahrii'aa, (Damaskus, daar al-fikri, 2001), fuula 89.

[103] - Assiwaasii, Sharhi fathu Al-qadiir, Qabee 1ffaa, fuula 311, Assarkasiyyu, Usuul Assarkasiyyu (Beeyruut:, Daar al ma'arifaa, Bara maxxansaatiin ala, Qabee 1ffaa), fuula 12.

[104] - Ashaafi'iyyu, Arrisaalah (Kaayroo, Al-Madaniyyi, 1939), fuula 272-275.

[105] - Muhammad bin Isaa Attirmiziyyu, Al-Jaami'I Assahiih-Sunan Attirmiziyyu (Beeyruut:, Daaru Ihyaa'I atturaas al-Arabii, bara maxxansaatin ala, Qabee 2ffaa), fuula 275.

salaata ayyaana *Iidaa* lamaan itti jedhan[106], akkaataa sirna raawwii *Hajjii* ittiin raawwatan keessatti wal-dhabuu[107] fi kkf.

2- Dhimmoota aadaan wal-qabatan ilaalchisee, oduuwwan baay'etu jira, innis bifa waldhabaa jedhamuun beekkama. Garuu oduuwwan sunniin kallattii kaayyolee/ergaa shari'aa addunyaa jedhuun yoo ilaalle, bifaa fi tooftaalee hedduu qabaachuu isii ni hubanna[108]. Kana jechuun, garaa garummaan jidduu Hadiisota ulfaataa jiran akkuma aadaa fi duudhaan namaa waldhabuun qayyabannaan isaas wal-dhabaa deema jechudha. Kuni immoo waldhabbii hin mul'isu.

Fakkeenyaaf: Hadiisota lamaan Aa'ishaan (Rabbi isii irraa haa jaalatu) odeessite jedhamu keessatti; hadiisni jalqabaa; dubartiin takka eyyama itti gaafatamaa isiitiin ala (Abbaa fi Obboleessa akka fakkeenyaatti) gaa'ila raawwachuu dhoorga. Hadiisa kana kan baase Abuu Daawuud, Tirmiziyyu, Ibnu Maajah, Ibnu Hibbaan, Al-Haakim fi Ibnu Adiyyi, Aa'ishaa irraa odeessanii akkana jette jedhu: "ergamaan Rabbii (nagayaa fi tolli Rabbii isaan irratti haa jiraatu), *yeroo sadi irra deddeebi'anii; dubartiin tamiyyuu eyyama itti gaafatamaa isiitiin ala gaa'ila raawwatte, gaa'illi isii seera-qabeessaa miti (sirrii miti)."*

Hadiisni lammaffaan immoo dubartii kanaan dura gaa'ila raawwatteef mirga abbaa manaa ofii isiitii filatuu laateefii jira (Hadiisa kana kan gabaase Maalik [kitaaba Muslimii fi

---

106 - Al-Nawawiyyi, Yahyaa Zakariyya, Al-Majmuu'u (Beeyruut:, Daar al-fikri, 1997, Qabee 4ffaa), fuula 145.

107 - Al-Gazaaliyyi, Al-Mustasfaa, Qabee 1ffaa, fuula 172-174.

108- Ibnu Aashuur, Maqaasad Asharii'aa Al-Islaamiyya, fuula 236.

Muwaxxa'a keessatti], kallattii Maalikiin, Abu daawud, Tirmizii, Ibnu Maajah fi Daaramiin, Aa'ishaa irraa odeeffame, ergamaan Rabbii akkana jedhan jette: "*Dubartiin kanaan dura gaa'ila raawwattee turte, itti gaafatamaa isii caalaa mirga ofiitiif itti gaafatamti, tan kana dura gaa'ila hin raawwatin immoo fedhiin isii ni gaafatama, cal'isuun isii tole jechuu isii mul'isa*[109]. Aa'ishaan (Rabbi irraa haa jaalatuu) matamu ofiitii dubartoota kanaan dura gaa'ila raawwatan hedduu otoo itti gaafatamaa jaraa hin eeyamsiisin heerumsiifte. Fakkeenyaaf: intala obboleessa isii Hafsat Binti Abdurrahmaan bin Abuu Bakrii jedhamtu bakka abbaan isii Abdurrahmaan hin jirretti Munzir bin Zubeeyriif heerumsiifte. Kuni immoo kan ibsu, dubartoota eeyyama itti gaafatamaa jaraatiin ala heerumsiisuun ni danda'ama jechuu mul'isa[110]. Hordoftoonni *mazhaba Hanafii* gariin, dubarttin gaa'ila ofumaan kallattiin raawwachuun kan dhoorgameef, dhimmichi duudhaa fi aadaan waan wal-qabateef akka wallaalaatti akka hin fudhatamneefi.[111]

Garuu Hadiisota lamaan armaan olii kana kallattii duudhaatii fi ergaa Shari'aa addunyaa hundaaf bifa jedhuun yoo qayyabatame, waldhabiinsi jidduu Hadiisota lamaan kanaa furmaata ni argata. Akkasumas qophiilee gaa'ilaa

---

109 - Zeeynuddiin Bin Najiim, Al-Bahru Arraa'iq, maxxansa 2[ffaa] (Beeyruut, Dar al-ma'arifaa, bara maxxansaatiin ala), Qabee 3ffaa, fuula 117, Aliyyi Al-Mirgiyaaniyyu, Al-Hidaayatu sharhu Al-Bidaayaah (Al-Maktaba Al-Islaamiyya, bara maxxansaatiin ala), Qabee 1[ffaa] fuula 197.

110 - Assawaasii, Sharh fathu Al-Qadiir, Qabee 3ffaa, fuula 258.

111 - Ibnu Aabidiin, Muhammad Amiin, Haashiyat Raddi Al-Muhtaaj (Beeyruut:: Daaru Al-Fikri, 2000), Qabee 3[ffaa], fuula 55.

raawwachuutiif akka duudhaa fi aadaalee biyyaa fi ummata sanii waliin akka deemu hayyama. Kuni immoo Muslimoonni hunduu yoo barbaadan, aadaa fi duudhaalee naannoo isaanii kan Shari’aa hin faallessinetti dhimma bayuun gaa’ila raawwachuu ni danda’an jechuu mul’isuufi. Qayyabannaan akkanaa kuni immoo aadaa wal-waliin jireenyaa cimsuu fi ummatoota aadaa fi duudhaalee gara garaa qaban wajjiin jiraachuuf qayyabannaa gahaa qabaachuu mul’isa.

3- Hadiisonni hedduun akka waan haqamaniitti (naskii ta’aniitti) fudhataman, garuu Hadiisonni sunniin haqamanii otuu hin taane sadarkaa dhawaata guddachaa dhufuu murtiiwwan mul’isu. Sababaan murtiiwwann shari’aa kuni dhawaata sadarkaa sadarkaan hojii irra oolchifamaniif, jijjiirama Shari’aan murtii saniin fiduuf deemtu karaa salpaan galmaan ga’uuf i. Jijjiiramni fidamuf barbaadame sun nama tokko aadaa badduu hawaasa isaa keessatti hidda godhatte wayii irraa buqqisuuf yookiin immoo aadaa bareeda akka fudhatu isa godhuufi[112].

Hadiisonni dhimma dhala fudhachuu fi farsoo, dirqamummaa salaataa fi soomaa irratti wal-faallessan kan qayyabatamuu qaban bifa ergaa nabiyyummaa kan murtiiwwan kana dhawaataan (sadarkaa sadarkaan) hojii irra oolchuuf xiyyeeffateetiin ta’uu qaba. Keessattuu namoota reef amantii Islaamaa seenan ilaalchisee, barsiisaa fi ajajoota amantii

[112] - Muhammad Al-Gazaalii, Nazaraatu fi Al-Qur’aan (Kaayroo: Nahdatu Misri, 2002), fuula194.

fudhatanii hojitti jijjiiruuf yeroo gahaa isaan barbaachisa waan ta’eef.

4- Beektonni Islaamaa gariin, Hadiisota garii walfaallessu jechuun fudhatu. Sababni isaas; jechoonni Hadiisonni sun ittiin ibsaman, dhimmoota adda addaatiif, hiikkaan gara garaa irraa qayyabatamuu danda’a waan ta’eefi. Garuu yaada Hadiisni kabajamaan kuni namoota duubbeen isaanii walfaallessu hedduuf buufame jedhu osoo sammuu keessaa qabaannee, namoota heddutu dhimma itti ba’a jennee osoo qayyabannee, silaa walfaallessi nuti jennu sun ni dhabama.

Bifa kanaan ergaan faaydaa guddaa namaaf dhaqqabsiisuu jedhu furtuu qayyabannoo keeyyatoota waldhaban kanaa ta’a. Fakkeenyaaf: Hadiisota kabajamoo tokko tokko keessatti ergamaan Rabbii (nagayaa fi tolli Rabbii isaan irratti haa jiraatu) dubartii abbaan warraa isii gadi dhiiseen, yoo heerumte haqa guddisaa ni dhabdi jechuudhaan ibsaniif. Hadiisa kana Abuu Daawuud kitaaba Gaa’ila hiikuu jedhu keessatti boqonnaa eenyutu daa’ima guddisuu haqa godhata jedhu jalatti ibse.

Guutuun Hadiisa kanaa: Abdullaah Ibnu Umar irraa odeeffame, dubartiin tokko ergamaa Rabbiitiin (nagayaa fi tolli Rabbii isaan irratti haa jiraatu) akkana jetteen: “Yaa ergamaa Rabbii, ilma kiyya kana garaan koo isaaf meeshaa ta’ee, harmi kiyyaa isaaf dhugaatii ta’ee, qomti tiyya isaaf qilleensa taateefiiguddisaa ture.Abbaan isaa gadi na dhiisuu fedhee daa’ima kana narraa fudhatuu barbaada jetteen. Ergamaan Rabii (nagayaa fi tolli Rabbii isaan irratti haa jiraatu) akkana jedhaniin: situ abbaa

warraa keetii caalaa ilma kana haqa godhata yoo nama biraatti heerumuu baatte”[113].

Haa ta’u malee Hadiisonni gariin kan Hadiisa armaan olii kana faallessan ni jiru, isaan keessaa: seenaa *Ummi Salamaati*, ergamaa Rabbiititti erga heerumteen booda, daa’imni isiin nama biraa irraa argatte isima biratti hafee isimmaan guddisaa turte. Ammas fakkeenyi biraa seenaa intala Hamzaa tan ergamaan Rabbii (nagayaa fi tola ooliinsi Rabbii isaan irratti haa jiraatu) Adaadaan isii heerumtee jennaan isiif murteessan (akka biratti haftu)[114].

Garuu *mazhaboonni* hedduun garee Hadiisa jalqabaa irratti hundaa’uun yaada ‘sirni harma hoossisuu (guddisni) yoo haati heerumte abbaaf ta’a’ jedhu irra gayuu danda’an. Ragaan isaanii kan garee Hadiisa lammataa mormaniif, gareen Hadiisa jalqabaa odeesse irra caalatti mirkanaayaa waan ta’eefi, Hadiisa san Bukaariin waan odeesseefi. [115]

Hayyuun Ibnu Hazmi immoo Hadiisa garee lammaffaa san deeggaruun, Hadiisota garee duraa hin fudhanne ture. Sababni inni Hadiisota garee jalqabaa dideefis, namoota isa odeessan

---

[113] - Abu Daawuud, Sunan Abii Daawuud, madda kanaan dura dabre: kitaaba gaa’ila hiikuu, boqonnaa eenyutu daa’ima guddisuu haqa godhata jedhu jalatti, Qabee 2[ffaa], fuula 283.

[114] - Assan’aanii, Muhammad Bin Ismaa’iil Al-Amiir, Subul Assalaam, Beeyruut:, Daaru Ihayaa’a Atturaas, maxxansa 4[ffaa], Qabee 3ffaa, fuula 2

[115] - Muhammad ibni Ismaa’iil Assan’aaniyyi, Subul-assalaam sharhi Buluugal maraam min adillatal ahkaam gulaalaan: Muhammad ibni Abdul aziiz Al-kuwalii (Beeyruut:: Daar ihiyaa’i Atturaas al-arabii, Bara 1379, Qabee sadaffaa, fuula 227.

keessaa dandeettii waa qomatti qabachuu nama tokkoo waan shakkii qabuufi.[116]
Hayyuun Al-Sana'anii jedhamu immoo Hadiisota garee lamaaniituu erga wal-biratti ilaaleen booda, "Murtiin kan laatamu qaama bu'aa/faayidaa ilma saniif qabuutiifi jedhe. Yoo haati abbaa caalaa ilma san tiksuu dandeettee, abbaa ilmaa sanii caalaa ilma kana eegutti futuna yoo qabaatte, murtiin ilma guddisuu haadhaaf kennamee … ilmi nama irra caalaa isaaf bu'aa buusu biratti hafa", booda irra akkana jedhe: "Seerri Islaamaa carraa kanaan ala ergaa biraa of keessatti hin hammanne"[117].
Haasawa Assan'aaniyyi keessatti wanti nu arginu haqqummaa fi bu'aan ilma saniif argamu akka madaala bu'uuraatti fayyaduu isaati.Gonkumaa Shari'aan Islaamaa haqa dabsuun yookiin bu'aa namaa dhabamsiisuun ibsamuu hin qabdu. Kana irraa ka'uun, sharii'aa Islaamaa bifa kanaan yoo ilaalle goolabni nu irra geenyu: namni Muslimaa tokko seera namni tume kamiifuu haqaa fi dhugaa isaa kenneefii waliin jiraata. Otuu bu'uurri seera saniituu bu'uura Islaamummaatiin alas ta'ee, haala dhimmichi sun shari'aa faallessuu baatee, hawaasa saniif bu'aa fi haqqummaa mirkaneesseen bakkee haqa qabeessa ta'e kennuufii qabna.

## Tooftaalee fi Galma Ga'uu Barbaadan Addaan Baasuu

HayyuunSheek Muhammad Al-Gazaaliin (Rabbi rahamata isaa haa godhu) jidduu tooftaalee fi galma ga'amuuf karoorfamee

[116] - Madduma kana.
[117] - Madduma duraa sani ilaali.

addaan baasee jira. Garaa garummaa kanas akkana jechuun ibse: “Tooftaaleen dhimma itti bayan kun yeroo muraasa booda jijjiiramuu fi dhaabachuu dandeessi, garuu galmi itti ga’uuf karoorfatan sun hin geeddaramus dhumas hin qabu”.

Al-Gazaaliin ibsa kanaaf akka fakkeenyaatti kan inni dhiyeeffate seera tooftaa booji’iinsaati, “Dhimmi waa’ee boojii kun bifa ifa gala ta’een Qur’aana kabajamaa keessatti dubbatamus, garuu isiin tooftaalee jijjiiramaaf saaxilamtuudha” jechuun ibse.[118]

Barbaachisummaa jidduu tooftaalee fi galmaa addaan baasuu kana irratti caffeenQorannoo fi Fatwaa Awurooppaa kora marii mata duree ‘Jalqabbii baatii Ramadaanaa biyya Awurooppaatti’ jedhuun marii gaggeessee jira. Marii kana irrattis beektonni Islaamaa kan akkaSheek Yuusuf Al-Qardaawii fi Feeysal Mowloowiin argamuun qooda irraa fudhatanii jiru.

Beektonni kunniin lameenuu, baatii seensa ji’a Ramadaanaa arguun tooftaa seeniinsa ji’a sanii ittiin mirkaneessan malee galma itti ga’uuf karoorfamee miti yaada jedhu hojii irra oolchuu deeggaran. Kana irraa ka’uun yaanni goolabaa kan isaan irra ga’an, dhimma seensa baatii Ramadaanaa fi dhuma isaa daangessuuf furmaanni rakkinoota saayinsii kan yeroon wal-qabatan kana ittiin furuuf oolu –rakkinoota Muslimoota aagoo biyya Awurooppaa jiraatan qunnaman furuuf herreegasirna naanna’iinsa pilaaneetotaatti dhimma ba’uu qofatu furmaata ta’a [119].

---

[118] -Al-Gazaalii, Al-sunna Al-Nabawiyyaa beeyna ahlal fiqhi wal hadiis, maxxansa 11ffaa (Kaayroo: Daara ashuruuq, 1996), fuula 161.

[119] - Wal marii afaanii, siraayifoo, Boosniyaa, Waxabajjii 2007, yaa’ii Awurooppaa kan qorannoo fi Fatwaa, kora kudha saddeettaffaa.

Hayyuun Sheek Yuusuf Al-Qaradaawiin yaaduma kana fakkaatu dhimma uffannaa dubartii irrattis dhiyeessan. Uffanni Jalbaabaa kun ija gadi qabatiinsa dubartii mirkaneessuu fi akka miidhaan isii irra hin geenyeef tooftaa itti fayyadamnu malee galma gayiinsa uffata san offachuuf barbaadamee miti jedha.[120]

Asitti ifatti kan naa mul'atu, balbala tooftaalee fi galma ga'uun yaadamuu addaan baasuu banuun kuni Seera Islaamummaatiif yaadota hundee fi haaraya ta'an hedduuf dirree bal'isa. Fakkeenyaaf: Doktoor Xaahaa Jaabir Al-Alwaanii hayyuun jedhamu kitaaba isaa kan Haaroomsa xiinxalla Islaamummaa jedhamu keessatti, yaada haaroomsa xiinxallaa jedhu dhiyeessee ture. Kitaaba kana keessatti; tooftaa wanta tokko raawwachuuf dhimma itti bayanii fi galma raawwii san irraa barbaadamu sirritti cimsanii addaan baasuun barbaachisaa akka ta'e jala sararee ibse.Dhimmi kunis seera gandi ittiin bulu keessatti jidduu saala/koorniyaa wal-qixxeessuu ilaala.

Kana irratti barruun inni dhiyeesse akka armaan gadiitti dhiyaata:

"Qur'aanni kabajamaan gadaa buufama isaa san keessa saala lamaan wal-qixxeesutti yaamee jira. Qoonni kuni, tarii qooda amantii keessaa irra yaaddessaa ta'uun isaa ni mala. Qoonni kunis warraaqsa xiinxallaatti yaama, sadarkaan barbaachisummaa warraaqsa kanaas isa boca gabbaruu sanii gadii miti… yeroo hawaasa Muslimaa isa jalqabaa sanitti,

---

[120] - Haasaya Al-Qaradaawii, kitaaba Muhammad Saliim Al-Awwaa keessa ilaali, Maqaasid ashariii'aa al Islaamiyya: diraasaat fi qadaayaa almanhaj wa majaalaat attaxbiiq (Kaayroo: Mu'asasaa furqaan litturaasal Islaamii, Markaz buhuusul maqaasid, 2006) fuula 117-121.

aadaan duraanii kan Araba yeroo sanii fi safuu fi duudhaalee Araba Islaamummaan dura turanii ilaalcha keessa galchuun; jijjiiramoota amantiin Islaamaa fide kana suuta suutaan (sadarkaa sadarkaan) hojitti jijjiiruun dirqama”.

Doktor Xaahaan yaada isaa itti fufuun “Jijjiiramoota dhufan kana gara hojiitti suuta suutaan jijjiiruun wanti barbaachiseef; hawaasni akka sadarkaa dandeettii waa madaqfachuu isaatiin jijjiirama kana ofitti fudhataa deemuufi… amantiin Islaamaa yeroo Qur’aana kabajamaa keessatti dubartootaaf mirga waliigalteelee irratti ragaa ta’uu kennuuf, kaayyoon isaa yeroo sanitti ga’een dubartiin akka nama tokkootti taphattu guddaa ta’uu mul’isuufi”.

Ammas yaadicha san itti fufuun Doktor Xaahaan akkana jedha “Yeroo amantiin Islaamaa dhufe sanitti, dubartoonni ga’ee dubbatamu wayiituu hin qaban, kaayyoon guddaan mirga raga ta’uu isiif laatameef, ga’ee dubartootaa isa durii san guutumatti hambisuufi.Sunis dubartoota dhiiraan walitti qabee Qur’aana keessatti akkana jedhee waan dubbateefi.

ﵟفَإِن لَّمۡ يَكُونَا رَجُلَيۡنِ فَرَجُلٞ وَٱمۡرَأَتَانِ مِمَّن تَرۡضَوۡنَ مِنَ ٱلشُّهَدَآءِ ... ﵞ (٢٨٢) سورة البقرة: 282

*“Yoo dhiirri lama (Ragaaf) hin jiraatin, dhiira tokkoo fi dubartoota lama nama ragaaf jaalattan keessaa (dhiyeessaa)”* (Al-Baqaraa:282).

“Dubartoota lakkoofsa ragootaa keessa galchuun sun tooftaa galma mirga dubartii guddisuutti ittiin gayamuudha.Kunis karaa wal-qixxummaa saalaa ittiin mirkaneessuuf godhame keessaa isa tokko. Yaanni beektonni gariin keeyyatuma armaan olii kan (Yoo dubartii lamaan san keessaa takka yoo dogongorte, isiin lammataa ni yaadachiiftiin) jedhu irratti yeroo hiikan kennan

immoo akka waan ragaan sun dubartii lama irratti qoodamtuutti dubbatan. Kuni immoo akka dubartiin dhiira waliin wal-qixa hin taane mul'isa. Warroonni duraanii kan Qur'aana hiikuu fi Hadiisa himuun beekamanis, yaaduma kana deeggaran. Sababa kanaaf dhaloonni Muslimaa kan isaan boodaan dhufes yaada kana deeggaruu itti fufe". Ragaan isaanii kan isaan masaku akkeeffachuu qofa malee, yaanni kuni sirrii ta'uu dhabuun shakkii hin qabu…"[121].

Hayyuun Aayatullaah Mahdii Shamsuddiinis yaaduma kanaan wal-fakkaatu dhiyeesse. Yaanni isaas: "Beektota Islaamaa har'aa irratti wanti dirqama ta'u ilaalchi isaan qayyabannaa Qur'aanaa fi Sunnaatiif qaban yaada cimaa sosocho'uu danda'u ta'uu qaba. Jechoota/gaaleewwan Qur'aanaa guutumatti seera walitti qabataa dhumaa jedhanii ilaaluu hin qaban. Wanti isaan irraa eeggamu sammuu isaanii bananii, tarii seerri kun dhimma battalaa yeroo saniitiin walitti hidhamuun isaa ni mala jedhanii bal'isanii yaaduu qabu".

Aayatullaah yaada isaa itti fufuun "Beektonni Islaamaa kunniin Hadiisa ulfaataa tokko yeroo arganitti sababaan Hadiisni suni itti ibsameef; sababa waliigalaa kan yeroo, bakka, haalaa fi nama kamiyyuu irratti hojii irra ooluu danda'uudha jedhanii murteessuu hin qaban"[122].Ammas yaada isaa itti fufuun "Yaada armaan olii kana deeggaruu kiyya waliinuu, garuu murtiiwwan

---

[121] - Xaahaa Jaabir Al-alwaanii, qadaayaa fii Al-Fikri Al-Islaamii Al-Mu'aasir, ( landan- waashingitan : alma'ahadal aalamii lil fikral Islaamii, 2005), fuula 164-166.

[122] - Shamsuddiin Aayatullaah Al-mahadii, Al-ijtihaad wattajdiid fil fiqhi Al-Islaamii (Beeyruut:: Al-Mu'asasa aduwaliyyaa, 1999), fuula 128.

shari’aa kamiyyuu yeroo ammaa kanatti isa irratti hundaa’ee hin murteessu” jedha.Kanuma wajjiinuu sona armaan olitti dubbanne kana murtiiwwan dhimmoota mirga dubartootaa, dhimmoota qabeenyaa fi jihaadaan wal-qabatan keessatti itti fayyadamuun dirqama jedhee ibsa.[123]

Fakkeenyi biraa immoo, hayyuun Doktoor Fathii Usmaan jedhamu, waan keeyyanni suuraa Baqaraa tan lakkoofsa 282 irratti argamtu jettu ilaalee, gama saayinsiitiin wanti ragaa dubartii ragaa dhiiraatii gadi godhe maali jedhee irra deebi’ee qoratuu eegale.Kanaafuu hayyuun kun keeyyata Qur’aanaa kana bifa gama saayinsiitiin wal-gituun irra deebi’ee dubbisuu eegale.[124]Doktoor Hasan Atturaabiinis yaaduma kana irratti hundaa’uun dhimmoota uffannaa dubartiitiin walqabatanis bifuma kanaan furuu qabna jechuunyaada isaa ifa godhe.[125]

Beekaan Roojiihi Gaaruudii jedhamus (Rabbi rahmata isaa haa godhuu) yaaduma kan deeggaruun, Qur’aana ulfaataa kana bakka lamatti qooduun ni danda’ama jedhe. Isanis: qooda kutaa seenaa jedhamee fudhatamuu fi qooda safuulee yoomiyyuu hin jijjiiramnee kan Qur’aana keessatti dubbataman jechuun bakka

[123] - Madduma duraa kana ilaali.

[124] - Gulaalaan Al-afandii Abdul wahaab, I’aadat attafkiir fil Islaam wal hadaasaa: maqaalaat fi Zikraa fathii usmaan, (Landan: Mu’asasaa Islaamiyyaa, 2001), fuula 45.

[125] - Hasan Atturaabii, Tamkiin al-mar’aa: wujhat nazraa Islaamiyya, maxxansa lammaffaa (Landan: Markaza ma’aluumaat Al-Islaamiyyaa, 2000), fuula 29 fi waliin marii afaanii, Kaartuum, Suudaan, Fulbaana 2006.

lamatti qoode.Kutaa isa jalqabaatiif fakkeenyi inni kenne murtiiwwan dhimmoota dubartootaatiin wal-qabatani.[126]

Hayyuun Abdulkariim Saruush jedhamus bifuma armaan olii kanaan Qur'aana bakka lamatti qoonnee ilaaluun ni danda'ama yaada jedhu dhiyeesse. Isaanis: qooda/kutaa jijjiirama hin fudhannee fi kutaa jijjiirama fudhachuu danda'uudha. Kutaan jijjiirama fudhatu kun akkuma naannoo, aadaa, sirna hawaasummaatii fi seenaatiin jijjiiramaa deema[127]jedchuun ibse.

Garuu wanti as irratti qayyabachuu qabnu, barreessitoonni gariin kanneen falaasama biyyoota dhihaa ammayyaatiin hubaman, murtiiwwan shari'aa kana seenaan walitti hidhuu keessatti baay'ee bira dabrsanii jiru. Namoonni kunniin murtiiwwan hedduu kan dhimma yeroo saniitiif dhufe malee kan ammaaf toluu miti jechuun haasa'u.

Gareen kun, kan Qur'aanaa fi Sunnaa akka gola seenaa dabreetti fudhatu kun akkana jedha: "Xiinxalli nuti kitaabotaaf, aadaalee fi argamoota wayiitiif qabnu, sadarkaa kitaabonni, aadaa fi argamoonni sun haala seenaa dabree keessatti qabanii fi guddina seenaa keessatti qabaniin murtaa'a" jedhu.[128]Akka ilaalcha barreessitoota garee kanaatti, akka waan Qur'aanni kabajamaan

---

[126] - Roojiih Gaaruudii, Al-Islaamu wa al-qarn al waahid wal ishriin: shuruux nahadat al-muslimiin, kan hike kamaal Jaadalllaah (Kaayroo : Addar al aalamiyya lil kutub wannashr, 1999), fuula 70-119.

[127] - Saaruush, Abdul kariim "Taxawwur wa tadannii al ma'arifa addiiniyya" fii kitaab Al-Islaam allibraalii, kitaaba marji'aati (Oxford, maxxansa Yunivarsitii Oxford, 1998), fuula 250.

[128]- Gulaalaan Teeylar Mowsuu'aa maa ba'ada mu'aasira, fuula 178.

oomisha aadaa ta'ee; aadaa yeroo san keessatti buufame irraa dhalateetti ilaalu[129].

Yaanni akkanaa kun, akka waan Qur'aanni tumata seenaa dabree, kan hawaasa gadaa Qur'aanni itti buufame san keeessa turan qofa namatti ibsuuf kaayameetti fudhata[130].Fakkeenyaaf dubartiin Haayidaa Muugiisii jedhamtu akkana jetti: "Shari'aan Islaamaa sona wal-qixxummaa namaa jedhu waliin wal-hin fudhatu.[131]Keeyyatoonni Qur'aanaa fi hiikkaan isaa kamiyyuu mirga dubartootaa fi wal-qixxummaa saala lamaanii eegsisuun wal-hin fudhatu[132].

Bifuma yaada Muugiisii fakkaatu kanaan, namni Ibnu Warraaq jedhamus akkana jedha: "Mirgoonni namummaa kan amantii Islaamaa keessatti ibsaman sona walabummaa/bilisummaatiif ga'ee guddaa hin goone".[133]Namni Ibraahiim Muussaa jedhamu

---

129 - Abuu Zeeyd, sifaatu Allaahi ta'aalaa fi Al-Qur'aani, kitaaba Al-Islaami wa Al-mu'aasaraa: Istijaabat Al-Musaqafiin Al-Muslimiin, (Landan: I B tooriis, 1998), fuula 199. Muhammad Arakuun "I'aadat attafkiir fil Islaam alyoom, fii kitaab alIslaam allibraalii: kitaab marji'aa, (Oksifoord: maxxansaa Yunversitii Oksifoord, 1998), fuula 211.

130 - Abuu Zeeyd Naasr Haamid Al-Imaamu Ashaafi'ii wa ta'asiisu Al-Ayidoolojiyyaa Al-wasaxiyyaa, maxxana sadaffaa, (Kaayroo: Madbuulii, 2003), fuula 209.

Ibraahim Muusaa, progassive Muslim, (Oxford: One werld, 2003), fuula 114.

131 - Moogassii Haayidaa, Feminisim and Islamic Fundamentalism: The Limits of Postmodern Analysis, (Newyork: Zeed books, 1999), fuula 141.

132 - Madduma kana.

133 - Ibnu Warraaq, "Arriddaa wa huquuq al-insaan" fii alistikshaaf alhur, Bitootessa, 2006, fuula 53.

immoo, fiqhiin Islaamaa ilaalcha safuun wal-qabatu irratti akka ragaatti dhimma itti bayuuf hin taatu jechuun dubbate[134].

Akka yaada kiyyaatti immoo Qur'aanni kabajamaan ulfaataan haqqummaa hin eegu, safuu hin qabu jechuun Qur'aana Rabbiititti amanuu faallessa. Gama biraatiin immoo argamoonni seenaa duriitii fi murtiiwwann fiqhii kan Qur'aana keessatti dubbataman gariin, haalli/bifti isii ittiin qayyabannu aadaa, ji'oogiraafii fi seenaa yeroo saniitiin wal-bira qabuun ta'uu qaba.

Ammas irra deebi'uudhaan wanti nuti jennu furtuun keeyyatoota kana ittiin qayyabannu, tooftaalee bakkaa bakkatti, yeroo yerotti jijjiiramtuu fi sonootaa fi kaayyolee hin jijjiiramne addaan baasnee beekuu qabna.Akka Al-Gazaaliin jedhutti tooftaaleen dhuma qabdi, garuu sonootaa fi kaayyoowwan gonkumaa jijjiirama hin fudhattu.Qayyabannaa akkanaa kana horachuun keeyyatoota Qur'aana kabajamaa kana bakkaa fi yeroo hundattuu hojii irra oolchuuf haala nuu mijeessa.

## Kayyolee fi Hiikkaa Qur'aanaa

Sochiin hiikkaa Qur'aanaa sadarkaa hiikkaa ergaalee isaatiin wal-gitu jedhu irra gayee jira. Adeemsi Qur'aana dubbisa mata duree irratti hundaa'e dubbisuu kun kan bu'uureffame Qur'aana Rabbii kana akka qaama guutuu waan hunda of keessatti

[134] - Ibraahim Muusaa , Revival and Reform In Islam: A Study of Islamic Fundamentalism by Azlur Rahman, (Oxford: one world, 2000), fuula 42

qabatuutti ilaaluuni[135]. Ilaalcha walii gala kan waan hunda ammatu kana irratti hundaa'uun, keeyyatoonni Qur'aanaa kan waa'ee murtiiwwan irratti xiyyeeffatan kan baay'inni isii dhibba wayii hin caalle tun, akka ilaalcha kanaatti geengoon isii babal'atee guutuu Qur'aana kabajamaa kana of keessatti qabatti.
Suuraaleen yookiin keeyyatoonni waa'ee dhimma amantii, yookiin dhimma guyyaa boodaa (aakiraa), yookiin seenaa Nabiyyootaa, yookiin dhimma waa'ee hawaa dubbatan kunniin kutaa suuraa walii gala ta'u.Keeyyatoonni kunniin bifa kanaan ga'ee murtiiwwan fiqhii bocuus ni taphatu.Keeyyatoonni kunniin bay'inaan kan irratti xiyyeeffattu seenaalee Qur'aanaa fi mata dureewwan guyyaa boodaa (aakiraa) irratti. Gamanumaan keeyyatoonni kunniin murtiiwwan fiqhiitiif bu'uura ta'uun karaalee durii kan jecha qofa irratti hundaa'een wal-moggaa yaa'uun murtiiwwan fiqhii kana murteessu.
Adeemsuma armaan olitti dubbanne (kan Qur'aana dubbisa mata dureen wal-qabate dubbisuu jedhu) kana Hadiisa ulfaataa irrattis hojii irra oola. Kunis Hadiisa kabajamaa kana bifa mata duree irratti hundaa'een dubbisuun ilaalcha waan hunda of keessatti hammatuutiin ilaaluun, haala jireenya ergamaa Rabbii (nagayaa fi tolli Rabbii isaan irratti haa jiraatu) qayyabachuuni. Tooftaan akkanaa kun yoo Hadiisni sun sonootaa fi safuulee

---

135 - Hasan Atturaabii, attafsiir Al-toowhiidi, maxxansaa duraa Qabee tokkoffaa (Landan Daarassaaqii 2004 fuula 20 Hasan Muhaammad Jaabir, almaqaasid alkulliyyaa walijtihaadal mu'aasir – ta'asiis manhajii wa qur'aanii aaliyyatal istinbaax maxxansaa durraa (Beeyruut: Daaral hiwaar 2001) fuula 35.

Islaamummaatiin wal hin gitu ta'e, nama waa qoratu tokko akka inni sirrii ta'uu Hadiisa sanii gaafatu isa taassisa.
Haaluma kanaan beektonni Islaamaa Hadiisota lamaan wal-faallesuu tokko jidduu isaa walitti fiduu yoo dadhaban, Hadiisota lamaan san keessaa kan irra sonoota Qur'aanaatiin wal-gitu caalchisanii fudhatu. Beektonni Islaamaa kan ammayyaas yaaduma kana deeggaru. Kana jechuun, qabiyyee yookiin jecha Hadiisa tokkoo raggaasisuuf, beektonni Hadiisni sun sonoota Islaamaatiin walitti galuu fi dhabuu isaa irratti xiyyeeffannaa guddaa kennuu qabu.[136]
Dhuma irratti wanti jechuu barbaannu, adeemsi bu'uurri isaa kaayyoo/ergaa dhimmicha sanii dursanii baruu irratti xiyyeeffate, bifa walii-galaatiin qaawwa Hadiisa ulfaataa walii dabarsuu qunnamu kana cufuu ni danda'a. Qaawwi yeroo

---

136 - Fakkenyaaf **Al-Aluwaanii fi Xaahaa Jaabir**, madkal ilaa fiqhi al-aqalliyaat, waraqaa qorannoo kora Awroopaa kan fataawaa fi qorannootiif qophooye, Dablan, Amajjii, 2004, fuula 36. **Al-Gazaalii**, assunnaa annabawiyya, fuula 19, 125, 61.Al-Gazaalii, Nazaraat fi Al-Qur'aan, fuula 36.**Abdul mun'im Annamir**, Al-Ijtihaad (Kaayroo : Daaru Ashuruuq, 1986), fuula 147. **Hasan Atturaabii**, Qadaayaa Attajdiid: nahaw manhaj usuulii, (Beeyruut:: Daar Al-Haadii, 2000), fuula 157. **Yaasiin Daatoon**, usuul Al-qaanuun Al-Islaamii: Al-Qur'aan, al-muwaxxa'u wa amlu ahalu Al-Madiinaa (saarii: keezoon, 1999) fuula 1. **Joon Maqdisii**, Iktibaar Alaa Dow'I Al-waaqi'i lil istihsaan ka'aslin min usuulil ijtihaad al Islaamii, fii majallat alqaanuun Al-Islaamii wa Asharqal awsaxii, lakk. 99, (Alkariif / ashitaa'I, 2003).**Ihii Omotooshoo**, Mushkilatul amr fii usuulil fiqhi, (Qorannoo sadarkaa doktooreetii argachuuf qoophaaye, Yunivarsitii Addanbaraa, 1984). **Lu'ayyi Saafii,** I'imaalu Al-aqli (Biyiisbeerg: Daaru Al-Fikri, 1998), fuula 130.Shamsuddiin, Al-Ijtihaad wattajdiid fil fiqhal Islaamii, fuula 21.

Hadiisa waliif dabarsan uumamu kunis qaawwa dhabamiinsa haala galumsaa fi sababa dhufiinsa isaa wallaaluuti.
Hadiisonni kabajamoon baay'ee hedduu ta'an kitaabota Hadiisaa gara garaa keessatti hima tokko yookii hima lama irraa walitti qabamu.Yookii immoo gaaffii tokkoof yookiin lamaaf deebii kennu.Wanti baratame, Hadiisonni kunniin haala galumsa seenaa durii, yookiin dhimma siyaasaa yookii dhimma hawaasummaa yookiin dhimma diinagdee yookiin dhimma waa'ee naannoo of keessatti hin qabatu.
Dhuma Hadiisota garii irratti Sahaabaan tokko yookii namni Hadiisa san odeesse akkana jechuun isaa ni mala: "ergamaan Rabbii (nagayaa fi tolli Rabbii isaan irratti haa jiraatu) waan inni akkana ta'eef akkas jedhani moo waan biraatiif jedhanii hin beeku…" Garuu inni kun kan argamu Hadiisota lakkoofsaan baay'ee muraasa ta'an qofa keessatti. Sahaabaan yookiin namni Hadiisa san odeesse keeyyata Hadiisaa san waliin sababa Hadiisichi itti bu'eef, Sahaabonni hadiisa san akkamitti/bifa kamiin fudhatanii fi akkamitti hojii irra oolchaniin hin ibsamu. Kuni kan dhiifame xiinxallaa nama Hadiisa odeesseetii fi beektotaaf.
Ilaalchi bal'isanii ilaaluu (ilaalcha waa hunda of keessatti qabatu), kaayyoo yookiin ergaalee Shari'aa irratti hundoofnee, qaawwa jiru kana yookiin odeeffannoo hanqate kan dhimmichi tokko waan walii galaati moo waan dhimma dhuunfaa qofaan wal-qabate jedhu addaan baafachuuf nu gargaara.

**Kayyolee Sunnaa Ergamaa Rabbii (nagayaa fi tola ooliinsi Rabbii isaan irratti haa jiraatu) Qayyabachuu**

Wanta armaan olitti dubbannetti ida'uun, ergaa/kaayyoo ergamaa Rabbii beekuun Hadiisota kophaa ta'an kana boca isaa keessa kaayuuf nu gargaara. Ibsa dabre keessatti hayyuun Al-Qurraafii jedhamu akkamitti jidduu hojiiwwan ergamaa Rabbii (nagayaa fi tolli Rabbii isaan irratti haa jiraatu)kan murtii kan fatwa akka itti addaan baase arginee jirra. Akkasumas akkamitti Al-Qurraafiin ga'een murtiiwwan fi fatwaan kun taphattu faanni/bu'aan isii seera Islaamaa keessatti akka waldhabu nuuf ibsuu isaa ni yaadanna.

Ibnu Aashuuris kaayyolee ergamaa Rabbii (nagayaa fi tolli Rabbii isaan irratti haa jiraatu) irraa gama biraa kan waan Al-Qarraafiin ibse caalaa ilaalcha ergaa qabnu kana nuuf bal'isu itti dabalee dubbatee jira. Armaan gaditti ergaa/kaayyolee ergamaa Rabbii keessaa isaan muraasa Ibnu Aashuur nuuf tarreesse kana haa ilaallu mee:[137]

**1- Ergaa/Kaayyoo Seerri Wanta Tokkoo Karaa Godhameef**

Fakkeenyi tokko kanergamaa Rabbii (nagayaa fi tolli Rabbii isaan irratti haa jiraatu) biratti waan seerri tokko karaa godhameef ibsu, ergamaan Rabbii yeroo Hajjii dhaamannaa (kan dhumaa) Hajjan akkana jedhan: "Akkaataa Ibaadaa keessan itti godhattan narraa fudhaa (narraa baradhaa.)" Kana jechuun hojiiwwan hajji irraa waan ani dalagu ilaalaa qayyabadhaa akkasumatti na hordofaa jechuudha. Dalagaan akkasii kunniin

[137] - Ibni Aashuur, Maqaasid Asharii'aa Al-Islaamiyyaa, Boqonnaa jahaffaa.

akkuma jirtutti otuu itti hin daballe otuu irraa hin hir’ifne hordofamuu fi akkeeffamuu qabdi.

## 2- Ergaa/ Kaayyoo Fatwaa Irraa Barbaadame

Fakkeenyi kanaa, ammas fatwaa ergamaan Rabbii (nagayaa fi tolli Rabbii isaan irratti haa jiraatu) yeroo Hajjii dhumaa (dhaammannaa) godhan. Fakkeenyaaf: namni wayii isaanitti dhufee “Osoo Jamraa hin darbatinan qale/ gorra’e” jedheen. Ergamaan Rabbii (nagayaa fi tolli Rabbii isaan irratti haa jiraatu) akkana jedhaniin: “(Boollootti) darbannaa kee itti fufi homaa rakkina hin qabu” jedhaniin. Sana booda namni biraa isaanitti dhufee akkana isaaniin jedhe: “Osoon hin gurra’inin rifeensa mataa haaddadhe” jedheen. Ergamaan Rabbiitis (nagayaa fi tolli Rabbii isaan irratti haa jiraatu) “Gorra’i rakkina hin qabu” jedhanii deebisaniif.Abbaan Hadiisa kana odeesse akka himutti ergamaan Rabbii (nagayaa fi tola ooliinsi Rabbii isaan irratti haa jiraatu)gaaffiiwwan dura dalage yookiin duuba dalageen wal-qabatan hunda yeroo deebisan “Dalagi rakkina hin qabu” jechuun deebisan.
Hadiisonni akkanaa kun akkuma jirutti akkeefamuu/hordofamuu qaban. Kaayyoon/ergaan fatwaa kun dhimma irratti godhameef san qofaaf osoo hin taane murtiiwwanii fi seera bal’aa ta’e irra ga’uuf nama fayyada.Fakkeenyota armaan olii irraa namni fatwa godhu tokko wanti inni qayyabatu, dimshaashumatti duraa duubni hojii Hajjii rakkina akka hin qabneedha, yoo keeyyata ifa gala ta’een wanti ibsame jiraate malee.

### 3- Ergaa/Kaayyoo Murtii Tokko Duubaan Jiru

Kaayyoo kana irratti Ibnu aashuur fakkeenyota armaan gadii kana dhiyeessee jira:

- ✓ Ergamaan Rabbii (nagayaa fi tolli Rabbii isaan irratti haa jiraatu) waldhabbii dhimma lafaa irratti jidduu nama biyya *Hadramoowti* fi nama biyya *Kindaatti* argame jiddutti murtii kennan.
- ✓ Ergamaan Rabbii (nagayaa fi tolli Rabbii isaan irratti haa jiraatu) jidduu nama baadiyaa tokkoo fi kan isaan waldhabeetti murtii kennan, sunis namni baadiyaa (A'araabii) kun itti dhufee "Jidduu keenyatti nuu murteessi" jennaan, ergamaan Rabbiis "Wallaahi jidduu keessanitti nan murteessa" jedhaniin.
- ✓ Ergamaan Rabbii (nagayaa fi tolli Rabbii isaan irratti haa jiraatu) jidduu Habiibaa fi Saabititti murtii kennan, sunis Habiibaa Bint Sahil ergamaa Rabbiitiin (nagayaa fi tolli Rabbii isaan irratti haa jiraatu) ani abbaa manaa kiyya hin jaaladhu, gadi na dhiisuun barbaada jennaan, Ergamaan Rabiitis (nagayaa fi tollli Rabbii isaan irratti haa jiraatu) akkana jedhaniin: "Ooyruu isaa (mahriitti inni siif kenne) deebisuufii barbaaddaa?" jedhaniin, isiinis "Wanti inni naaf kenne hunduu na bira jira" jetteen. Sana booda ergamaan Rabbii (nagayaa fi tolli Rabbii isaan irratti haa jiraatu) Saabit qabeenya mahriif isii kenne fudhatee akka nikaaya irraa gadi dhiisu murteessan.

  Akkuma Al-Qurraafiin ifa godhe, Hadiisonni akkanaa kun seera walii galaatii miti, dhimmoota akkanaa kana

irratti kan murtii godhu abbaa murtiti.Akkaatuma dhimma isatti dhiyaateetiin carraaqqii godhee murtii kenna.

## 4- Ga'ee Ergamaan Rabbii Akka Bulchaa Muslimtootaatti Qaban

Fakkeenyi kanaa, ergamaan Rabbii (nagayaa fi tolli Rabbii isaan irratti haa jiraatu)lafa namni itti hin fayyadamamne tan akkanumaan teettu nama isii qotee/kaloo godhee hojii irra oolcheef akka lafa san dhuunfatu (fudhatu) hayyaman. Akkasumas gaafa lola Kaybar foon Harree nyaachuu irraa nama dhoorgan. Loluma Kaybar san irratti ergamaan Rabbii (nagayaa fi tolli Rabbii isaan irratti haa jiraatu) akkana jedhan: "Namni diina ajjeesee, ajjeesuu isaatiif ragaa dhiyeeffate, qabeenya nama ajjeessee san isatu fudhata" jedhan.
Seerri walii gala, Hadiisonni dhimmoota siyaasaa fi hawaasummaa ibsitu kan qayyabatamuu qabdu ergaa isii duubaa isa guddaa saniini, ergaan sunis kan faaydaa walii gala (Bu'aa ummataa) fidu ta'uu qana.

## 5- Ergaa/kaayyoo Nama Wayitti Qajeelchuu

Kaayyoon kun yaad-rimee seeraa caalaa bal'aadha. Fakkeenyaaf Hadiisa Bukaariin odeesse keessatti akkana jedhe: "Abuu Zarri fi gabra isaa tokko kan uffata faaya uffatee deemu argee, Abii Zarriin akkana jedheen, kuni maali? (ka gabra faaya uffiftuuf). koottu siif himaa mee naan jedhe: gabricha kiyya kana arrabsee maqaa haadhaatiin qaanfachiise, innis ergamaa Rabbiitti (nagayaa fi tollli Rabbii isaan irratti haa jiraatu) na himate.

Ergamaan Rabbii (nagayaa fi tolli Rabbii isaan irratti haa jiraatu) yaa Abaa Zarri! Haadha isaatiin isa arrabsitee?naan jennaan, eyyeen jedheen. Isaanis “Ati nama wallaalummaan (Jaahiliyyaan) isa keessa jirtu, gabroonni teessan tajaajiltoota keessani” naan jedhan.
Hadiisa kana irraa kan hubannu, qajeelcha ergamaan Rabbii (nagayaa fi tolli Rabbii isaan irratti haa jiraatu) sahaabonni gabroota isaanii bifa addaatiin (amala gaariin) akka waliin jiraatan ibsu hubanne.

## 6- Kaayyoo/Ergaa Bu’aa

Fakkeenyi kana nuuf ibsu Hadiisa Sahaabtittii Bariiraa jedhamtuuti.Hadiisa kana keessatti ergamaan Rabbii Bariiraadhaan eega abban warraa isii gadi dhiise booda gara abbaa warraa keetiitti deebi’i jedhaniin. Bariiraanis akkana jette: “Yaa ergamaa Rabbii, akkan itti deebi’u na ajajjaa?” isaanis akkana jedhan: “Si hin ajaju, garuu isin araarsuufi malee” jedhaniin, isiin akkana jette: “Dhimma itti hin qabu”.
Bukaariin Hadiisa biraa kan fakkeenya biro nuuf kennu yeroo odeessu akkana jedha: Abbaan Jaabir du’ee jennaan, Jaabir ergamaa Rabbiitti (nagayaa fi tolli Rabbii isaan irratti haa jiraatu) dhufee namoota abbaa kiyya irraa liqii qaban akka xiqqo liqii san irraa naaf hir’isan naa kadhaa jedheen, ergamaan Rabbii (nagayaa fi tola ooliinsi Rabbii isaan irratti haa jiraatu) jara dubbisanii jarri immoo liqii san irraa hir’isuu didan, ergamaan Rabbiitis (nagayaa fi tolli Rabbii isaan irratti haa jiraatu) diduu jaraa kana fudhatan.

Hadiisni biraa kan araaraan walqabates ni jira, innis Sahaabaan Ka'ab Binu Maalik jedhamu liqii Abdullaah Bin Hadrad irraa qabu naaf galchi jedhee gaafateen, Ergamaan Rabbii Ka'abiin walakkaa liqii irraa qabduu kana dhiisiif jedhanii kadhannaan, Ka'abis tole jedhee. Hadiisota kanniin hunda keessattu wanti nuti qayyabannu, ergamaan Rabbii (nagayaa fi tolli Rabbii isaan irratti haa jiraatu) Sahaabama kamiyyuu dirqamaan dhimma san akka raawwatu irra hin barbaanne, araaraaf barbaadan malee.

## 7- Kaayyoo Nama Gorsaa ta'aniif Tokkoof Waa Ibsuu/Akeekuu

Fakkeenyi kanaa Hadiisa Umar Ibnu Kaxxaabi, Umar namicha wayiitiif karaa Rabbii keessatti itti fayyadami jedhee Farda ofii kenneef. Sana booda Umar irraa bitachuu barbaade, sababa namichi gatii xinnaan ni gurguraaf jedhee abdii qabuuf jecha.Dhimma kana ergamaa Rabbii (nagayaa fi tolli Rabbii isaan irratti haa jiraatu) gaafatee jennaan,ergamaan Rabbii (nagayaa fi tolli Rabbii isaan irratti haa jiraatu) akkana jedhaniin "Hin bitin osoo dirhama tokko qofaanis ka siif kennu ta'ee.Namni waan namaaf kennaa kenne tokko itti deebi'ee fudhate akka Saree haqqee ofiitti deebitee nyaatteeti" jedhaniin.Namni kamiyyuu akka ergamaan Rabbii waan akkanaa kana irraa bifa walii gfalaatiin dhoorgan hin beekan ture.

Fakkeenyi biraa immoo Hadiisa Zeeydi odeesse keessatti ergamaan Rabbii (nagayaa fi tolli Rabbii isaan irratti haa jiraatu) akkana jedhan "Hanga bilchinni/tolinni firii waan bittanii sun ifa bayutti wal-irraa hin bitinaa!". Jecha ergamaan Rabbii (nagayaa

fi tolli Rabbii isaan irratti haa jiraatu) kana irratti Zeeydi yeroo yaada kennu akkana jedhe: “Kuni akka nama yaada namaa dhiyeessuuti, yeroo sanitti dhimma kana irratti wal-himannaan waan heddummaateef”.
Hadiisota lamaan armaan olii kana keessatti, akkuma armaan olitti ibsine Sahaabonni akka ergamaan Rabbii (nagayaa fi tolli Rabbii isaan irratti haa jiraatu) isaan hin dirqin hubatanii jiru.

### 8- Hamilee Gorsa Namaaf Kennuu

Sahaabaan Nu’umaan binu Bashiir jedhamu, abbaan isaa ergamaa Rabbiitiin (nagayaa fi tolli Rabbii isaan irratti haa jiraatu)“Ilmaan kiyya keessaa tokkoof waa kenneefii jira” jedhee itti hime. Yeroo kana ergamaan Rabbii (nagayaa fi tolli Rabbii isaan irratti haa jiraatu) akkana jedhaniin: “Ilmaanuma kee hundaaf waan kana fakkaatu kennitee?”, innis “Lakki hundaafii miti” jedheen, ergamaan Rabbii (nagayaa fi tolli Rabbii isaan irratti haa jiraatu) akkana jedhaniin “Miidhaa (wal-caalchisuu) kee kana irratti raga na hin godhatin” jedhaniin.
Asittis Maalik, Abuu Haniifaanis fi Ashaafi’iinis ergamaan Rabbii (nagayaa fi tolli Rabbii isaan irratti haa jiraatu) kennaa akkanaa kana haraama godhan malee waa kennuu dhoorguufii miti ta’uu isaa hin qayyabanne, wanti yaada jenne kana nuuf cimsu, hadiisa biraa keessatti ergamaan Rabbii (nagayaa fi tolli Rabbii isaan irratti haa jiraatu) akkana jedhaniin “Lakki, nama biraa ragaa godhu” jedhaniin.

### 9- Kaayyoo Lubbuu Namaa Waan Gaaritti Kaasuu

Ajajoota ergamaan Rabbii (nagayaa fi tolli Rabbii isaan irratti haa jiraatu) Sahaabota isaanii itti ajajan hedduun lubbuma isaanii guutuufi malee ummata guutuu waan sanitti yaamuu barbaadaniitii miti. Sahiiha Bukaarii keessatti, sahaabaa Baraa'i bini Aazib jedhamu irraa odeeffamee akkana jedhe: "Ergamaan Rabbii (nagayaa fi tolli Rabbii isaan irratti haa jiraatu) waa torbatti nu ajajanii waa torba irraa nu seeran: Dhukkubsataa gaafachuu, reeffa hanga qabriitti duuka deemuu, nama haxxifate eebbisuu (Rabbi rahmata sii haa godhu jechuunii), nama wayiif kakate kakuu isaa guutuufii (waan inni itti kakate san guutuu), nama miidhameef tumsuu, nagaya wal-gaafachuu babal'isuu fi nama sagantaa wayiitiif nama affeere yaamicha isaa irratti argamuudha."

"Wantoonni turban irraa nu seeran immoo; qubeela Ziqaya irraa hojjatame godhachuu, meeshaa meettii irraa hojjatametti fayyadamuu, afata gogaa leencaatti qeeransaa, uffata ruufa yookiin hariira (silkii) irraa hojjatame isa furdaa fi qal'aa uffachuu irraa nu dhoorgan"**.**Ajajoota kanneen kessaa gariin isaa waan dirqama ta'uun isaa ifa gala ta'e yoo ta'u gariin immoo Sahaabotuma amaloota/bifa quufiinsa/qananii daangaa taree irraa qulqulleessuufi male haraaama/dhoorgamaa godhuufii miti.

### 10- Kaayyoo Dhugaa Gurguddoo Nama Barsiisuuf:

Fakkeenyi kanaa: ergamaan Rabbii (nagayaa fi tolli Rabbii isaan irratti haa jiraatu) Abuu Zarriin akkana jedhaniin: "Uhud sitti mul'ataa (gaara Uhud argitaa)?" jennaan Abuu Zarri akkana jedhee deebiseef: "Eyyeen". Ergamaan Rabbii (nagayaa fi tola

ooliinsi Rabbii isaan irratti haa jiraatu) akkana jedhaniin: “Osoo qabeenya hanga gaara Uhud kana gayu qabaadhee, hunda isaatuu namaaf qoqqoodee, diinaara sadi malee na biratti akka haftu hin barbaadu” jedhaniin. Garuu ergamaan Rabbii (nagayaa fi tolli Rabbii isaan irratti haa jiraatu) dhimmi kun Muslimoota hunda irratti hojii irra ooluu qaba hin jenne.

## 11- Naamusa Nama Qabsiisuuf

Akka Ibnu Aashuur jedhutti, dhimma naamusa kabachisiisuu kana keessatti, faallaa isaa irraa nama dhoorguuf jecha, yeroo garii dhimmicha baay’ee ol kaasuun ni argama. Fakkeenyi kanaa jecha ergamaa Rabbii (nagayaa fi tolli Rabbii isaan irratti haa jiraatu): “Wallaahi hin amanne, wallaahi hin amanne”. Sahaabonni isaaniis akkana jedhaniin: “Ennunni (kan hin amanin) yaa ergamaa Rabbii (nagayaa fi tolli Rabbii isaan irratti haa jiraatu)? Isaanis akkana jedhanii deebisaniif: “Nama ollaan isaa dhara/miidhaa isaa hin amanne” jedhaniin. Wanti Hadiisa kanatti fedhame namni sun guutumatti hin amanne jechuu osoo hin taane, iimaanni isaa guutuu miti jechuufi.

## 12- Nama Qajeelchuu Dhabuu (Nama Barsiisuu Dhabuu) Yaaduu

Inni kuni dhimma seera Islaamaatiin, seera amantii itti qabatan, naamusaan yookiin dhimma seera waliigala ummataatiin wal-hin qabanneedha. Kana keessaa aadaa ergamaan Rabbii (nagayaa fi tolli Rabbii isaan irratti haa jiraatu) nyaata isaanii itti nyaatan, akkaataa uffannaa isaanii, haala irriba isaanii, deemsa isaanii fi akkaataa isaan yaabbii itti yaabbatan fa’a. Fakkeenyi

kanaa, gaafa Hajjii dhumaa (dhaamannaa) san osoo hajjii godhaa jiran lafa ol-fuudhamtuu (Tulluu) bishaan warra Banii Kinaanaa moggaa jirtu irratti dhaabbatan. Aa'ishaan (Rabbi isii irraa haa jaalatuu) kana irratti yoo yaada kenniti akkana jette: "Isaan bakaa san irra qubachuun isaanii mallattoolee hajjiitii miti, wanti isaan achi qubataniif bakka san bulanii, ganama gara Madiinaa deemuun akka isaanii salphatuufi malee".

Hadiisota armaan olitti tarreessine kana Ibnu Aashuur akkanatti bal'isee qayyabachuun isaa kun, sadarkaa beekumsa keeyyattoota Shari'aa qayyabachuu keenyaa nuuf dabalee jira. Akkasumas keeyyattoota kana qayyabannee gara hojiitti jijjiiruuf karaa nuuf saaqa.

## Sababa Wayii Dhabamsiisuu Fi Sababa Wayiitiif Karaa Banuu

Fiqhii Islaamaa keessatti, Sababa wayii dhabamsiisuu jechuun, wanta san akka hin argamne dhoorguu yookiin irraa nama seeruu jechuudha.Irraa nama dhoorguun kunis homa seera-qabeessa shari'aan jiru. Dhoorgaan kuni kan karaa godhameef tarii gochoota dhimmoota irraa dhoorgamne wayiitti nu geessuu danda'an irraa haa fagaannuufi ta'a[138].

Haala akka armaan olii kana keessatti, kan gochoota wanta dhoorgamatti nama geessuu danda'an tokko tokko dalaguu irraa

---

[138] - Ashowkaanii, Muhaammda Ibni Alii, Irshaad Al-fuhuul Ilaa Tahaqiiq Al-haqq Min Ilmi Al-usuul , gulaalaan, Muhammad Sa'iid Al-Badrii, maxxansa 1[ffaa], (Beeyruut:: Daaru Al-fikr, 1992, fuula 246. Abuu Zahraa, Muhaammda, Usuul Al-fiqhi (Kaayroo: Daaru Al-fikr Al-arabii 1958), fuula 268.

dhoorgamne keessatti, carraan gochi sun waan irraa dhoorgamnetti nu geessuu, carraa waan gaaritti nu geessuu caalaa argama jechuu irratti beektonni mazhaba gara garaa hunduu irratti walii galan.

Garuu beektonni kunniin kan irratti waldhaban, dhimma kana boodaan jiru irratti. Innis: carraa gochi tokko baditti yookiin gaaritti nama geessuu kana akkamitti qoqqoonna kan jedhu irratti wal-dhaban. Kana irraa ka'uun carraa dalagaa irraa dhoorgamnee kana sadarkaa afuritti qoqqoodan:[139]

**Sababa dalagaa hundeen isii eeyyamamtuu taate dalaguutiin, carraa dalagaan sun miidhaa qaqqabsiisuu yookiin wanta irraa dhoorgaman wayiitti nama geessuuf qabdu**

| Dabree dabree | Ni argama jedhamee kan yaadamu | Gara caalu ni argama | Guutumatti ni argama |
|---|---|---|---|

***Qoqqoodama afran beektonni sababa tokko dhabamsiisuuf kaayan, innis carraa balala (naadira), argamuun ni mala, gara caalu ni argama, guutumatti ni argama***

Qoqqoodama afran kana ifa godhuuf, fakkeenyota muraasa beektonni tarreessan kana armaan gaditti walumaan haa ilaallu:

1- Beektonni hedduun gocha yoo dalagan miidhaa *shakkii hin qabne* namatti fiduuf fakkeenyi isaan kaayan, boolla bishaanii karaa namni irra deemu irratti qotuu. Beektonni tooftaalee gocha akkanaatti nama geessan hunda dhoorguu

[139] Abuu Zahraa, Usuul Al-fiqhi, fuula 271.

irratti walii galu. Garuu kan isaan irratti waldhaban, yoo boolli qotame sun miidhaa nama irraan gaye, namni boolla qotu kun itti gaafatamummaa ni fudhata moo yookiin adabbii wayiitu itti murtaa'uu qaba.

Ergaan waldhabiinsa beektotaa duubaan jiru kun, gocha san irraa dhoorguun kun miidhaa gochi sun nama biraa irraan ga'uuf nama gocha san raawwateef adabbii wayii of keessatti ni qabata moo hin qabatu? kan jedhuudha.

2- Fakkeenyi AShaaxibiin gocha *dabree dabree* miidhaa geessuu danda'uuf kaayan, gurgurtaa Inabaa (Meexxiiti). Innis kan godhameef dhibbeentaan namoota Inaba (Meexxii) kana farsoo hojjachuuf itti fayyadamanii baay'ee xiqqaa waan ta'eefi. Kanaafuu sababaa dhabamsiisuun fakkeenya kanaaf isaan walfakkaatan irratti hin dalagu. Maaliif yoo jenne bu'aan gochoota akkanaa kun miidhaa inni qaqqabsiisu caala waan ta'eefi. Miidhaan ni argama jedhamee yaadamu bir-qabiinsaan baay'ee xiqqaadha[140].

3- Beektonni Islaamaa gariin miidhaa gocha tokko irraa argamuuuf carraan waa miidhuu isaa sadarkaa *gara caalu*kan ta'eef fakkeenyi isaan kennan; meeshaa waraanaa yeroo biyya keessa lolli jiru gurguruu yookiin nama farsoo dalaguuf Inaba (Meexxii) gurguruu[141]. Dhimma kana irratti hordoftoonni *Maalikiyyaa* fi *Hanaabilaa* sababa gocha kanaa dhabamsiisuu qabna jechuu irratti walii galan. Garuu hordoftoonni *Shaafi'iyyaa*fi *Hanafiyyaa*yaada sababa kana dhabamsiisuu jedhu jala sararree himuuf miidhaan sun

[140] - Ashaaxibii, Al-muwaafaqaat, Qabee lammaffaa, fuula 249.
[141] - Abuu Zuhraa, usuulal fiqh, fuula 273.

shakkii tokko malee argamuu qaba jechuun garee jalqabaa morman.

4- Beektonni Islaamaa (Fuqahaa'onni) tokko tokko akka jedhanitti yeroo dubartiin kophaa isii imala deemtu carraan miidhaan isii irra gayuu *ni mala* jedhu. Yeroo namoonni tooftaalee fiqhiitti fayyadaman (tooftaaleenkun boca gubbaa irraa yoo ilaalan waliigaltee sirrii ta'e uumuun, garuu gara duubaatiin tooftaalee dhokattuu ta'e kan akka dhala nyaachuu fa'a of keessatti qabatti). As irrattis hordoftoonni mazhaba *Maalikiyyaa* fi *Hanaabilaa* sababa gocha kanaa dhabamsiisuu qabna jechuu irratti walii galan. Garuu hordoftoonni *Shaafi'iyyaa* fi *Hanafiyyaa,* carraan miidhaan argamuu sadarkaa gara caaluu yookiin sadarkaa argamuun shakkii hin qabnee waan hin gayiniif, yaada kana hin deeggaran[142].

Fakkeenyi armaan olii kan ifa nuu godhu, qoqooddaan tooftaalee fi galma gayamuun yaadamu fi sadarkaan argama waan sanii seera dhaabbataa kan qabu osoo hin taane haala jijjiirama diinagdee, hawaasummaa fi siyaasaa naannichaa waliin deemuu isaati.Dubartiin kophaa isii imala bayuun, meeshaa waraanaa gurguruun, Inaba (meexxii) gurguruun fi fakkeenyonni biros yeroo garii fi bakka garitti miidhaa geessuun isii ni mala, garuu haallan biraa keessatti bu'aa malee miidhaa qabaachuu dhabuun isii shakkii hin qabu.

Kanaafuu amala gadi bu'anii waa hubachuu dhabuu keessaa inni tokko; wantoota/gochoota hundeen isaanii hayyamamaa/halaala ta'e, carraan gochi sun miidhaa fiduu ni mala yaada jedhu irraa

---

[142] - Madduma san, fuula 273.

kaanee qooda isa dhumaa yookiin qooda dhaabbataa jijjiirama hin fudhanne wayii jala galchuudha.
Akka falaasama safuutti, sababa tokko dhabamsiisuun ogummaa waan gochi sun dhuma irra ni ta'a jedhamee eegamuu fi bu'aa inni qabatamaan buusu hubachuu danda'uuti[143]. Sabab dhabamsiisuun kun yeroo garii bu'aa fiduun isaa ni mala. Akkasumas yeroo garii namoonni waa jajjabeessanii fi bira dabarsan, yookiin namoonni dhimma siyaasaa ofii gaggeeffachuuf itti dhimma itti bayuun, itti fayyadama isaa balleessuun isaanii ni mala.
Akka Sheek Al-Qardaawiin ibsetti, yeroo ammaa kana bal'inaan kan mul'atu, barruulee *Zaahiriyyoota* haarayaa keessatti sababa dhabamsiisuu kana gar-malee dhimma itti bayaa jiraachuu isaaniiti.Keessattuu dhimmoota seera addaa dubartoota Muslimaatiin wal-qabatan irratti. Sababa dhabamsiisuu yaada jedhu irratti hundaa'uun; dubartoonni konkolaataa oofuu irraa dhoorgamuu, kophaa isii imala ba'uu irraa dhoorgamuu, kutaalee Reediyoo fi Televisiyoonaa keesa dalaguu irraa dhoorgamuu, paartii siyaasaa tokko bakka bu'uu irraa dhoorgamuu fi barruulee garii keessatti walakkaa karaa keessa deemuu irraa dhoorgamuu isii fa'atu mul'ata[144].
Dhimmoonni kanaan olitti irraa haasayaa turre kun ifa akka nuuf ta'uuf, mee akka fakkeenyaatti sabab dhabamsiisuu kana seeraan ala dhimma itti ba'uun walqabatee, fatwaa godhame

143 - Woolf, Roobert Bool, About Philosophy, maxxansaa saddeettaffaa (Niyoojeersii: Biriintiis hool, 2000), fuula 90.
144 - Wajanaat Abdurrahiim miimnii , qaa'idatu zaraa'I maxxansaa tokkoffaa ( jidda: daaral mujtama'I 2000) fuula 608 22, 32, 50 .

kana waliin haa ilaallu, osoo yaada itti hin kennin akkuma jirutti isinii dhiyeessa. Tariitii namni dubbisu tokko dhugaa jirtu hubatee,yaada nama dinqisiisu kana arguun isaa ni mala:[145]

**[Gaaffii]:** Murtiin shari'aa kan dubartiin konkolaataa ofuu waliin wal-qabate maal akka ta'e nuuf ibsaa? Akkasumas yaada dubartiin kophaa isii konkolaataa oofuun nama ormaa tokko waliin konkolaataa yaabbachuu irratti miidhaan isaa xiqqaadha jedhu irratti yaada maalii qabdu?

-Deebiin gaaffii kanaa kan irratti hundaa'u… wanti haraamatti nama geessu mataan isaatuu haraama… dubartiin konkolaataa oofuun badii hedduu of keessaa qaba. Badiiwwan san keessaa: Hijaaba mulqachuudha, maaliif yoo jenne konkolaataa oofuuf fuula ofii irraa mulqachuu qabdi. Kun immoo balaa hedduu fida, dhiirri fuula isii keessa akka ilaalaniif karaa saaqa…

Kana irratti namni tokko akkana jechuun isaa ni mala: dubartiin Hijaabaan ala konkolaachisuu ni dandeetti, sunis fuula isii haguuguun, leensii ijaa gurraacha ijatti godhachuun fa'a jechuun ni mala. Deebiin kanaa immoo kuni faallaa yaada dubartoota konkolaachisuu hawwaniiti… miidhaalee dubartoonni konkolaachisuun fidan keessaa naamusa dhabuu isaaniiti…

Ammas miidhaa isiin qaqqabsiiftu keessaa manaa bayuudhaaf sababa ta'uu isaati.Kuni immoo dubartootaaf akka isaan gara fedhan demanii, yeroo fedhan bayanii, bakka fedhan dhaqanii, waan fedhaniif deemaniifkaraa saaqa. Kunis kan ta'eef dubartiin tun kophaa isii konkolaataa keessa waan jirtuuf, halkan yookiin

[145]- Kitaab Al-fataawa Ashar'iyyaa fii masaa'il al asriyyaa, min fataawaa ulamaa'a Al-baladal Haram, Ibnu Useeymiin.

guyyaa keessaa sa’aatii feetetti deemtee galti. Tariitii barfattee halkan turtee galuu dandeessi.
Miidhaalee dubartoonni konkolaataa oofuun fidan keessaa, akka isiin warra isii fi abbaa warraa isii irratti garaa jabaattuu fi fincila kaaftuuf karaa bana.Rakkinnuma xiqqoo mana keessatti uumameef jecha manaa baatee konkolaataa isiitiin bakka silaa boqonnaa itti argadha jettee yaaddu mara deemti.
Ammas miidhaalee dubartoonni konkolaataa oofuun qaqqabsiisu keessaa, bakkee adda addaatti madda balaa ta’uu isiiti. Fakkeenyaaf: bakka ifaa tiraafikaatti dhaabachuu, iddoo boba’aa konkolaataatti dhaabachuu… yeroo rakkinni wayii konkolaataa qunname irraa buutee karaa irra dhaabbachuun nama bakka sanii isii fuudhu barbaaddi, haalli isii yeroo akkanaa kana maal ta’a? Tasa ta’ee nama gowwaa wayii kan maqaa isii xureessuu barbaadu isii qunnamuu mala…
Miidhaalee dubartoonni konkolaataa oofuun fidu keessaa konkolaataan karaa keessatti gar-malee walitti baay’achuu yookii dargaggoota garii mirga konkolaachisuu isaan dhabsiisuu, dhiiratu dubartoota caalaa konkolaachisuuf ga’umsaa fi haqas qaba.Ammas miidhaalee dubartoonni konkolaachisuun fidan keessaa balaan konkolaataan dhaqqabsiisu baay’atuu. Kunis kan ta’eef dubartiin uumamumaan kutannaan isii, ilaalcha fagoo qabaachuu fi ga’umsaa fi dandeettiin isii kan dhiiraatii gadi waan ta’eefi … (hanga dhuma fatwaatti!!!)
Gama biraatiin hordoftoota *Maalikiyyaa* keessaa gariin isaanii yaada sababaaf karaa banuu jedhu dhiyeessan.Yaanni kunis faallaa yaada isa sababa dhabamsiisuu jedhuu san

ta'a.[146]Fakkeenyaaf hayyuun Al-Qarraafiin murtiiwwan shari'aa kana tooftaalee fi kaayolee jechuun bakka lamatti addaan qoode. Tooftaalee kaayyolee hin barbaachifnetti nu geessan dhabamsiisuun dirqama ta'a jedha, akkasumas tooftaalee kaayyolee gaaritti nama geessan hundaaf karaa saaquu qabna jedha[147].Kana irraa kan hubannu, Al-Qarraafiin tooftaalee itti fayyadaman tokko daangessuun galma yaadamee fi kaayyoo itti gayuumn barbaadamu saniin walitti hidhamuu qaba jedha. Kana irratti hundaa'uun kaayyolee bakkee saditti qooduu yaada jedhu dhiyeesse, isaanis: fokkataa, bareedaa fi jiddu galeessa.

Beekaan mazhaba Maalikii hordofu tokkos, kan Ibnu Farhuun jedhamuun beekamu (Bara 769H tti du'e), yaada Al-Qarraafii kana hojii irra oolchuu deeggaruun, seera sababaaf karaa saaquu jedhu kana murtiiwwan hedduu irratti hojii irra oolchuu qabna jedhee yaada dhiyeesse.[148]

---

[146] - Al-Qarraafii, Azzakiiraa, Qabee tokkoffaa, fuula 153. Al-Qarraafii, Al-furqaan ma'a hawaamishihii, Qabee lammaffaa, fuulaa 60. Burhaanuddiin Ibni Farhuun, tabsiratu al-hukkaam fii usuuli al-qadiyyati wa manaahij al-ahkaam , gulaalaan, Jamaal mara'ashalii ( Beeyruut: : daaru al-kutub al-ilmiyyaa,1995, Qabee lammaffaa, fuula 270.

[147] - Al-Qurraafii, Azzakiiraa, Qabee tokkoffaa, fuula 153.

[148] - Ibnu Farhuun , Burhaanuddiin , tabsirat al-hukkaam fii usuul al-qadiyyaa wa manaahij al-ahkaam , gulaalaan, Jamaal Mar'ashlii ( Beeyruut:: daar al-kutub al-ilmiyyaa, 1995), Qabee lammaffaa, fuula 270 fi isa booda kan jiru.

| | | |
|---|---|---|
| Kaayyolee fokkatoo tooftaaleen ittiin gayan dhoorgamaa ta'an | Kaayyolee jiddu galeessa tooftaaleen ittiin gayan eeyyamamaa ta'an | Kaayyolee bareeda tooftaaleen ittiin gayan banamaa ta'an |

***Al-Qarraafii biratti, gosoota qoqqoodama kaayyolee fi murtiiwwan tooftaa kaayyolee sanitti ittiingayan***

Kana irraa kan hubannu, hordoftoonni mazhaba Maalikiyyaa, haasaya isaanii miidhaa dhuma irratti dhimmi tokko qaqqabsiisu qofa irratti xiyyeeffachuu osoo hin taane, karaa xiinxalla kanaa banuudhaan akka isiin gama gaarii ta'es of keessatti hammattu godhuuf yaaluu isaaniiti.Kuni immoo osoo dalagaan sunis keeyyata wayii keessattis dubbatamuu baatellee, gara dalagaawwan bu'aa namaa fidaniitti xiyyeeffachuuf karaa saaqa.

**Kaayyoo Addunyaawwummaa Jedhu Mirkaneessuu**

Duudhaaleen seerri Islaamaa eegu fi bakkee kennuuf aadaalee gaarii hawaaasa tokko keessatti babal'atanii argamaniidha.Garuu hariiroon jidduu seera Islaamaa fi duudhaalee kanaa jiran isa eeguu fi bakkee kennuufii caalaa xaxamaadha.Dhugaan jirtu,seenaa Islaamaa keessatti yeroo jalqabaas ta'ee gara yeroo boodaattis, duudhaaleen Arabootaa murtiiwwan fiqhii hedduu irratti jijjiirama guddaa fiddee jirti.

Kanaafuu, Ibnu Aashuur, kaayyolee Shari'aa kana irratti hundaa'uudhaan yaada/ilaalcha haaraya dhiyeesse. Kitaaba isaa kan Maqaasid Asharii'aa jedhaamu keessatti, boqonnaa tokko

waa'ee aadaa fi duudhaalee kanaaf hallanyeessee maqaa waliigala seera Islaamaa jedhu itti moggaase.[149]
Kitaaba isaa kana keessatti, Ibnu aashuur akka duraan baratame san hubaatii aadaaleen Hadiisa kabajamaa hojii irra oolchuu irratti qaban hin dubbanne, kan inni irratti xiyyeeffate humna aadaaleen Arabootaa kun qayyabannaa nuti Hadiisa kabajamaaf qabnu irratti qaban irratti.
IbnuAashuur boqonnaa isaa kanas kan jalqabeen, yaada namni kamiyyuu qayyabannaa Islaama addunyaa hundaaf jedhu irraa ka'uu qaba jedhuuni. Kana kan jedheef Beektonni Islaamaa akka amantiin Islaamaa ilma nama hundaaf, bakkaa fi yeroo hundaafuu ta'u waan ibsaniif.Keeyyatoonni Hadiisaa fi Qur'aanaas yaaduma kana ibsu.Ibnu Aashuuris keeyyatoota sanniin keessaa haga tokko dubbatee jira[150].
San booda Ibnu Aashuur, Rabbiin maaliif ergamaa isaa Muhammadiin (Nagayaa fi rahmanni Rabbii guddaa isaan irratti haa jiraatu)Araba keessaa godhe yaada jedhutti seene. Murtiiwwan inni irra ga'e keessaa waan Araboonni qaroomina biyyoota biraa irraa haguuggamanee, adda ba'anii jiraniifi.Kuni immoo akka Araboonni ummatoota biraa wajjiin walitti dabalamuun karaa nagayaa fi jaalalaatiin ummata biraa wajjiin jiraataniif karaa saaqe.Amalli isaanii kunis faallaa ummatoota

---

[149] - Ibni Aashuur, maqaasidu Asharii'aa al-Islaamiyyaa, fuula 234.
[150] - Ibnu Aashuur, keeyyata Qur'aanaa keessaa lama akka fakkeenyaatti fudhate: " (yaa muhaammad) nuti nama hundaaf si ergine" (suuraa Saba'I 28) "Ani ergamaa gara keessan hundaatti ergamedha jedhi" ( suuratul A'iraaf 158) hadiisa keessatti:" Nabiyyoon gara ummata isaanii qofatti ergamu turan, an immoo gara nama hundaattin ergame" ( rawaahu muslim).

Bizaantaaniyaa, Qibxootaa fi Iiraanotaati.Ibnu Aashuur yaada kanas akkana jechuun barreesse:[151]

“Wanta guddaa seerri walii gala kun murteesse keessaa murtiiwwan isii kun akka dandeettiitti nama hundaafuu bifa walqixaatiin ta’uu isiiti…addummaa fi hikamaa kanaaf jecha Rabbiin seera Islaamaa kana murtiiwwan fi sababa sammuun namaa fudhattu irratti kan bu’uureffamte godhe… aadaa gosa tokkoo gosti biraa akka seeraatti dirqamaan fudhachuu akka hin qabne fi gosuma aadaa san kabajju keessaayyuu namni hin barbaanne akka itti dirqisiifamuu hin qabne itti amanna…”

Ibnu Aashuur yaada isaa itti fufuun “Wantoota garii kan miidhaan isaa ifa gala hin ta’in kan garuu beektonni hedduun isa haraama godhuun waliin rakkatanii dhama’iinsa guddaa keessa seenan ni agarra.Fakkeenyi kanaas: dubartiin rifeensa mataa fufachuu haraama godhuu, ilkaan qarachuu, boca adda addaa qaama irratti godhachuu fa’a…

Ana biratti dhimmi gubbatti dubbanne kun, nama yaada kana ibse hin beeku malee, araboota biratti haalli akkasii sun mallattoolee dubartiin of tiksuu dhabuu mul’isaniidha. Gochoota kana irraa dhoorguun wantota baditti isii geessanii fi kan maqaa isii xureessan irraa dhoorguufi. Rabbiin Qur’aana isaa keessatti akkana jedha:

يَٰٓأَيُّهَا ٱلنَّبِيُّ قُل لِّأَزۡوَٰجِكَ وَبَنَاتِكَ وَنِسَآءِ ٱلۡمُؤۡمِنِينَ يُدۡنِينَ عَلَيۡهِنَّ مِن جَلَٰبِيبِهِنَّۚ ذَٰلِكَ أَدۡنَىٰٓ أَن يُعۡرَفۡنَ فَلَا
يُؤۡذَيۡنَۗ وَكَانَ ٱللَّهُ غَفُورٗا رَّحِيمٗا ﴿٥٩﴾ سورة الأحزاب: 59

[151] - Ibni Aashuur, Maqaasid Asharii’a al-Islaamiyyaa, fuula 236.

*Yaa nabiyyii Rabbii, haadha manaa teetii, shamarran teetii fi dubartoota Muslimaa hundaanuu akka jalbaaba isaanii ofirra gadi buusan itti himi.Sanatu (Bifa saniin uffachuun isaanii sundubartoota gabra ta'an irraa) isaan adda baasa, akka namni biraa isaan hin rakkisneefis gaachana, Rabbiin keenya ka namaaf araaramuu fikan namaaf rahmata godhaadha[Al-Ahzaab: 59].*

“Inni dubbanne kuni, seera Islaamaa kan aadaan Arabootaas keessatti tikfamteedha. Tuutti *Jalabaaba* kana hin fayyadamne seera kana keessaa qooda wayiituu hin qaban…shari'aan Islaamaa bakkaa fi yeroo hundaafuunitola yaanni jedhu, murtiiwwann isaa bifa dimshaashaatiin ta'uu fi hiikkaa isaa bal'aa ta'ee kan bu'aa fi murtiiwwan heddu of keessatti hammatu ta'uu qabdi. Akkasumas seerri Islaamaa kun kan murtiiwwann boca gara garaa maddan garuu kaayyoon hundeen isaa tokko ta'e irraa maddan ta'uu qaba”.

Kanaafuu, seera Islaamaa keessatti kaayyoo addunyaawaa jedhu san irratti hundaa'uun, Ibnu Aashuur karaaHadiisota ergamaa Rabbii (Nagayaa fi rahmanni Rabbii guddaa isaan irratti haa jiraatu)akka bu'uura amalaa gadi dhiifamaa fi kan ulaagaa hin qabne osoo hin taanee, tooftaa Hadiisa kabajamaa haala galumsa Arabiffaa eegee irratti hundaa'uun itiin qayyabachuu dandeenyu dhiyeesse jira. Tooftaaleen akkanaa kun shari'aaf dandeettii sochii gara garaatii fi dandeettii naannoolee adda addaa keessatti hojii irra oolchuu keenyaaf, keessattuu naannolee Arabaatiin ala ta'an.

## Kaayyoowwan karaa *(Mazhaboota)* amantii Islaamaatiif Giddu-Gala

Amaloota jalqaba Jaarraa 21ffaa keessaa, jidduu mazhaboota Islaamaatti qoqqoodamni baay'ee guddaa ta'e argamuu fi mazhaboota biro jidduttis qoqqoodamni argamuudha. Qoqqoodama kana keessaa irra cimaa fi hedduu miidhaa guddaa kan qaqqabsiise walitti bu'iinsa Sunnii fi Shii'aati.

Namoonni hedduun qoqqoodama jidduu Sunnii fi Shii'aa jiru kana akka qoqqoodama siyaasaa ta'ee kan boca amantii fudhate malee waan biraatii miti jechuun ibsu. Beektonni mazhaba warra fiqhii fi kalaamaa jedhamu beekan, gareewwan sunnaa fi shii'aa mul'atan kun durii fi yeroo amaas, bu'uurri waldhabbii isaanii wanta siyaasaa jedhamee yaamamu malee amantii akka hin ta'in ibsu.

Ka'umsi isaa homa fedhes ta'u, waldhabiinsi kun sadarkaa fi bakka hunda kan akka Mana murtii, Masjiidota fi hariiroo hawaasummaa mara qaqqabee jira.Kuni immoo biyyoota hedduu keessatti, sadarkaa afaaniin waldhabiinsaa irraa gara sadarkaa dhiiga walii dhangalaasuutti geessee jira.Kana irratti wanti iccitii hin qabne siyaasaan addunyaa waldhabiinsa kana cimsuu fi kakaasuu keessatti akka harka guddaa keessaa qaban shakkii hin qabu.

Waldhabiinsi kunis aadaa kanaan dura babal'atanii jiranitti, aadaa akka dhiphinaa, waldanda'iinsaa, faayidaa ummata bal'aatiif jedhanii obsan wal-waliin jiraachuu fi kkf gar-malee cimsaa dhufee jira.

Kitaabotaa fi barruulee dhimma kaayyoo shari'aa irratti qorattoonni fi beektonni Sunnaa fi shii'aa barreessaan garii

irratti qorannaa salphaa gaggeesseen ture. Qorannoo kana irraa kan ifa naaf ta'e gareen lameenuu mataduree kaayyolee kana irratti akkaataan isaan barruulee fi qorannaa isaanii itti dhiyeessan guutumatti kan wal-fakkaatu ta'uu isaati.[152]

Mata dureewwan qorannoodhaa garee lameenuu biratti tokkoma.Mata matadureewwan baay'inaan qorannoo irratti gaggeessanis kan akka: carraaqqii, mirgoota, safuulee, amallan gaarii fi murtii wanta tokko kan biraa kan isa fakkaatu irraa fudhatanii murtii laachuufii (Qiyaasa) fa'a. Hayyoonni gareewwan lamaan kanaas maddi odeeffannoo isaanii kitaabumaa fi sheekkotuma tokkotti deebi'a. Kitaaba Al-Juweeynii kan Al-Burhaan jedhamu, Kitaaba Ibnu Baabaweeyhi kan Ilalu Asharii'aa jedhamu, kitaaba Al-Gazaalii kan Al-Mustoowsaf jedhamu, kitaaba Ashaaxibii kan Al-Muwaafaqaat jedhamu, kitaaba Assadrii kan Al-Usuula jedhamu fi kitaaba Ibnu Aashuur kan Al-Maqaasid jedhamuttti fayyadamu.

Akkasumas gareeleen lameenuu jechoota wal-fakkaatanitti fayyadamu.Jechoota akka bu'aawwan, barbaachistoota, dirqamoota, bareechitoota, kaayyolee walii galaa, kaayyolee addaa fi kkf itti fayyadamu.Waldhabiinsi hedduun jidduu beektota (ulamaa'ota) sunnaa fi shii'aatti argamu bu'uura amantii irratti yookiin kaayyolee shari'aa irratti osoo hin taane,

---

152 - laali fakkeenyaaf Muhammad Mahdii shamsaddiin " maqaasid asharii'aa" Muhammad huseen fadlallaah" maqaasid asharii'aa" abdul haadii al fudeeylii " maqaasid asharii'aa" kitaaba maqaasida sharii'aa, kan harrare abdul jabbaar arrifaa'ii ( dimishq: daaral fikr 2001) ammallee ilaali almadkhal lilqardaawii.

hadiisota garii raggaasisuu irratti. Kuni immoo gama isaatiin murtiiwwan hojiin walqabatan jiddutti waldhabiinsa uume.
Garuu tooftaan kaayyoowwan shari'aa fiqhiitti itti fayyadamtu, tooftaalee dimshaashaati malee karaa Hadiisa tokkoo qofa irratti yookiin yaada wayii qofa irratti kan hundaa'uu miti. Kan kaayyoowwankun irratti bu'uureffamte sonoota walii gala kan Muslimoonni hedduun akka bu'uuraatti itti fayyadamani.
Kaayyoowwan tun galma guddaaf kan karoorfatte yoo ta'u, galmi sunis tokkummaa Muslimootaa fi rakkinoota waliinii irratti duuluuf gamtoomuu isaaniiti, kaayyolee akkanaa kana bakkaan gayutu, gadi bu'iinsa fiqhii san qoratuu caala. Kana irraa ka'uudhaan hayyuun Aayatullaah Mahdii Shamsuddiin jedhamu Sunnaaa yookiin Shii'aa irraa namni tokkos wal-loluun haraama jedhe murteesse. Kanas kan fudhate kaayyolee gurguddoo fi bu'uuraa kan akka walii galuu fi tokkummaatti fayyadamuuni.[153]
Tooftaan kaayyolee kun sadarkaa qorannoo gara oliitti kaasuun isa irra dhaabbatanii akka dhimmoota biraa arguun toluuf haala mijeessa. Bifa kanaan waldhabiinsa siyaasaa kan seenaa Muslimoota durii irraa nutti as cee'e kana injifachuu dandeennya. Aadaa irra walii dabruufi nagayaan waliin jiraachuu, kan yeroo kamiyyuu caalaa ammatti nu barbaachifte tana horachuu fi dagaagsuuf nu qarqaara.

[153] - Shamsaddiin, Maqaasid Asharii'aa, fuula 26.

## Amantiiwwan Jiddutti Marii Gaggeessuuf Kaayyoowwan Bu'uura

Ilaalchi qu'annoo amantiiseer-qabeessi/qindaa'aa (systematic theology) kun adeemsa bifa walii galaatiin amantiiwwan qorachuu yookiin amantii wayii qofa qorachuuti. Adeemsi kunis bifa/boca walii gala amantii sanii bocuun qu'annoo taasifamuudha. Qu'annoo kana keessatti kallattiiwwan amantii kanaan wal-qabattu kan akka seenaa fi falaasama isaa, beekkumsi fi safuuwwan isaa hundi yaada keessa galfamti.

Wanti kana godhuun barbaachiseef boca walii galaa kan sonoota, bu'uuraalee fi yaada dimshaasha walii gala amantii sanii bocuufi. Karaan ammayyaa kanamantiiwwan bifa qindaa'aa ta'een qorachuu kuni namoota hedduu hawwataa dhufee jira, keessattuu barnoota hafuura amantii Kiristaanaa kan mazhaboota gara garaa amantii san keeessa jiran biratti baay'ee filatamaadha.

Adeemsi barnoota hafuura amantii Kiristaanaa kun qu'annoo amantiitiif gaaffiilee lafa kaaya. Gaaffiiwwan sanniin keessaa: kitaabni kabajamaan osoo har'a bifa dimshaasha ta'een yaada inni mata duree wayii irratti qabu ilaallee; maal nu barsiisa laata?[154].Bifa kanaan qorannoowwan kunniin tooftaalee keeyyatoota mata dureewwan hedduun walitti hidhama qaban hunda kitaaba isaanii irraa walitti qabuun bifa waliigala ta'een seer-qabeessa godhanii dhimma itti bayu.[155]

---

[154] - Wean Gruden, systematic theology, lister & grund ride, enter fareast publication, 1994, 2000), fuula 21.
[155] - Madduma kana, fuulla 22.

Mata matadureewwan qorannoon irratti gaggeeffamu hedduudha. Isaan keessaa: salaata, haqqummaa, gadi dhaabatiinsa qabaachuu, gara laafina, tola namaaf ooluu, tokkummaa, garaa garummaa kabajuu, amala gaarii, qalbii qulqullaa'uu fi matadureewwan hedduun qu'annaa kana keessatti tarreeffamanii jiran[156].

Kanaafuu tooftaan/adeemsi kun karaa wantoota muraasa dubbisuun yaada isaa cuunfanii gar-tokkee wantootaatiif murtii irraa qabsiifachuuti[157].Tooftaan kunis nama waa qoratu kana gama walitti qabiinsaa, qoqqooduu fi wal-guutiinsa dhugaa faffacaateetti geessa. Kana bira kutuun qorannoon kun dhugaalee hin bocamin of-keessatti qabata, kunis qorannoo san irraa kaanee hariiroo jidduu dhugaa kanaatii fi jidduu yaaddan ciccimoo[158]yookiin yaaddota waliigalaa irra ga'uuf gargaara jedhu akka ibsa isaaniitti.[159]

> Asitti yaada *Chaarlaz Hooj* (1797-1878) kana irraa fayyadamuun keenna ni mala waan jedhee yaaduuf, yaada isaa kan barnoota afuura amantii irratti xiyyeeffate kana akka armaan gadiitti dhiyeessuuf yaalen jira:[160]

---

[156] -Madduma kana fuula 65,67,110,119,123,135,143,164,172,189,208 ilaali.

[157] - Charlez Hodge, systematic theology, (P &R publisher, 1997), fuula 26.

[158] - Louis Bergouf, systematic theology, (grand ridez: weliam B Eidermans, 1996), fuula 15.

[159]- Roger Olson, The Mosaic of Christian Beliefs: Twenty Centuries of Inter Varisity & Diversity, 2002), fuula 74.

[160] - Charlez Hodge, Systematic theology, fuula 24-25.

1- Sammuu namaa ijaaruu fi bocuun kunsammuu tana yaalii adeemsaa fi ilaalcha walii galaa kan gar-tokkeen sammuudhaa mirkaneessite itti dabaluu irraa hin qulqullaayu (yaada dabalatiinsaa irraa bilisa hin taatu).
2- Adeemsi afuura barnoota amantii kun dhugaawwan kophaa jiru walitti qabanii boca biraa kan beekkumsa caalu akka isiin qabaattu godhuuf oola.
3- Adeemsi kun, dhibee jiru mirkaneessuun dhugaaf saaxilanii waan dhibee san faallessu irraa eeguuf hedduu barbaachifti.
4- Haalli akkanaa kun, akkuma Rabbiin ol’aanaan ibsetti, haala addunyaa qabeenya qofatti (kan dhimma afuuraatiif bakkee hin qabne) amantuuti, akkasumas haala wahyiiti. Rabbumatu akka ilmi namaa hojii Rabbiin hojjate xiinxalee qu’atu fedhe, isumatu akka namni hariiroo qaamaa kan dalagaa Rabbiitti nama geessitu qorannu nu ajajae.

Wanti nuti xiinxalluu dandeenyu, adeemsi seer-qabeessi qu’annoo amantiiwwankun, gama hedduun adeemsa qu’annoo kaayyolee shari’aatiin wal-fakkaata. Adeemsi kun immoo akkuma armaan olitti dubbifne adeemsa waan hedduu (keeyyatoota bifa dimshaashaatiin dhufan) dubbisanii wantoota gabaabduuf murtii keessaa cuunfachuuti.

Kaayyoowwan Shari’aa kun dirqamoota hedduu kan shari’aan tiksuu fi eeguu barbaaddu addaan baasuun namaaf ibsa. Fakkeenyi isaa: amntii eeguu, lubbuu tiksuu, qabeenya eeguu, sammuu namaa eeguu fi hortee yookiin sanyii namaa eeguudha[161]. Qorattoonni adeemsa seer-qabeessa qu’annoo

[161] - Al-Gazaalii, Al-Mustasfaa, Qabee tokkoffaa, fuula 172. Ibnu Al-Arabii, Abuu Bakar Al-Maalikii, Al-Mahsuul fii Usuuli Al-fiqhi,

amantiis, yaaduma kana fakkaatu irratti qorannoo godhan. Yaanni sunis kan akka jiruu fi fayyaa namaa eeguuf alkoolii hanga nama macheessu dhuguu irraa dhoorguu fa'a.

Garuu ejjannoon Islaamummaa isa kana irraa adda. Amantiin Islaamaa alkoolii fi wanta nama macheessu kamiyyuu hanguma fedhes xiqqaa ta'uu fi gosa fedhes dhuguu hin eeyyamu. Kuni immoo sababa baditti/miidhatti nama geessu dhabmsiisuudha. Akkasumas maatii tiksuu fi itti yaadda'uu irrattis qorannoo ni gaggeessu; kuni immoo qorannoo sanyii yookiin hortee tiksuu fi bu'aa maatii jedhuun walitti dhiyaata[162] fi kkf.

Ilaalchi beektonni amantii kaayyoleedhaaf qaban; adeemsa isaanii kan irratti xiyyeeffatu; bifa qoqqoodama qabuunbarsiisuu osoo hin taane; ajajaa fi qajeelfamoota amantii boca walii galaa kan sonootaa fi kaayyolee ajajaa fi qajeelfamoota san duubaan jiranii keessatti hammachiisuun seeressuudha.Adeemsi barsiisa qoqoodanii tokko tokkoon barsiisuu kuni, akka namni murtiiwwan amantii keessa jiran kana bifa kallattii qofaan ilaalu godha, barbaachisummaa fi jiddu-galummaa safuulee fi amallan gaggaariin silaa ajajoonni fi qajeelfamoonni amantii itti ajajan kanas akka hin beekne godha.

Kanaafuu, adeemsi amantii kaayyolee irratti bu'uureffamuun qayyabachuu kun yookiin ilaalcha walii gala seer-qabeessa qabaqacuun kun waliin marii amantiiwwan jidduu kana keessatti

---

Gulaalaan: Huseen Alii Al-Yaadrii fi Sa'iid Foowdah, maxxansa duraa, (Ummaan: Daar al-yabaariq 1999), Qabee shanaffaa, fuula 222. Al-Aamidii, Al-ihkaam, Qabee afraffaa, fuula 287.

[162] - Ween jaruudeem, asolojiyaa almanhajiyyaa,and fuula 124, 208, 241, 781, and 1009.

ga’ee guddaa qabaachuu fi qayyabannoo amanttiin tokkoo isa kaaniif dabarsuu keessattis ga’een isaa cimaadha jedhee itti amana.Ilaalchi kaayyolee irratti bu’uureffame kun wal-marii amantii fi qayyabannaa isaatiif yaada waliigalaa dhiyeessa.

## Kaayyolee Shari’aa Hojiin Mirkaneessuu
## Gaafiifi Deebii Waa’ee Amala Gaarii

Namoota biyya hedduu irraa gaaffiiwwann baay’een gama marsaa intarneetaatiin weebsaayitii: *islamonline.net* na qaqqabee jira. Gaaffiiwwann gama kallattii kora elektiroonii: (Islaama irraa gaafadhu) jedhuutiin dhiyaatee jira. Gaaffiiwwan biraa immoo gama e-mailaatiinis na qaqqabanii jiru.

Gaaffiiwwan kanneen keessaa isaan muraasa akka armaan gadiittin dhiyyeessa.Garuu gaaffiiwwan sanii fi deebiin isiif kenne kanneen irratti jijjiirama/sirreeffama muraasa wayii godhuun akka namni kitaaba kana dubbisu wanta silaa isaaf barbaachisu qofa keessatti argatu godhuufan yaala. Kaayyoon guddaan gaaffiiwwan fi deebii isaanii kitaaba kana irratti dhiyeessineef; akkaataa kaayyoowwan shari’aa kun rakkinoota ammayaa kan seera amantii Islaamaatiin wal-qabataniif furmaata kennuu danda’uu isii ibsuufi. Gaaffiiwwann kunis namoota Muslima ta’anii fi Muslimaa hin ta’iniinis bakka heddutti ka’a.

**Gaaffii:**Yeroo bifa waliigalaatiin waa’ee kaayyolee Shari’aa Islaamaa kana kaafnu, nuti kan haasofnu waa’ee amala gaariiti, akkasi miti? Ani akka nama biyya dhihaa keessa jiraatuu tokkotti, qaawwi guddaan jidduu sonoota amala gaarii Islaamummaa fi sona amala Awurooppaanotaa akka jirrun arga.

Qaawwi argame kunis dhimma jijjiirama fudhachuu diduu sonootaa fi amalootaati jedheen yaada.Kana jechuun kiyya wanti akka ilaalcha amantii Islaamaatti jaarraa 14 dura badaa jedhamee ilaallamu hanga ammaatittuu badaa jedhamee fudhatamuu isaati.

Garuu akka sonoota biyyoota dhihaatti, ilaalchi namni amallan gaariif qabukun akkuma yeroon jijjiiramaa deemuun fooyya'aa deemti. Dhimma kana irratti waan isinii mul'ate akka naaf laattan abdii qaba.

**(Deebii):** gaaffii barbaachisaa fi ijoo kanaaf deebii isaa qabxiilee lamatti qoodee kennaaf:

**(1)** Safuulee amallan gaarii (kuni fakkeenyota yookiin kaayyolee ol'aanoo ta'ani) fi filannoolee amallan gaggaarii (kuni amallan gaggaarii dubbanne san hojii irra oolchuudha) addaan baasnee qayyabachuu qabna. Kaayyolee fi amaallan gaggaariin kan akka haqummaa, wal-qixxummaa, amaanaa qabaachuu, bilisummaa/walabummaa, irra walii dabruu fi kkf akka yeroo fi bakkeen jijjiirameen kan jijjiiramtuu miti.

Adeemsi amallan gaggaarii kana hojiin mul'isuun immoo, akka bakkaa fi yeroon jijjiiramuun jijjiiramuu danda'a.Garuu yeroo jijjirama ofitti fudhattu kana safuuleen kun bu'uura isa jalqabaa san bifa cimsuun ta'uu qaba. Fakkeenyaaf haqummaan yeroo fi bakka hundattuu bu'uura isa hundeeti, garuu manneen murtii keessatti haqummaan murteessuun kun immoo waan hawaasni naannicha sanii haqa jedhee itti amanuun kan daaangeffameedha.Wanti kana jenneef; haqummaan kun ulaagaalee mirgootaa kan daangeffamoo ta'an fi itti gaafatamummaa addaa of keessatti waan qabattuufi. Itti

gaafatamummaan kunis ceekuu namoota dhuunfaa, maatii tokko, hawaasa yookiin mootummaa irratti kufee argamuun kan gama seera hawaasummaa, diingdee fi siyaasaatiin babal'atee jiruu of keessatti qabata.

Haqqummaa fi itti gaafatamummaan kunis gara seera hawaasummaa, siyaasaa yookiin dinagdee haarayaa tokkotti osoo godaannee isa duraa san irraa jijjiiramuun isaa ni mala. Yoo dhugumaan haqqummaa kana mirkaneessuu barbaanne, haala addaaddummaan aadaalee kun daangaa shari'aa hin dhiibdu ta'een xiyyeeffannoo keessa galchuu qabna.

**(2)** Garuu wanti nuti asitti hubachuu qabnu, dhimmoonni gabbariinsa Rabbiitiin wal-qabatan akkuma jirutti fudhannee kallattiidhaan hojitti geeddarrra. Gochoonni kunniin bu'uura seera amantii Islaamaa waan ta'aniif, namni Muslima ta'e hunduu isii qabatuun jijjiirama yeroo fi bakkee waliin kan hin jijjiiramne ta'uu isii beekuu qaba.

Salaannishanan guyyatti sagannu fakkeenya ibaadaa jijjiirama hin fudhannee keessaa isa tokko. Akkasumas akkaataan itti salaatan, akkaataan wudu'a itti godhatan, baay'inni raka'aa salaatanii, yeroon itti salaatan, sochiileen isii keessaa kan akka jilba qabannaa fi sujiida bu'uu, yeroo salaatan kana wanti jedhanii fi kkf hunduu wanta dhaabbataa jijjiirtama ofitti hin fudhanneedha.

Zakaa kennachuunis akkanuma; hamma zakaan irraa baafamu, hamma qabeenyaa zakaan keessaa itti baafamu, namoota zakaan kun kennamuuf, fi kanneen hafanis dhimmoota dhaabbatoo jijjiirama ofitti hin fudhanneedha. Ibaadaalee kanneeni fi kan biroo keessatti, namni Muslimaa tokko otuu hin haaromsine fi

osoo hin jijjiirre qajeelcha ergamaa Rabbii Muhammad (Nagayaa fi rahmanni Rabbii guddaa isaan irratti haa jiraatu) hordofuu qaba.

Namni kamiyyuu hojiiwwan gabbara Rabbiitiin wal-qabtan kanniinitti waa dabaluu fi irraa hir'isuu hin danda'u.Garuu dhimmoonni waliin jireenyaa yookiin bittaa fi gurgurtaan wal-qabatan akkuma ergaan isii duubaan jiru jijjiiramuun jijjiiramaa deemti.

Wanti nuti asitti cimsinee himuu barbaannu, gochoonni tokko tokko kanharaama godhamaniif (fakkeenyaaf farsoo dhuguu xiqqaas ta'ee hamma guddaa, dhala fayyadamuu, sagaagalummaa raawwachuu fi qumaarii taphachuu) geengoo ibaadaa keesatii waan argamaniif. Qur'aanaa fi Hadiisa keessatti bifa jala sararameen kan mormii fi carraaqqii hin barbaanneen ifatti dubbatamee jira.

Namni qorannoo gaggeessu bu'aa murtiiwwan kana duubaan jiran mirkaneeffachuu nidanda'a. Nuti hunduu osoo bu'aa/hikmaa murtii tokko duubaan jiru gadi buunee xiinxallee bu'aa san irra ga'uu dandeenya. Booda bu'aa nama tokkoof mul'ate san isa nama biraatii mul'ateen wal bira qabuun waliin marii gaggeessuun ni danda'ama. Kuni immoo Qur'aana Rabbii fi Hadiisa keessa murtiiwwanhedduun namni Muslimaa hunduu itti dalaguu qabu jiraachuu isaa hin dhabamsiisu.

**Gaaffii:**Gadaa ammaa jijjiiramni keessatti babal'ate kana keessatti,seerri shari'aa Islaamaadagaagina amala gaarii hawaasa Islaamaatiif fiduu keessatti haala kamiin gumaachi isaa baay'atuu danda'a?

**Deebii:**Shari’aan Islaamaa amala adda isii godhuqabdi.Innis murtiiwwan shari’aan murteesse san irraa ergaa amala gaariin walqabate wayii mirkaneessuu irratti xiyyeeffata.Gabbariinsi Rabbii fi haalli waliin jireenyaa hunduu kaayyoo naamusaan wal-qabate wayii dhugoomsisuuf karaa godhame. Ergamaan Rabbii (SAW) yeroo waa’ee ofii ibsan akkana jedhan: “Ani kanin ergameef amaloota gaggaarii namaaf guutuufi”.
Yoo fakkeenya Qur’aana irraa kan barbaannu ta’e, Rabbiin salaata dirqamaa (waajibaa) ilaalchisee akkana jedha:

إِنَّ ٱلصَّلَوٰةَ تَنْهَىٰ عَنِ ٱلْفَحْشَآءِ وَٱلْمُنكَرِ ﴿٤٥﴾ سورة العنكبوت: 45

*“(Salaanni) waan fokkataa fi badii irraa nama dhoowwitii” (Al-Ankabuut: 45).*

فَلَا رَفَثَ وَلَا فُسُوقَ وَلَا جِدَالَ فِي ٱلْحَجِّ ...﴿١٩٧﴾ سورة البقرة : 197

*“(Yeroo Hajjii irra jiran) wantoota wal-qunnamtii saalaatiin walitti hidhaman dubbachuu, daangaa dabruu fi walfalmuun Hajjii keessa hin jiru” (Al-Baqarah: 197).*
Ergaan zakaan karaa godhamteef immoo akkuma Hadiisa kabajamaa keessatti dhufetti, dureeyyii irraa fuudhamtee hiyyeeyyiif qooduufi.Murtiiwwan shari’aa kan dhimmoota daldalaa, waliigalteewwan adda addaa raawwachuu, fi kan biroos safuulee amala gaarii kana hidda itti godhuu irratti xiyyeeffatu. Kunis amallan akka: qabeenya mallaqaa eeguu, haqqummaa kabachisiisuu, amanamummaa, nama gowwoomsuu dhabuu, nama dadhabaa tiksuu/kunuunsuu fi kkf fa’a of keessatti hammata.
Seerri/shari’aan Islaamaa kun osoo bifa sirrii ta’een hojii irra oolfamtee, silaa amalloota gaggaarii jennu kana hawaasa keessa

facaasuu keessatti ga'ee guddaa taphatti. Ibsa biraatiin Shari'aan Islaamaa kun seera amala gaariiti jechuun ni danda'ama, malee akka ibsa ammayyaa addunyaatti; hayyootii amantiitii miti.

**Gaaffii**: waa'ee ergamaa Rabbii (SAW) ilaalchisee Qur'aanni akkana jedhe: (رَحۡمَةً لِّلۡعَٰلَمِينَ)

Akkamitti kuni ta'a seera amantii Islaamaa jajjabina isaa hunda waliin argaa jirra?Jidduu jajjabina isaatii fi rahmata isa keessa jiru kan keeyyanni Qur'aanaa sababa ergamaan Rabbii (SAW) ergamaniif ibsituun wal hin faallessuu?Ibsa wayii mata duree kana irrratti akka naaf kennitu abdii qaba?

**Deebii**: eyyeen ergamaan Rabbii (SAW) kan ergamaniif addunyaa hundaaf garaa laafuufi.

(رَحۡمَةً لِّلۡعَٰلَمِينَ) **سورة الانبياء: 107**

Garuu Shari'aa keessa rakkinni waan jiru natti hin fakkaatu, maaliif yoo jenne,seerri shari'aa Islaamaa kunrahmata ilma namaati, seera amala gaarii sadarkaa guddaan of keessatti qabateedha. Yeroo hedduu wanti ani as irratti yaadadhu haasaya faqiiha guddaa Shamsuddiin Binu Al-Qayyim jedhamu (Bara 748H/1374A.L.Atti du'e) taasise. Haasaya isaa kana keessatti akkana jedha:

"Ijaaramni fi bu'uureffamni shari'aa bu'aa gabrootaa irratti kan hundaa'eedha. Shari'aan Islaamaa kun hundi isaatuu rahmata, haqqummaa, ogummaa, hundi isaatuu bu'aadha.Dhimmi haqqummaa gadi dhiisee miidhaa keessa seene hunduu, kan gara laafina keessaa bayee gara faallaa isaa seene, bu'aa keessaa ba'ee gara badiitti kan geese, ogummaa keessaa bayee gara waa

baraaxessuutti kan qaqqabsiisehunduu shari’aa irraayii miti, osoo sirreeffamni adda addaa itti seensifameellee”.
Garuu rakkinoonni namoonni durii fi ammaa shari’aa kana sirritti qayyabachuu dhabuun uumanii fi rakkinoota garii immoo yeroo shari’aa hojii irra oolchan dogongoranitu jira.Kanaafuu osomaa Shari’aan kaayyolee akka haqqummaa, gara laafinaa fi bu’aa ummataa mirkaneessuuf hojjattu, namoonni gariin kanneen aangoo siyaasaa qaban itti fayyadama shari’aa kana balleessuun akka beekkamtummaa argataniif dhimma itti bayu.
Kanaafuu namoonni akkanaa kun, bu’aa mataa isaaniitiifjedhanii amantii Islaamaa irraa waan hin barbaachifne haasa’an. Namoonni akkanaa kun diina amantii Islaamaa caalaa, seera shari’aatii fi amantii Islaamaatti akka badii hojjatan shakkii hin qabu.
**Gaaffii**: Jaalalli kaayyoo guddaa jireenya irraa barbaadamu, namni jaalala wal jijjiiruun, nama jaalatan irraa jaalala san argachuun irra guddaa waan namni itti hawwuuti. Jaalala kanatti akka qananiinuuf maaliif walabummaan nuuf hin kennamne? Qaamni bu’aa jaalalaatiin gammadee qanani’uu irraa dhoorguu kana akkamitti amala gaarii jettee irraa haasoyta?
**Deebii**: kuni kallattiiwwan namoonni amantii Islaamaa maqaa ittiin xureessan keessaa isa tokko. Jaalalli bifa ati jettu kanaan irra gaarii waan Rabbiin ilma namaatiif kenneedha. Ilmi namaa nama biraa jaalachuunis wanta baratame, nama san waliin hariiroo wal-qunnamtii saalaa raawwachuuf fedhii qabaachuunis jaalala san ibsa.Amantiin Islaamaa jaalala kana hin faallessu.Seera-qabeessa godha malee.Eennutu amantiin Islaamaa jaalala dhoorga jedhe?Wanti amantiin Islaamaa

dhoorge namoota gaa'ila hin raawwatin lamaan jiddutti wal-qunnamtiin saalaa argamuudha.Garuu amantiin Islaamaa maaliif kana irraa dhorga?Amantiin Islaamaa jidduu jaalala kanaatii fi jidduu safuuwwan biraa wal-madaalchisiisa.Innis dagaagina maatii fi gammachuu isiiti.Seera Islaamaa keessatti maatiin bu'uura hawaasa tokkooti.

Yoo namni dhiiraa kan fuudhe tokko yookiin dubartiin heerumte takka sagaagalummaa raawwatan, isaan akka seera Islaamaatti dalagaan isaan raawwatan sun jaalala haa ibsu malee isaan yakka raawwatan. Maaliif yoo jenne gochi kun guutumatti hiikkaa maatii ijaaruu jedhu kan amantiin Islaamaa irratti xiyyeeffatte san faallesa waan ta'eefi.

Yoo namoonni wal-jaalatan lamaan kan gaa'ila hin raawatin ta'an, amantiin Islaamaa akka jarri wal-jaalatan hin dhoorgu. Garuu jaalalli sun bifa wal-qunnamtii saalaatiin ibsamuu hin qabdu hanga gaafa wal-fuudhaniitti. Ammas murtiin kun jidduu jaalalaa fi safuu maatii wal-madaalsissuu irratti xiyyeeffata.

Amantiin Islaamaa gaa'ila raawwachutti ajaja, gaa'ila kanas tooftaalee adda addaatiin laaffisee jira.

Kana irraa ka'uudhaan ergamaan Rabbii (SAW) akkana jedhan: "Namoota wal-jaalatan lamaaniif nikaaya wal-hidhachuu kan ga'u hin jiru". Amantiin Islaamaa gaa'ila raawwachuu irratti nama jajjabeessa.  Gaaffin as irratti ka'u: sababa wal-qunnamtii saalaa jidduu namoota gaa'ila wal irraa hin qabne jiddutti raawwateetiin, yoo daa'imni jidduu jaraatti argame, ijjannoon amantii maal fakkaata? kan jedhu.

Gaaffii kee irratti hundaa'ee, yoo namoonni gaa'ila wal-irraa qaban lamaan daa'ima argachuu isaanii kana yeroo muraasaaf

sababa tariitii umriin isaanii hin gayiniif yookii immoo sababa ati ba’aa jireenya maatii jettee yaamtee saniif jedhanii tursiisuu barbaadan, amantiin Islaamaa kana hin dhoorgu.Garuu daa’imni dhalachuu qaba taanaan bifa seer-qabeessaan dhufuu qaba.
Ragaa kanaatiif baay’inni lakkoofsa maatii kan biyyoota addunyaa hunda keessatti gar-malee heddumminaan dabalaa deemaa jiru kana yoo ilaalle, hedduun ijaarama isaanii abbaa fi haadha irratti kan hundaa’eedha. Keessattuu haadha irraatti bu’uureffame. Kanaafuu akkuma ati jette, jaalalli wanta baay’ee bareeda ta’ee garuu amantiin Islaamaa jaalala kana kaayyolee hawaasaa fi maatiitiin wal-madaalchisuu irratti kan xiyyeeffateedha.
**Gaaffii**: Amantiin Islaamaa seera naamusa fi amala gaariiti akkamitti jettan osoo inni shororkeessummaa irratti nama jajjabeessu?
**Deebii**: Gaaffii kana kan sii deebisuun erga armaan gaditti hiika sirrii Shororkeessa jedhu keessa waan hin galle siif ibsee, waan dhugumaan Shororkeessa jedhamus eega siif ibse booda.Sana booda deebiin ifa gala ta’a.

- Shororkummaan amantaa hin qabu. Amantiin Islaamaa yookiin kan Kiristaanaa yookiin kan Yahuudaa yookiin kan Hindootaa yookiin kan Buuzotaa amantii shorokeessaadha hin jedhamu. Bu’uurri beekkumsa amantii kamiituu kitaaba qulqulluu miti? Kitaabota qulqulluu amantiiwwan kanaa hunda keessatti kan agarru ilaalchi uumaa fi addunyaa kan aqayyabachuu jiraachuu isaati. Akkasumas amantiilen kunniin hundinuu hordoftoota isii safuulee akka amala gaarii fi qulqullina qalbiitti ajajji.

- Shororkeessummaan humna fayyadamuu miti, namni sammuu qabu kamiyyuu yeroo garii humna fayyadamuun akka seera-qabeessa ta’e ni amanu. Namni martuu kan itti amanu, namni tokko of irraa deebisuuf jecha humna qabu kanatti fayyadamuu akka qabuudha. Tasa ta’ee yoo namni tokko karaa ummataa irra sihii deemu si miidhe of irraa deebisuu qabda. Yeroo garii yakkitoota qabuu fi adabbii jala oolchuuf humna fayyadamuun dirqama ta’ee argama(kuni dalagaa mootummaati). Namoonni waa dhandhoolachuuf bifa seera-qabeessa ta’een humna fayyadamu. Fakkeenyota kana hunda keessatti namni humnatti fayyadamuu kana akka dogongoraatti ilaalu waan jiru natti hin fakkaatu.
- Of irraa deebisuun Shororka nama hin godhu, mee akka fakkeenyaatti kana uf dura qabii ilaali, namoonni waa’ee meeshaa waraana baatanii ganda ati jirtu san dhufanii mana kee keessaa si arii’anii manaa fi qabeenya kee hunda, osoo namni tokkos siif hin birmatin weeraran. Yeroo kana mirga of irraa deebisuu hin qabduu? Garuu of irraa deebisuun kee kun namoota nagayaa irra miidhaa geessuu siif hin hayyamu. Haloon ati baafachuu qabdu namoota mana kee ciratan san qofa ta’uu qaba.
- Shororkummaan namoota dhuunfaa qofaa miti, gareeleen shororkaa kan namoota humna fayyadamuu irratti leenji’anitti fayyadamuun dhimmoota ofii guuttatan ni jiru. Mootummaan Shororkiteessituunis ni jirti, isiin immoo hoomaa waraanaa fi meeshaa waraanaa fayyadamuun namoota nagayaa barbadeessiti.

Namoonni miidhaan kallattiiwwan gara garaa irraan isaan irra gayuu danda'a, akka fakkeenya shororkeessuu, beelessuu, doorsisuu, yaala fayyaa irraa dhoorgamuu, qoqqobbii diinagdee bifa bal'aan nama /biyya irra kaayuu fi kkf.

- Shororkeessi naannoo lola hin qabne kan namoonni nagayaa keessa jiraatan qofa irratti hin gabaabbatu. Yeroo baay'ee gochoonni shororkeessotaa kan raawwataman biyyoota waraana keessa jiran keessatti. Kunis kan babal'atu yeroo safuu fi duudhaan waraanaa namoota nagayaa, waraana yookiin namoota booji'amaniif bakkee wayiituu hin qabaanne.

Kanaafuu gochi kamiyyuu gocha shororkeessaadhakan jedhamuun yoo sababa gocha saniitiin miidhaan namoota nagayaa, yookiin namoota humna waraanaa kan waraana keessa hin jirre irra bifa mirga namummaa fi safuu faallessuun irra gayedha.

Amma gama kaayyootiin hiikkaa shororkeessummaa kana kaayuu ni dandeenya: gocha shororkeessa jechuun gocha miidhaa bifa kamiituu namoota nagaa/ kan nagayaa hin ta'in irra bifa safuulee fi mirga namummaa faallessuun irra gayu jechuudha.

**Guduunfaa**

Seera Shari'aa Islaamaa kana gadaa kana hojii irra oolchuun yookii hojii irra oolchuu dhabuun kun yeroo hedduu bifa gar-tokkeetiini malee bifa walii galaatiinii miti, bifa kallattiin akkuma jirutti itti fayyadamuuti malee bifa naamusaa fi amala gaariitii miti, bifa kallattii tokkooti malee kan kallattiiwwan hedduutii miti. Bifa waa addaan diiguuti malee bifa waa qindeessuutii miti, bifa leensii gurraattii yookiin adiin ilaaluuti malee bifa suuta waa hubachuutii miti.

Jechootaa fi mallattooletti dhimma bayuu malee kaayyolee fi ergaalee murtiiwwan shari'aa Islaamaa duubaan jiran hubachuunii miti.Rakkinoota kanatti dabaluun rakkinni biraa jiru immoo beekkumsa saayinsii itti amanamaa keessatti bira dabarsuu faallaan isaa immoo hammayyoomuun booda waan sammuun itti hin amanne hunda fiduudha.

Namni nama waa carraaqu yookiin warroonni Hadiisa himan dogongora adda addaa irraa isaan tiikfamoodha jedhe (faallaan isaa keeyyatoonni Qur'aanaa fi Hadiisaa oduu seenaa dabre qofa ibsan), kuni hunduu lubbuu namaa dadhabsiisa, namoota yada wayii irratti waldhabniif dhiifama godhuu diduu baay'isa, yaanni humnatti qofa amanuu namatti heddummeessa, bilisummaa/walabummaa balleessutti nama geessa fi seera siyaasaa abbaa irrummaatiif karaa saaqa.

Kanaafuu kaayyoowwan Shari'aa, sadarkaa marii dhimmoota seeraan wal-qabatan kan falaasamaa caalaa olfuudha. Akkasumas rakkinoota seenaa kan mazhaboota jiddutti lola bante injifachuuf gargaara, aadaa waldanda'iinsaa fi jaalalaan waliin jiraachuu sirritti cimsa.

Dhuma irratti ga'een kaayyoo/ergaa shari'aa kana hojii irra oolchuun, ga'ee namoota shari'aa baratanii fi qaamota seera adda addaa baasanii ta'uu qaba. Kunis osoo maqaa isaanii fi mazhaba isaanii maqaa hin dhooyneen alatti, carraaqqiin kamiyyuu hojiitti jijjiiramuu kan danda'u; hanga dandeettii inni kaayyolee shari'aa san waliin wal-gituuf qabu irratti bu'uureffama.

Kan kana irratti dabalamu rakkina arginu tokko tokko kan "alyaqiin alilmii " jedhamu" (kan kana waliin deemu ifaajee dheeraa yeroo amma kana waliinii" kan jedhu qabachuun yookaan akka odeessuuti warra mujatahdootaa fi warra hadiisa nuuf odeessuu, isumatu jira (badii irraa qulqullaayoodha) hundi kanaa waan imaana laaffisu, warra waldhaban waliin akka irra hin dabarre ilaalcha qaban keessatti kan nama taasisuudha, kan inni dabalu aydilojiyyaa humnaa, bilisummaa bade, seera siyaasaa kan nama cunqursu, kanaaf jecha ilaalchi" hamilee Islaamaa" sadarkaa wal marii dhimma shari'aa keessatti ol fuuti karaa falsafaatiin , garaa garummaa seenaa kan waldhabbii jidduu mazaahibaatti fiide ni injifatti, ni jajjabeessiti waliin jireenya gaariidhaan akka waliin jiraatan kan yeroo amma addunyaan guutuun itti hajamtu kana. Dhuma irratti hamileekana akka itti dalagan taasisu dirqama nama irratti ta'a warra shari'aa irratti fildii kanaa fudhataa jiraniif akkasuma warra siyaasaa adda addaa kaayaniif isatti yaaduun maqaa isaaniiti fi mazhaba isaanii ilaaluun maletti, hundee waan ijtihaada isaanii itti geesse ilaaluun yoo maslahaa hamilee shari'aa waliin ka deemu taate.

# KITAABNI KUN

*Kitaabni kun kaayyoowwan seera Islaamaa eegalootaaf qajeelcha ta'uu hubachiisa. Barreessaan kitaabichaa, Jaasir Awudaa, kan kaayyolee shari'aa barate yoo ta'u, seera Islaamummaa keessatti xiyyoolee ijoo fi bu'uuraati jedha. Kaayyolee Shari'aa jechuun: damee barnoota Islaamummaa ta'anii kan gaaffiiwwan ciccimoo 'Maaliif?' jedhuuf deebii quubsaa ta'e kennaniidha. Ammas faaydaawwan murtiiwwan Rabbiin murteesse boodaan jiran nuuf ibsan jedha. Hayyoonni Islaamaa (fuqahaa'onni) kan akka Abdul maalik Aljuweeynii fi Abuu Haamid Al-Gazaalii fa'a jechi kaayyolee jedhu, jecha faaydaa (maslaha) jedhuun wal-madaala jedhu.*

*Hayyuun Al-Qarraafiyyi jedhamu, "Seerri kamiyyuu yoo ergaan isaa sirrii hin ta'in, faaydaatti kan nama geessu yoo hin taane, yookii badii nama irraa kan deebisu yoo hin taane, gonkumaa kaayyoo Shari'aati jedhamee hin fudhatamu jedhe. Ergaaleen kaayyolee shari'aa bakka saditti qoodamu: wantoota dirqamaan nama barbaachisan, wantoota jireenya namaatiif guuttamuu qabanii fi wantoota jireenya namaa bareechaniidha. Hayyoonni kaayyolee waliigalaa, kaayyolee addaa fi kaayyolee gar-tokketti qoodanis jiru.*

*Guddinni kaayyolee shari'aa gadaa Sahaabotaa eegale, jaarraa sadaffaa keessa Al-Tirmizii fa'aan qoratamaa hanga gadaa Imaam Al-Shaaxibii fa'atti babal'ataa kan dhufe yoo ta'u, yeroo ammaatti ga'ee falaasama seeraa kan haaroomsaaf bu'uura ta'uu danda'u ta'eera.*